

# **Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa**

Qajeelfama Qo'annoo Macaafa Qulqulluu

## **Waaqayyoof michoota Taasisuu: Ergama Isaa Keessatti Hiruud- haan Gammaduu**

*Qopheessaan:* **Maarki Finliyii**

*Afaan Oromootti Kan Hiike:* **Pr. Lammaa Haayiluu**

Mana Maxxansaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa  
Finfinnee tti maxxanfame

Adoolessa, Hagayyaa, Fulbaana

**NUUSA 3<sup>FFAA</sup>**  
**2020/2012-2013**

**Baafata**

**Fuula**

1. Dhuga Ba'uun Maaliif? .....6

2. Dhuga-Baatii Hawwatoo:Humna Dhuga –Baatiin  
Dhuunfaa Qabu:.....17

3. Ija Yesus Keessaan Namoota Ilaaluu .....27

4. Humna Kadhannaa:Warra Kaaniif Araara Kadhachuu  
.....37

5. Dhuga Ba'umsa Hafuuraan Kakaafame.....47

6. Dandeettii Daangaa Hin Qabne: .....57

7. Dubbicha Hiruu.....67

8. Akka Yesusitti Tajaajiluu: .....78

9. Ilaalcha Dhuga – Ba'umsaa Guddisuu: .....88

10. Itti Hirmaachuudhaan Gammaduu: .....99

11. Seenaa Yesusiin Namootaaf Qooduu : .....109

12. Ergaa Qoodamuuf (kennamuuf) Malu: .....120

13 . Ejjenuu Amantii.....131

---

## **Waaqayyooft michoota Taasisuu Ergama Isaa Keessatti Hiruudhaan Gam- maduu**

Yaada xiqqoo qabachuun jireenya keenya keessatti jijjiirama guddaa yeroo inni fidu jira. Waggoota muraasaan fuula dura hiri-yoota koo wajjin walga'ii hojjetoota wangeelaa keessa ta'een ture. Mareen geggeefame waa'ee amantii keenya hiruu, dhugaa ba'uu fi yaalii wangeelaa geggeessuu ture. Michoota keenya keessaa tokko yaada akkas jedhu ibse, “ergamni jalqabaa hojii Waaqayyooti. Inni pilaanetii keenya fayyisuuf jecha qabeenya samii hundumaa hojii irra oolche. Hojiin keenya hojii namoota badan fayyisuu keessatti gammachuudhaan isaa wajjin walii galuudha.” Akka waan ani ba'aa ulfaataa fuudhee gatiittii koo irra kaa'e natty fakkaate. Addunyaa bade fayyisuun hojii koo hin turre. Inni kan Waaqayyooti. Itti gaafatamni koo waan hojjechaa turre keessatti isaa wajjin walii galuudha.

Ergamni hojii Waaqayyooti yaadni jedhu guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti ibsameera. Solomoon akkasitti ibsa, “hawwii wanta bara dheeraa booddee ta'u beekuus yaada ilmaan namootaa keessa kaa'eera” (Lall.3:11). Namni dhuunfaan addunyaa kana keessatti yeroo dhalatu Waaqayyo fedhii barabaraa isa gadi fagoo eenyummaa nama sanaa keessa kaa'a. Akkuma yeroo tokko Awugastiin dubbatee ture, “Yaa gooftaa nuyi siif uumamne, hamma si keessatti boqonnaa argatutti onneen keenya boqonnaa boqonnaa hin argattu.” Akka wangeelli Yohannis jedhutti Yesu ifa biyya lafaa isa namoota hundumaaf ibsuudha (Yoh.1:9). Waaqayyo adda adda keenya keessa fedhii isa hawwuu kaa'uu qofa utuu hi taane gara ofii isaatti nu arkisuuf Ha-fuura Qulqulluus nuuf in erga.

Fedhiin waan sirrii gochuu hundumtuu, cubbuu ofii beekuun hundumtuu hafuura Qulqulluudhaan jajjabeefama. Fedhiin waan gaarii fi gara gaarummaatti luuca'uun hundinuu fi of jaallachuu dhiisuun jalqabatti Hafuura Qulqulluudhaan kakaafama. Yoo guutummaatti hubachuudhaa baanne illee Hafuurri Qulqulluun gara ofii isaatti nu harkisuuf jireenya keenya irratti hojjeta (Yoh.16:7-15). Garuu Yesus mataan isaa kenna kana hundumaa irra in caala.

Yeroo sanyiin namaa abdi malee cubbuudhaan bade, duuti barabaraa itti faradamee utuu jiruu jaalalli Waaqayyoo yaada qopheesse. Luqaas "Imi namaa isa bade barbaaduudhaaf fayyisuudhaafis dhufeera jedhe" (Luq. 11:19:10) jedhee barreesse. Ergamaan Phawulosis itti dabalee "Waaqayyoo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristos nuuf du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate in argisiisa" ( Room.5:8) jedhee dubbata. Waaqayyoo fayyina keenya keessatti dursee yaadaan nu qabe. Kiristos ulfinaa fi kabaja samii dhiisee ergama fayyinaatiin gara addunyaa cubbuudhaan dukkanoofttee dhufe.

Utuu nuyi tarkaanfii mucaa tokko gara isaatti hin fuudhin inni tarkaanfii jabaatiin gara keenyatti utaalee dhufe. Utuu nuyi jireenya keenya isaaf hin kenning inni karaa du'a isaatii fayyina nuuf kenne. Nuyi diina isaa turre, inni garuu michuu keenya ture. Nuyi dugda isatti garagalchinee turre, inni garuu fuula isaa gara keenyatti deebise. Nuyi of eeggannoo xiqqoo isaaf goone, garuu inni guddaa nuuf eeggate.

Luqaas 15 keessatti tiksee gaarii hoola isaa bade barbaadutti, dubartii dhiphattee maatii bade barbaaduttii fi abbaa dulloomaa mucaa isaa bade simachuuf fiidutti fakkeefame. Ellen G.Waayit jechoota dinqisiisoo kana itti yaaduun akka ta'utti dubbatti: Karoorri fayyinaa inni guddaan utuu biyyi lafaa hin uuma-

## Barumsa Sanbataa Ga'essota

min kaa'ame. Ergama dinqisiisaa furamuu sanyii namaa kana raawwachuuf Kiristos qofaa isaa hin dhaabbanne. Maree samii keessatti utuu biyyi lafaa hin uumamin fuula dura yoo namani Waaqayyoof abboomamuu dide Kiristos inni abbaa isaa wajjin tokkummaa qabu bakka cubbamaa bu'ee adaba isa irratti dhu-fuuf maluuf akka dhiphatu abbaa fi ilmi waliif kakatan.” The Advent Review and Sabbath Herald, November 15, 1898.

Yeroo xiqqoof kana itti yaadi. Nuyi carraa amanuun isaa nama rakkisuu fi itti gaafatama ulfaataa, akkasumas gammachuu ergama isaa keessatti Kiristosii wajjin hirmaachuu fi isaa wajjin walii galuu qabna. Kanaadha barumsi nuusa waggaa kanaa.

## Dhuga Ba'uun Maaliif?

### SANBATA WAAREE BOODA

Barumsa Torban Kanaaf Qayyabadhu: Yaaq. 5:19, 20; Luq 15:6; Sefaa. 3:17; Yoh. 7:37, 38; 1 Xim. 2:3, 4; 2 Qor. 5:14, 15.

**Heertuu Yaadannoo: “Kun gaarii dha, fuula Waaqayyoo fayyiisaa keenyaa durattis fudhatamaa dha. Waaqayyo, namni hundinuu akka fayyu, dhugaa beekuu biras akka ga’u in fedha.” 1Xim.2:3,4**

**F**edhi Waaqayyo bakka hundatti saba isaaf qabu akka isaan jaalala isaatiif deebii kennan, ayyaana isaas akka fudhatan, hafuura isaatiinis akka jijjiiramaniif fi mootummaa isaa keessattis fayyina akka argataniidha. Fayyina keenya irra kan caalu fedha kan biraa hin qabu. Jaalalli isaa daangaa hin qabu. Araarri isaa hin safaramu. O’ii isaa xumura hin qabu. Dhiifamni isaa bira hin ga’amu. Humni isaa xumura hn qabu. Waaqota ormootaa warra aarsaa nama gaafataniif wajjin yeroo walbira qabamu Waaqni keenya ofii isaatii aarsaa guddaa kenne. Hammam illee fayyuuf yoo fedha qabaanne fedhiin Waaqayyoo nu fayyisuuf qabu isa kan keenyaa irra caala. “Kun gaarii dha, fuula Waaqayyoo fayyiisaa keenyaa durattis fudhatamaa dha. Waaqayyo, namni hundinuu akka fayyu, dhugaa beekuu biras akka ga’u in fedha.” 1Xim.2:3, 4. Fedhiin garaa isaatii fayyuu kee fi fayyuu kooti.

Dhuga ba'umsi guutummaan isaa waa'ee Yesus. Inni waa'ee wanta inni nunfayyisuuf godhee, waa'ee attamittiakka inni jireenya keenya jijjiiree, fi waa'ee dhugaa isaa isa dinqisiisaa waa'ee eenyummaa isaa nutty himuu fi miidhagna amala isaatii nutty himuuti. Dhuga ba'umsi maaliif? Inni eenyu akka ta'e yeroo hubannuu fi ayyaana isaa isa dinqisiisaa fi humna jaalala isaa yeroo shaakallu callisuu hin dandeenyu. Dhuga ba'umsi maaliif? Isaa wajjin yeroo hirmaannu namoota ayyaana isaatiin furamanii fi jaalala isaatiin jijjiiraman arginee gammachuu isaa keessa sienna.

**DILBATA**

**Waxabajji 28**

### **Carraa Fayyinaa Kennuu**

Waaqayyo namoonni iddoo hunda jiran akka isa beekaniif guyyaa guyyaatti carraa fayyinaa kenna. Inni Hafuura Qulqulluudhaan onnee isaanii irra naanna'a. Inni miidhaginaa fi walxaxinsaa addunyaa uumamaatiin isaanitti ofii isaa mul'isa. Bal'inni, toorri fi walfakkaachuun guutummaa addunyaa ogummaa fi humna Waaqayyoo isa daangaa hin qabne nutty hima. Gara isaatti nu harkisuuf jireenya keenya keessatti haala mijeessa.

Waaqayyo karaa Hafuura isaatii yoo nutty of mul'ise illee, uumamni ulfina qabeessi fi gochaan gaarummaa, mul'inni jaalala isaatii tajaajila Yesus Kiristos keessaan mul'ateera. Yesusiin nama kan biraaf yeroo hirru carraa fayyinaa isa gaarii isaaniif kennuu keenya.

***Luq.19:10 Yaaq.5:19,20 wajjin wal bira qabii dubbisi. Wangeelli Luqaas kaayyoo Kiristos gara lafaa dhufeef maal dubbata? Hojii warra badan fayyisuu keessatti attamitti Kiristosii wajjin walii gallee hojjenna?***

---

---

---

---

Akka Yaaqob dubbatutti “Inni nama cubbamaa karaa jal’inaa irraa deebisuu kun, lubbuu du’a oolchuu isaa, baay’ini cubbuu deebi’ee akka hin argamne gochuu isaa ha beeku!” (Yaaq.5:20). Macaafni gara warraa Roomaatti ergame yaada kana ifa godha. Roomaa 1 fi 2 keessatti Ormoonni warri mul’ata Waaqayyoo karaa uumamaa arganii fi Yihudoonni warri mul’ata raajii Waaqayyoo karaa Macaafa Qulqulluu fudhatan lachuun isaanii Yesusiin malee kan badan akka ta’an dubbata. Roomaa 3-5 keessatti ommoo ergamaan kun fayyinni karaa amantii qofa ayyaanaa akka argamu dubbata. Roomaa 6-8 keessatti immoo ayyaanni inni qajeelaa nama taasisu hammam amantoota qulees-suu akka danda’u dubbata. Roomaa 10 keessatti “Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu in oola in” jedha (Room.10:13), yoo itti hin amanne ta’e waammachuu hin danda’an jedha, yoo hin dhageenye ta’e immoo itti hin amanan, utuu itti hin hima-main immoo dhaga’uu hin danda’an. Nuyii karoora fayyinaa Waaqayyoo keessatti wangeela ulfinaatiin namoota badan bira ga’uuf abaanaa Waaqayyooti.

***Namootatti kan dhugaa baanuuf carraa fayyinaa isaanii kennuuf jecha qofa miti. Carraa gaarii isaanii kennuuf jecha dhugaa baana.Sanyii namaa furuuf karoora Waaqayyo qabu keessatti shoorri keenya maal? Kana itti yaadi: afaan kee irraa nama meeqatu wangeela dhuga’***



WIIXATA

Waxabajji 29

### Yesusiin Gammachiisuu

“Guyyaa har’aa attam oolte” “guyyaa har’a wanti hundumtuu gaarii turee?” jedhee namni si gaafatee beekaa? “Waaqayyo guyyaan har’aa attam ture?” jettee gaaffii kana Waaqayyoon yoo gaafatee maaltu ta’a jettee yaadda? Deebii attamiin argadha jettee yaadda? Deebii kana fakkaatu ta’uu danda’a. “Guyyaan koo har’aa baay’ee rakkisaa ture. Mooraa baqatootaa kumaatama keessatti ijoolleen qorraa fi beelaa irraa kan ka’e yeroo boo’an ija koo keessa himmimaantu guute. Magaalota addunyaa kanaa keessa adeemee namoota mana hin qabnee wajjinan boo’aa ture. Dubartoota dhiibbaan isaan irra ga’ee fi ijoollee gabrummaa saal- quunamtiitti gurguramanii soda keessa jiran argeen garaan koo cabe. Badii waraanaan ta’e, badii karaa balaa uumamaa dhufee fi dhukkubbii cimaa dhukkuba nama ajjeessuun kan rakkatanan arge.” “Garuu Waaqayyo, wanti si gammachiisu immoo jiraa? Wanti garaa kee gammachiisuu danda’u jiraa? Akka ati faarfattu kan si godhu jiraa?”

***Luq.15:6,7,9,10 fi 22-24,32 dubbisi. Seenaan kun attamitti xumuraman, xumurri isaanii immoo waa’ee Waaqayyoon maal sitti hima?***

---

---

---

Warri badan yeroo argaman samii guutummaatu gammada. Addunyaa dhukkubaan, balaa uumamaa fi du’aan guutte keessatti “oduu fayyinaa isa gammachiisaa” namoota kan biraaf hiruudhaan garaa Waaqayyoo gammachiisuu in dandeenya. Yeroo nuyi

jaalala isaa argisiifnu hundumaatti guutummaan samii in faarfatu.

***Sefaa.3:17 dubbisi. Ayyaana isaa isa fayyisu yeroo fudhannu deebiin gooftaa keenyaa maaliidha?***

---

---

Taatee kana yaadaan qabi. Dhuga ba'umsa kee irraa kan ka'e dhiirri tokko yookiin dubartiin tokko yookiin mucaan dhiiraa yookiin mucaan durbaa tokko Yesusiin akka fayyisaa dhuunfaat-ti fudhatu ta'a. Yeroo sana Yesus in gammadda. Samiin guutummaan sagalee guddaatiin faarfatu, fayyisaan keenya inni jabaan nama sana irratti farfaannaa gammachuu dhageesisa.

***Dhuga ba'umsi kee addunyaa gaddaan guutte keessatti garaa Waaqayyoo akka gammachiisuu beekuu irra caalaa badhaasi kan biraan maaltu jira?***

**KIBXATA**

**Waxabajji 30**

## **Kennuudhaan Guddachuu**

Galaanni Du'aa ol ka'insa lafaatiin yeroo ilaalamu daangaa xumuraa irra jira. Sadarkaa safara ol ka'insa galaanaa faana 1,388 gaditti addunyaa galaanaa gaditti ilaalama. Galaanni Yordaanos galaana Galiilaa keessaa yaa'ee hamma galaana Du'aa keessatti du'aan xumurutti ciisa lafaa Yordaanos keessa adeema.

Qilleensi o'aanii fi gogaan haala qilleensa gammoojjii fi o'ina aduu cimaa irraa kan ka'e akka bishaanni sun dafee urku taa-sisa. Gaalaanni Du'aa ashaboo fi albuudaa dhibbantaa 33.7 of keessaa qaba erga ta'ee bishaanummaa isaa qabatee turuun isaa baay'ee xiqqoodha. Qorxummiin, mukeetiin achi hin jiraatan;

gara jala isaa baakteeriyaa fi wantoota ijaan argamuu hin dan-deenye muraasatuqofaatu jiraata.

Jireenya kiristiyaanummaa keenya keessatti ayyaanni Waaqayyoo inni gara jireenya keenyaatti lola'u namoota kan biraaf hin yaa'u yoo ta'e akka galaana du'aa lubbuu kan hin qabnee fi kan kuufame ta'uu keenyaa dha. Akka kiristiyaanaatti kun akkaataa nuyi itti jiraachuu qabnu miti.

***Yoh. 7:37, 38 fi Luq. 6:38 dubbisi. Faallaa Galaana Du'aatiin, yeroo amantoonni burqaa bishaan jireenyaa Kiristos biraa fudhatan bu'aan isaa maal?***

---

---

“Waaqayyo gargaarsa keenya malee cubbamaa fayyisuu in danda'a ture; garuu amala kan Kiristosiin fakkaatu akka horannuuf hojii isaa keessatti hirmaachuun nu barbaachise. Gammachuu isaa isa lubbuu aarsaa isaatiin furaman ilaaluu irraa dhufu keessa akka seenuuf fayyina isaaniitiif isa inni hojjetu keessatti hirmaachuu qabna.” Ellen G. White, *The Desire of Ages*, p. 142.

“Namoonni mo'icha argatan mataa isaanii keessaa ba'uu qabu; hojii guddaa kana xumuruu kan danda'u fayyina namoota biroof fedhii guddaa qabaachuudha.” Ellen G. White, *Fundamentals of Christian Education*, p. 207.

Wanta Kiristos jireenya keenya keessatti godhe namoota biroof yeroo hirru in guddanna. Karaa Kiristosiin waan nuuf kenname hundumaa ilaaluudhaan isa ofittummaan keenya hiruu irraa nu daandessu dhiifnee wanti nuuf kenname kan nuyi hiruu dan-deenyuu maal? Amantii keenya qooduu yoo dhiifne jireenyi ha-fuura keenyaa akka Galaana Du'aa kan kuufame ta'a.

*Namoota kan biroof dhugaa ba'uu, isaanii wajjin kadhachuu fi fedhii namoota biroof tajaajiluu keessatti shaakalli kee attamture? Shaakalli kun adeemsa ati Gooftaa wajjin qabduu fi aman-tii kee irratti dhiibbaa maalii qaba?*

**ROOBII**

**Adoolessa 1**

## **Ajaja Kiristosiif Amanamuu**

Kiristosiif amanamuu jaalala isaa gochuuf of kennuu gaafata. Ajaja isaatiif aboomamuu gaafata. Kun immoo onnee isaa isa warra badan fayyisuuf dhikkifatuu wajjin onnee dhikkifatu argamsiisa. Wanta inni dursa kennuuf dursa kennuu barbaada.

1Xim.2:3, 4 fi 2Pheex. 3:9 dubbisi. Waa'ee onnee Waaqayyoo heertuun kun maal nutty hima? Onnee isaa keessatti iddoo jalqabaa maaltu qabatee jira?

---

---

---

Waaqayyoo namoota fayyisuuf fedha guddaa qaba. Isaaf wanti kana irra caalaa barbaachisaan hin jiru. “Namni hundinuu” akka fayyu, dhugaa beekuu biras akka ga'uuf” (1Xim.2:4) fedha isaa isa guddaadha. SDA Bible Commentariin heertuu kana irratti yaada yeroo kennu jechi “fedha” jedhu afaan Giriikiitiin boulo-mai jedhame dhimma itti ba'ame, innis “hawwii yookiin fedhii yaada sammuu” kan argisiisuudha. Macaafni kun jecha xiqqoo garuu jettu irratti ifa kenna. Jecha “garuu” jedhuuf afaan Giriikiin isaa alla jedhama . Asitti garaagarummaa tajaajila Waaqayyoo isa namni hundumtuu akka fayyan barbaaduu fi baduu nama tokkoo fedhuu isaa gidduu jiru irratti xiyyeefachuudhaan dhimma itti ba'ame.” The SDA Bible Commentary, vol. 7, p. 615.

Ergamni dhuga ba'umsa jaalalaa, kan ayyaanaa fi dhugaa isaatti akka hirmaannuuf ajaji Kiristos hunduma keenyaaf kenne fedha namni hundumtuu akka fayyuuf inni qabu keessaa kan maddee dha.

***H/Erg.13:47 dubbisiiti Isa. 49:6 wajjin wal bira qabii ilaali. Ergaan kun jalqaba eenyuun ilaalata? Ergamaan Phaawulos attamitti dhimma itti ba'e?***

---

---

---

Raajiin kakuu moofaa kallattii tokko caalaadhaan yeroo raawwatu qaba. Asitti ergamaan Phaawulos raajii jalqaba Israa'elii fi Masihii ilaaltuu (Isa.41:8; 49:6 fi Luq. 2:32) fi waldaa kakuu haaraa keessatti immoo hojii irra oolu fudhatee dhimma itti ba'e. Waldaan ajaja Kiristosiin mormituu yookiin xiqqeesitee ilaaltu kaayyoo jiraachuu ishee irraa kan kuftee fi waamicha raajii addunyaaf qabdu kan dagatee dha.

***Waldaan gara keessaa qofaatti xiyyeefachuudhaan kaayyoo jalqabbii isheetii yoo dagatte balaa attamii qaba?***

**KAMISA**

**Adooless 2**

### **Jaalalaan Kakaafamuu**

Torban kana gaaffii “dhugaa ba'uun maaliif? Jedhu irratti xiyyeefataa turre. Amantii keenya kan biraaf yeroo qoodnu ergama Waaqayyo addunyaaf qabu keessatti gammachuu isaa akka hirmaannu ilaalleerra. Jaalala isaa dhugaa ba'uun akka isaan ayyaanaa fi dhugaa isaa sirriitti hubatan taasisa erga ta'e namootaaf carraa fayyinaa kenna.

Akkasumas dhugaa ba'uun karaa ittiin Waaqayyo hafuuratti nu guddisuudha. Waan Kiristos nuuf godhe hiruu fi isaanii tajaajilu dhiisuun jireenya hafuura isa dhugaa hudha (ukkaamsa).

Dhugaa ba'uun onnee isa namni hundumtuu akka fayyan barbaaduu wajjin walitti nu hidha. Inni ajaja isaatiif abboomamuuf deebii nuyi kenninuudha. Barumsa har'aa keessatti dhuga ba'umsaaf hundumaaf kaka'umsa guddaa kan ta'u ilaalla.

***2 Qor. 5:14,15,18-20 dubbisi. Phaawulos wangeelaaf jedhee rakkina, dhiphina, muddamaa fi qorumsa hundumaa akka shaakaluuf kan isa kakaase maaliidha? Kaka'umsi akkasii tajaajila nuyi Kiristosiif goonu attamitti jajjabeessa?***

---

---

---

Ergamaan Phaawulos jaalalaan kakaafame. Sababa kan biraaf utuu hin taanee jaalala qofaaf jettee wanti ati gootu jira. Ergamaan kun “jaalalli Kiristos nu qaba” jedhee yeroo dubbatu waa'ee jaalala barbaraa dubbachuu isaati. Jechi nu qaba jedhu “bu dirqisiisa, nu to'ata yookiin nu kakaasa” jechuu dha. Jaalalli Kiristos gochaa Phaawulosiin to'ate, dhuga ba'umsa isaas kakaase. Kaayyoo rakkina hin seesnee fi sammuu shakkii hin qabneen addunyaa naannoo galaana Mediteriyaanii jiraaniif karoora fayyinaa hire. “Jaalalli onnee keessa jiraachuu qaba. Adeemsi kiristiyaanaa of eeggannaa qabu kaka'umsa gochaa isaatii onnee jaalala gadi fagoo gooftaa isaaf qabu irraa argata. Hundee jaalala Kiristos irraa ka'ee obboloota isaaf firii fedhii ofittummaa hin qabne maddisiisaa.” Ellen G. White, The Adventist Home, p. 425.

Aarsaa guddaa Kiristos nuuf godhe dhugaatti yeroo hubannu jaalala isaatiin mo'amna, waan inni nuuf godhes kan biroof hira.

Inni uumama hundumaa (Gaalaaksota,urjoota, macca ergamoota samii, guutummaa addunyaa, addunyaa kan biros) uume isa nuuf jedhee fannoo irratti du'eedha. Dhugaan ajaa'ibsiisaan kun jaalalli Waaqayyoo nu keessatti akka uumamuu fi jaalala kana kan biraaf hiruuf akka nuyi hawwinu attamitti nu hin godhu?

## JIMAATA

## Adoolessa 3

Yaada Dabalataa: Macaafa Ellen G. Waayit The Acts of the Apostles jedhu mata duree "God's Purpose for His Church," fuula 9–16, fi The Desire of Ages fuula 822–828 irraa dubbisi.

Waldaa kakuu haaraa balaa kaayyoo jiraachuu isheetii hubachuu dhabuutu mudatee ture. Ellen G. Waayit balaa kana akkasitti ibsiti: "Ari'annan waldaa Yerusaalemitti dhufe hojii wangeelaaf humna guddaa kennuuf sababa ta'e. Bakka sanatti sagalicha tajaajiluuf milka'insatu argame, ergamoonni garuu ergama gooftaan gara addunyaa akka dhaqaniif isaaniif kenne utuu hin hubatin turuudhaan balaa keessa turan. Jabaatanii hojjechuu keessa humni hojii hamminaa ittiin wallaansoo qaban akka jiru dagatanii waldaa Yerusaalemiin halleellaa diinaa irraa eeguu kan caalu hojiin hin jiru jedhanii yaadan. Wangeela warra hin dhaga'in biraan ga'uuf amantoota haaraa qooda leenjisanii erguu waan duraan godhametti quufuutti namoota geggeessuuf balaa keessa turan." The Acts of The Apostles, p.105.

## Gaaffilee Maree:

1. *Heertuu Ellen G. Waayit armaan olii keessaa toora xumuraa addumaan ilaali. Har'a balaa akkasii irraa of eeggachuu kan nuyi qabnuuf maaliif? Qom qabaa hojii wangeelaa fuula keenya dura jiru keessatti ilaalchi akkasii dogoggora kan ta'eef maaliif?*

2. *Wangeelonni arfan isaanii ajaja wal fakkataatiin kan xumuraaniif maaliif? Maat.28:18-20; Maar.16:15,16; Luq. 24:46-49; fi Yoh.20:20 dubbisi. Amantoota jaarraa 1 ffaaf kun maal jechuudha, har'aa nuun immoo maal jechuu qaba?*

3. *Dhuga ba'umsii fi tajaajilli jireenya hafuuraa isa dhugaa bakka bu'uu in danda'a? Yoo in danda'a ta'e attamitti, kiyyoo kana irras attamitti of eeggachuu dandeenya?*

4. *Gaaffii xumura qorannaa guyyaa kibxataa irratti dhi'aate, isa waa'ee dhuga ba'umsii fi tajaajilli kee attamitti jireenya haafuura keetii tuqa jedhu gareedhaan irratti mar'adhaa. Wanti nama kan biraa gargaaruu danda'u iti baratte jiraa? Warra kan biraa gargaaruu dhiisuudhaan dogoggorri ati goote maaltu jira?*

5. *Dhugaa dinqisiisaa isa Waaqayyo hunduma keenya akka dhuunfaatti nu jaallata jedhu irratti xiyyeefadhu. Kana jechuun maal jechuu akka ta'e attamitti hubatta. Dhugaan adduynaa guutummaatti barbaachisu kun akkaataa jireenya keetii attamitti tuquu danda'a.*



## Dhuga-Baatii Hawwatoo:

### Humna Dhuga –Baatiin Dhuunfaa Qabu

#### SANBATA WAAREE BOODA

Barumsa Torban Kanaaf Qayyabadhu : Maar. 5:15–20, Maar. 16:1–11, H/Erg. 4:1–20, 1 Yoh. 1:1–3, Gal. 2:20, H/Erg. 26:1–32.

**Heertuu Yaadannoo:** “ Nuyi garuu ofii keenyaa kan arginee fi kan dhgeenye himuu dhiisuu hin dan-deenyu!” H/Erg.4:20.

**D**huga-baatii dhuunfaa keessa humna addaatu jira. Yeroo onneen keenya jaalala Kiristosiin o’iifamuu fi ayyaana isaatiin jijjiiramu waa’ee isaa waan dubbannu waan baay’ee qabaanna. Waan Yesus nama tokkoof godhe nama kan biraaf hiiruun waan tokko. Waan Yesus dhuunfaatti nuuf godhe namaaf hiruun garuu waan biraadha. Muuxannoo dhuunfaatiin mormuun ulfaataadha. Namoonni qu’annoo amantii kee yookiin heertuu ati hiiktee barsiiftu mormuu in danda’u yookiin walumaa gala amantii keetti ga’iisuu danda’u. Garuu yeroo namni dhuunfaa “ani abdiin hin qabuun ture, amma garuu abdiin argadhe; duraan miira yaakkaan guutameen ture amma garuu nagaan argadhe; dura nama kaayyoo hin qabneen ture amma garuu kaayyoon qaba” jedhee dubbachuu yeroo danda’u, gantoonni illee humna wangeelaatiin mo’amu.

Namoonni tokko tokko akka ergamaa Phaawulos isa karaa Damaasqoo irratti jijjiiramee, shaakkalli akka tasaa fi jijjiiramni ariifachiisaan kan isaan mudate yoo ta’an illee, yeroo baay’ee jijjiiramni kan

dhufu Yesus gati-jabeessa ta'uu isaa beekuutti guddachuu, ayyaana isaa isa dinqisiisaa gadi fageessanii aja'iibsiifachuu fi fayyina inni tola nuuf keenneef galateefachuu keessaati. Kiristos addumaan jireenya keenya irratti xiyyaafata. Dhuga-baatiin addunyaan barbaadduu fi hawwitu dhuga baatii akasiiti.

## DILBATA

## Adoolessa 5

### Dhug-Baatota Hin Eegamin (hin yaadamin)

*Maar.5:15-20 dubbisi. Yesus namicha kana gooda isa bira turee amantii dhihoo argate gabbifachuu akka inni gara Daqapoolisi dhaqee dhugaa ba'u maaliif jettee yaaddeettaa?*

Jechi Daqapoolisi jedhu jecha lama irraa dhufe: Deqa jechuun kudhan jechuudha; poolis jechuun magaalota jechuudha. Jaarraa tokkoffaa keessa nannoon Daqapoolis magaalota kurnan qarqara galaana Galiilaa turaaniidha. Maagalonna kun afaanii fi aadaa tokkoon kan walitti hidhaman turan. Namichi hafuura hamaadhaan qabame kun naannoo sanatti nama baay'ee biratti kan beekame ture. Amala isaa isa hamaatiin onneen isaanii sodaachifamaa tureera. Namni kun waan wayyu akka barbaadu Yesus argeera, kanaaf hafuura hamaa isa dhiphisu irraa dinqiidhaan fayyise.

Yeroo Yesus hafuuronni hamoon horii booyyee isaaniitti akka galan godhee fi horiin booyyeen allayyaa irraa galaanatti kukufan namoonni magaalaa sanaa waan ta'aa jiru ilaaluuf dhufan. Waangeelli Maarqos akkas jedha “Yesus bira ga'anii, namicha isa duula hafuura hamaadhaan qabamee ture sana wayyaa uffatee, qalbii isaattis deebi'ee achi taa'ee argan; hundumti isaaniis in sodaatan (Maar.5:15). Namichi kun qaamaan, sammuuudhaan, miiraa fi hafuuraan in qulqulla'e. Xiyyeefannoo wangeelaa namoonni guutummaa namummaa isaaniitii qulqulloota akka ta'aniif isa Kiristos

isaan uumee irraa cubbuun adda isaan baaseetti deebisee haares-suudha.

Namicha hafuura hamaadhaan qabamee fayye kana irra caalaa namni magaalota Daqapoolisi kurnan kana bira ga'uu danda'u eenyu? Ellen G. Waayit kana sirriitti ibsiti: "Akka dhuga – baatota Kiristositti, waan beeknu, waan ofii keenyaa arginee fi dhageenye, waan nutty dhaga'ame dubbachuu qabna. Faana Kiristosiin hordofaa turre yoo ta'e karaa inni irra nu geggeesse ilaalchisee waan dubbannu qabna. Abdii inni nuuf kenne attamitti akka mi'eefannee fi abdiin sun immoo attamitti akka nuuf dhugoomme himuu in dandeenya. Waa'ee ayyaana Kiristosiin waan beekne dhuga-ba'uu in dandeenya. Gooftaan dhuga-baatii kanaaf nu waama, addunyaanis kana dhabdee badaa jirti." *The Desire of Ages*, p. 340. Waaqayyo yeroo baay'ee dhuga baatota hin eegamin warra ayyaana isaatiin jijjiiramanii addunyaa keenya keessatti jijjiirama fidanitti dhimma ba'a.

***Seenaan jijjiiramuu kan mataa keetii maaltu jira? Akkaataa ittiin gara amantii dhufta nama kan biraatti maal himta? Nama hin jijjiiramin muuxannoo kee irraa bu'aa argachuu danda'uuf maal kennita?***

**WIIXATA**

**Adoolessa 6**

### **Kiristos Isa Du'aa Ka'e Lallabuu**

Dilbata ganama Maariyaam lamaan ariifataniin gara awwaalcha Yesus dhaqan. Isaan waa isa gaafachuu hin dhaqne. Namni du'e maal isaaniif kennuu danda'a? Yeroo xumuraa yeroo isaan isa argan qaamni isaa caccabee, ciccitee, dhiigaa ture. Taateen fannoo sammuu isaanii nyaataa jira. Amma hojii isaanii hojjetachaa jiru. Gaddaan guutamaniin qaama isaa urgooftuu dibuuf adeemaa jiru. Gaaddidduun dukkanaa jireenya isaanii marsee abdiin isaanii cite ture. Waa'ee fuul dura isaanii waan beekan hin qaban, abdiin isaaniis yarateera.

Yeroo bakka awwaalchaa ga'an duwwaa ta'ee argatan. Waa'ee ganna du'aa ka'uu sana Maatiwoos akkas jedhee barreesse: "Ergamaan sun garuu warra dubartootaan, Isin Yesusin isa fannifamee ture akka barbaaddan anuu beeka. Hin sodaatinaa! Inni as hin jiru, akkuma jedhe ka'eera; kottaa iddoo reeffi isaa ka'ame ture iyyuu ilaalaa!" Maat.28:5, 6.

Dubartoonni sun amma gammachuudhaan guutaman. Duumessi gaddaa inni ulfaataan sun aduu du'aa ka'uu ganamaatiin bittimma'ee. Halkanni gaddaa in raawwate. Ayyaanni gammachuu fuula isaanii ibse, farfaannaan gammachuu immimmaan boo'ichaa bakka bu'e.

***Maar.16:1-11. Kiristos isa du'aa ka'e yeroo argitee deebiin Maariyaam maal ture?***

---

Kiristos isa du'aa ka'e erga argitee booda Maariyaam seenaa sana himuuf fiigde. Oduu gammachiisaa himamutu jira waan ta'eef callisuu hin dandeenye. Kiristos jiraataa dha! Awwaalchi isaa duwwaadha, addunyaan kana beekuu qabdi. Nus Kiristos isa du'aa ka'e karaa jireenyaa irratti erga arginee booda seenaa kana himuuf fiiguu qabna, oduun gammachiisaa himamuu qaba waan ta'eef.

Yesus waan ta'uuf jiru, akka ajjeefamuu fi akka du'aa ka'u utuu irra dedeebi'ee yeroo baay'ee isaanitti himuu bartoonni warri inni addumaan filate dhuga ba'umsa Maariyaamiin fudhachuu diduun isaanii attam nama ajaa'iba. "Isaan garuu akka inni jiraataa ta'e, akka isheen isa argites, yommuu ishee irraa dhaga'an kana hin amanne" (Maar.16:11). Kanaaf, erga bartoonni Yesus mataan isaan illee dafanii amanuu didanii, namoonni kan biraan dubbii keenya dafanii fudhachuu yoo didan nu ajaa'ibsiisuu hin qabu.

*Yeroon xumuraa dhuga-ba'umsi kee itti jibbamee yoom ture?  
Yeroo sana deebiin kee maal ture, muuxannoo sana irras maal  
baratte?*

**KIBXATA**

**Adoolessa 7**

### **Jireenyi Jijjiirame Jijjiirama Fida**

“Warri yaa’ii sanaas Phexrosii fi Yohannis ija jabinaan akka dubbatan yommuu caqasan, barumsa dheeraa akka hin qabne, kan hin beekamnes akka ta’an hubatanii, in dinqifatan; haa ta’u iyyuu malee, jarreen kun Yesusii wajjin akka turan isaaniif gale” (H/Erg.4:13).

Waldaan kakuu haaraa ariitiidhaan guddatte. Guyyaa Phenxaqosxee 3000 tu cuuphame (H/Erg.2:41). Torban muraasa booda kumaatama irra kan caalantu waldaatti dabalame (H/Erg.4:4). Namoonni aangoo qaban wanta ta’aa jiru in hubatan. Amantoonni kakuu haaraa kun Yesusii wajjin turan. Jireenyi isaanii jijjiirameera. Isaan ayyaana isaatiin waan jijjiiramaniif callisuu hin dandeenye.

*H/Erg.4:1-20 dubbisi. Maaltu ta’e? Yeroo aango qaboanni Phexrosii fi Yohannisii dubbachuu dhowwuuf yaalan maaltu ta’e? Deebiin isaanis maal ture?*

---

Amantoonni kun Kiristos keessatti haaraa waan ta’aniif seenaa isaanii himuu qabu. Pheexros inni qurxummii qabduun akkaataa dubbannaa utuu hin beekin baay’ee dubbatu sun ayyaana Waaqayyootiin jijjiirameera. Yaaqobii fi Yohannis warri ilmaan kakkawee jedhamanii aarii isaanii to’achuun isaan rakkise sun ayyaana Waaqayyootiin jijjiiramaniiru. Toomas inni mamtuun ayyaana Waaqayyootiin jijjiirameera. Bartoonnii fi miseensonni waldaa bara jalqabaa hundumti isaanii seenaa mataa isaanii waan dubbatan

qabu, kana immoo callisuu hin dandeenye. Jecha humna qabeessa Ellen G. Waayit Macaafa Steps To Christi keessatti dubbattu yaadaan qabi: Namni tokko battala gara Yesus dhufeen utuu hin turin Yesusiin michuu gati jabeessa attamii akka argate warra kaanitti beeksisuuf onnee isaa keessatti fedhiin dhalata; dhugaan fayyisuu fi qulleessu onnee isaa keessatti cufamuu hin danda'u." Fuula 78.

Lakk. 16 irratti waan geggeesitoonni amantii jedhan yaadaan qabi. Dinqii namicha fayyee isaan dura dhaabbate sanaa ifa godhanii beeksisan. Kanumaa wajjin garuu yaada isaanii jijjiirachuu in didan. Mormiin fuulaa fi fuulaa yoo jiraate illee Pheexrosii fi Yohannis dhuga-ba'umsa isaanii irraa duubatti hin deebine.

*Kiristosiin beekuu fi Kiristosiin hiruu gidduu walitti dhufeenya attamiitu jira? Kiristosiin dhuunfaatti beekuun waa'ee isaa dhugaa- ba'uuf barbaachisaa kan ta'eef maaliif?*

**ROOBII**

**Adoolessa 8**

## **Muuxannoo Keenya Hiruu**

H/Erg.26 keessatti ergamaan Phaawulos akka hidhamaatti mootii Agiriiphaa dura utuu dhaabbatuu argina. As keessatti Phaawulos mooticha dura kallattiin dhaabbatee muuxannoo jireenya isaatii isa hordoftoota Yesusiin ari'ataa ture qofa utuu hin taane, erga jijjiiramee booda akka dhuga-baatuu abdiid du'aa ka'uu Yesusiitti dubbate (H/Erg.26:8).

Yeroo Phaawulos karaa Damaasqoo irratti jijjiirame Gooftaan keenya akkas jedhee isatti dubbate: "Amma garuu ka'ii, miilla keetiin dhaabadhu! Anaaf hojjetaa akka taatuuf si kaasuudhaafan sitti mul'adhe; waan argitee fi, waan sitti mul'achuuf jiruuf dhuga-baatuu in taata" (H/Erg.26:16). Amantii keenya hiruun muuxannoo gariiidha. Inni seenaa waan Kiristoos duraan nuuf godhee, waan inni har'a jireenya keenya keessatti gochaa jiruu fi waan inni fuula duratti nuuf raawwatu dubbachuudha .

Dhug-ba'umsi waa'ee keenya dubbachuu miti. Yeroo hundumaa waa'ee isaa dubbachuudha. Inni waaqa yakka keenya nuuf dhii-su, dhukkuba keenya irras nu fayyisu, gaarummaa fi oo'a isaatiin nu gonfu fi waan gaariidhaan in quufsu dha (Faar.103: 3-5).

Dhuga-ba'umsi seenaa ayyaanni isaa nuuf godhe salphaadhumatti namaaf hiruudha. Inni dhuga ba'umsa dhuunfaa waan ayyaanni isaa inni dinqisiisaan nuuf raawwate dhugaa ba'uudha.

***1Yoha.1:1-3 dubbisiiti Gala.2:20 wajjin wal bira qabii ilaali. Wal fakkii maalii argita? Muuxannoon Yohannis Kan Phaawulosii wajjin maaliin wal fakkaata?***

---

Yohannisii fi Phaawulos muuxannoo jireenyaa garaagara ta'e yoo qabaatan illee lamaan isaanii Yesusii wajjin mudannoo jireenyaa dhuunfaa qabu. Muuxannoon isaan Yesusii wajjin qaban yeroo darbe bakka tokko irratti ta'ee achumatti kan dhaabbate miti. Shaakala guyyaa guyyaadhaan jaalala isaatti gammaduu fi ifa dhugaatti adeemuu isa walitti fufinsa qabuudha.

Jijjiiramni waa'ee waan darbee qofa ilaallataa? Waa'ee namoota jijjiiramni muuxannoo jireenyaa isa darbe qofaadha jedhanii yaadanii waan Ellen G. Waayit jettu dubbisi: "Akka waan waa'ee amantii si'a tokkotti beekaniitti guyyaa guyyaatti jijjiiramuu hin barbaadan; garuu hundumti keenya guyyaa hundumaa jijjiiramaa adeemuu qabna." Manuscript Releases, vol. 4, p.46.

***Muuxannoon jireenya keetii inni darbe maal illee yoo ta'e, haala malaalchisaa fi humna qabeessaan yoo jijjiiramte illee, gaarummaa fi humni isaa jireenya kee keessatti qabatamaa akka ta'utti guyyaa guyyaadhaan gooftaa wajjin hariiroo qabaachuun maaliif barbaachise? Gaafa sanbataa deebii kee gara gareetti fidi.***

KAMISA

Adoolessa 9

### Humna Dhuga-Baatiin Dhuunfaa Qabu

Mee irra deebinee Phaawulosiin Agiriiphaa duratti haa ilaallu. Ergamaan Phaawulos nama toora mootummaa Yihudaa isa kan warra Maqaabes jedhamu, maatii Herodiis isa xumuraa dura dhaabbate. Agiriiphaan ani nama Yihudaati ofiin jedha garuu inni nama Roomaati. The SDA Bible Commentary, vol. 6, fuula 436 irraa ilaali. Ergamaan dulloomaan kun adeemsa ergama Wangeelaa fi lola gaarii fi hamaa gidduutti ta'uun dadhabee, onnee jaalala Waaqayyootiin guutamee fi fuula gaarummaa Waaqayyootiin ifeen achi dhaabbate. Jireenya isaa irratti wanti fedhe illee yoo ta'e, ari'annaa fi rakkina attamii illee yoo dabarse Waaqayyo gaarii akka ta'e dubbachuu in danda'a.

Agiriiphaan mamtuu, gara jabeessaa fi kan mormu, faallaa ulaagaa madaalli qajeelaa kan adeemu ture. Faallaa isaatiin Phaawulos immoo nama amantiin keessa guute, dhugaaf kan of kennee fi qajeelummaaf falmuuf amanamaa ture. Fugginni lamaan isaanii gidduu jiru badaa mul'ataa hin turree. Qormaata isaa keessatti Phaawulos falmachuuf Agiriiphaa ayyama gaafate.

***H/Erg.26:1-32 dubbisi. Phaawulos Agiriiphaatti attamitti dhugaa ba'e? Sagalee isaa irraa maal baruu dandeenya?***

---

Gaarummaa onnee madaquu diduudhaan sakkarraa'ee cufame bana. Asitti Phaawulos gaarummaa dubbatamuu hin dandeenye Agiriiphaatti argisiise. Inni "amala Yihudootaatii fi dubbii tokko tokko irratti wal diduu isaanii, gaarii gootee waan ati beektuuf" ittiin jedhe (H/Erg.26:3). Kana booda gara dubbii isaatti seene.



*Seenaa Jijjiirama Phaawulosiin H/Erg. 26 :12-18 dubbisi, dhiibbaa inni jireenya Agiriiphaa irraan ga'e H/Erg. 26:26-28 ofeeggannoon ilaali. Agiriiphaan waan godhe kana maaliif godhe jettee yaadda? Dhuga- ba'umsa Phaawulos keessaa maaltu isa tuqe?*

---

Dhuga ba'umsi Phaawulos inni Yesus jireenya isaa jijjiire mootii Waaqayyoon hin waaqesine kana irratti dhiibbaa geggeese. Akka jireenya jijjiiramee bu'aa kan qabu dhuga-ba'umsi hin jiru. Dhuga ba'umsi jireenya dhugaatti jijjiiramee kan biraa irratti dhiibbaa dinqisiisaa geessisa. Mootiin Waaqayyoon hin beekne illee jireenya ayyaanaan jijjiirameen tuqame. Akka Phaawulosiin seenaa bifa diraamaatiin dhi'aatu hin qabnu yoo ta'e illee Yesusiin beekuu fi dhiiga isaatiin furamuu jechuun maal jechuu akka ta'e nama kan biraatti himuu danda'uu qabna.

## **JIMAATA**

## **Adoolessa 10**

*Yaada Dabalataa:* Macaafa Ellen G. Waayit The Acts of The Apostles jedhu mata duree “Almost Thuo Persuadest Me” jedhu fuula433-438 dubbisi.

Jireenya kiristiyaanaa hariiroo Yesusii wajjinii isa badhaadhummaa fi waan hundumaan guutame isa nuyi namootaaf hiruu dharraannu of keessaa qaba. Barumsi amantii (doktrinii)sirriin akkuma barbaachisaa ta'e, jireenya ayyaanaan jijjiiramee fi jaalalaan gederame bakka bu'uu hin danda'u. Ellen G. Waayit akkas jettee ibsiti: “Hammam illee sirnaan yoo godhame, falmiin onnee jabaate baqsuu yookiin biyya lafummaa fi oftummaa cabsuu akka hin dandeenye fayyisaan keenya beeka. Wangeelli bu'a qabeessa kan inni ta'u onnee o'ifamee fi hidhii ogummaa jiraataa isa karaa, dhugaa fi jireenya ta'een dibameen qofa waan ta'eef bartoonni kennaa samii

fudhachuu akka qaban inni beeka.” The Acts of the Apostles, p. 31. Macaafa The Desire of Ages jedhamu keessatti yaada humna qabeessa kana dabaltee dubbatti: “Barsiifni amantii (doktiriiniin) irra dedeebi’amee dubbatamee illee waa gochuu yeroo dadhabu, jaalalli Kiristos inni dinqisiisaan garuu onnee injifata, in baqsas.” Fuula, 826.

Dhuga- ba’umsa dhuunfaa kennuu jechuun dhugaa sagalee Waaqayyoo keessatti argatanii nama kan biraa amansiisuuf yaaluudha jedhanii kan yaadan jiru. Yeroo jaallatametti dhugaa sagalee Waaqayyoo nama kan biraaf hiruun barbaachisaa dha, yakka irraa biliisa ba’uu, nagaan, araara, dhiifama, jabina, abdiif fi gammachuu karaa kennaa jireenya barabaraa isa Yesus tola kennuu argachuu keenya dhugaa ba’uun immoo isa kana irra caala.

### **Gaaffilee Maree:**

1. Dhuga ba’umsi dhuunfaa keenyaa nama kan biraa irratti dhiibbaa humna qabeessa ta’uu isaa maal yaadda? Dhuga ba’umsi nama biraa sii fi muuxannoo kee irratti dhiibbaa attamii godhe?

2. Gaaffii xumura guyyaa Roobii irra jiru gara gareetti fidii irratti mari’adhu. Shaakalli keenya kan guyyaa guyyaa dhuga ba’umsa keenya qofaaf utuu hin taane amantii keenyaaf illee barbaachisaa kan inni ta’eef maaliif?

3. Dhugaadhumatti, dhuga ba’umsi humna qabeessi dhuga ba’umsa bu’a qabeessa ta’uu danda’a. Jireenya Waaqayyoon fakkaatu jiraachuun kutaa dhuga ba’umsa keenyaa ta’uun kan barbaachisuuf maaliif?

4. Dhuga ba’umsa dhuunfaa keetii garee keef hiri. Waan Yesus siif godhee fi har’a immoo siif maal akka ta’e hiraa akka jirtu yaadadhu. Yesus jireenya kee keessatti jijjiirama attamii godhe?

## **Ija Yesus Keessaan Namoota Ilaaluu**

SANBATA WAAREE BOODA

Barumsa Torban Kanaaf Qayyabadhu : Maar. 8:22–26; Yoh. 4:3–34; 1:40, 41; Maar 12:28–34; Luq.23:39–43; H/Erg. 8:26–38.

**Heertuu Yaadannoo: ‘Na duukaa bu’aa! Anis nama kan. walitti qabdan isin nan godhadha! isaaniin jedhe.’ Maat.4:19**

**Y**esus lubbuu deebisuutti beekadha. Karaa ittiin Yesus namooyaa wajjin hojjete ilaaluudhaan namoota kan biraa gara beekumsa fayyinaa karaa Yesus argamutti geessuu baruu dandeenya. Karaa Yerusaaem isa namoonni itti baay’aatani jiran irra, karaa Yihudaa isa awwaraa qabu irraa fi qarqara tulluuwwaan Galiilaa isa margaan guutuu irra isaa wajjin adeemuudhaan akkaataa inni qajeelfama mootummaa isaatii isa ittiin lubbuu barbaadan mul’ise argachuu dandeenya.

Yesus dhiironnii fi durboonni hundumtuu mootummaa isaatiif booji’amuu akka danda’an arge. Nama hundumaa ija gara laafummaa waaqaatiin ilaale. Pheexroosiin akka nama amala hin madaqne, qurxummi qabduu afaan ballattu godhee utuu hin taane akka lalla-baa wangeelaa cimaatti ilaale. Yaaqobii fi Yohannisii akka nama dheekkamsaaf ariifatuu, akka namoota aaranii banbananiitti utuu hin taane akka labsitoota ayyaanaa warra hinnaaffaa qabaniitti ilaale. Onnee Maariyaam Magidalaa, kan dubartii Samaariyaa fi dubartii ishee dhangala’uu dhiigaa irraa fayyite keessatti jaalla dhugaa isa gadi fagoo arge. Toomaasiin akka mamtuutti utuu hin taane akka nama dhugaaf gaafatuutti ilaale. Yihudoota yookiin

Ormoota, dhiira yookiin dubartii, hattuu isa fannootti fannifame, angafa dhibbaa, yookiin namicha isa maraatuu hafuura hamaan qabamee ture hundumaa Yesus dandeettii Waaqayyo isaaniif kennee fi ija fayyinaa keessan isaan ilaale.

**DILBATA**

**Adoolessa 12**

### **Tuqaatii Lammaffaa**

Guutummaa Macaafa Qulqulluu keessa dinqiin Yesus sadarkaa lamaan hojjete tokko qofaatu jira. Innis namicha ija jaamaa isa inni Betsayidaatti fayyiseedha. Seenaan kun har'a waldaa Kiristosiif barumsa yeroon irra hin darbine kenna. Kun karoora Waaqayyo amantoota hundumaatti fayyadamee nama kan biraa gara Yesusitti fidu ibsa. Macaafni Qulqulluun akkas jedhee dubbata: "Kana booddee Betsayidaa dhufan. Achittis jarreen tokko namicha jaamaa tokko gara Yesus fidanii, akka inni harkaan isa qaqqabuufis kadhatan" (Maar.8:22). Jechi furtoon as keessa jiru "fidan" kan jedhuu fi "kadhatan" isa jedhuudha. Namichi jaamaan kun ofii isaatiin hin dhufne. Michoota isaatu fedha isaa ilaalee isa fide. Isaantu qaba malee inni amantii baay'ee hin qabu ture. Isaan akka Yesus namicha jaamummaa isaattii fayyisu amananiiru.

Kakuu haaraa keessa dinqiin fayyinaa Yesusiin godhame tilmaamaan 25 kan ga'utu jira. Isaan kana keessaa firri yookiin michoonni akka isaan fayyaniif gara Yesus kan fidan walakkaa ol ta'u. Namoonni baay'een yoo namni amantii qabu kan biraan isaan fidan malee gara Yesus hin dhufan. Ga'een keenya "wal barsiisuu" fi namoota gara Yesus fiduudha.

Jechi nuyi ilaaluu qabnu inni lammaffaan isa Maar.8:22 irra jiru in kadhatan isa jedhuudha. Innis "in gaafatan, in sosoban yookiin in jajjabeessa" jechuu ta'uu danda'a. Innis gaaffii sagalee wacaa utuu hin taane garraamummaan, sagalee laafaan kadhachuu jechuudha.

Michoonni nama kanaa fedhaa fi humna ittiin nama kana gargaaru akka qabu amananii Yesusiin kadhatan. Namichi akka Yesus isa fayyisuu danda'u amantii hin qabu ta'a, garuu michoonni isaa in amanu. Yeroo tokko tokko koochoo amantii keenyatti namoota biro baannee gara Yesusitti geessuu qabna ta'a.

***Maar.8:22-26 dubbisi. Namicha jaamaa kana sadarkaa lamaan kan inni fayyiseef maaliif jedhii yaadi? Akka dhuga baatota Yesusitti seenaan kun har'a nuuf barumsa maalii qaba?***

---

Nus namoota qulqullinaan ilaaluu dadhabuu dandeenyaa? Yeroo tokko tokko qooda akka namoota mootummaa Waaqayyoof naqatamaniitti ilaaluu irra caalaa akka “mukeetii adeemaniitti” isaan ilaalla? Yeroo tokko tokko namoota qulqullinaan akka hin ilaalle kan nu godhu maaliidha jettee yaadda?

***Barumsa beekamaa waa'ee namoota bira ga'uuf Waaqayyo at-tamitti nutty fayyadama kan jedhutti dabaltee seenaa kana irraa maal barra? Fakkeenyaaf, namni hafuuraa fi ogeessi fayyaa warra badan tajaajiluu fi fayyisuu keessatti qooda isaan qaban ilaalchisee kun maal nu barsiisuu danda'a?***

**WIIXATA**

**Adoolessa 13**

### **Barumsa Fudhatama Argachuu Keessa Jiru**

Nama hundumaaf ilaalcha addaa qabaachuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya isaaniif kennuudhaan, bartoonni attamittiin ija samiitiin namoota ilaaluu akka qaban Yesus isaan barsiise. Ilaalchi inni ittiin namoota ilaalu bu'uuraani. Inni isa isaan ta'uu danda'an ilaala malee akka isaan amma itti jiran miti. Walitti dhufeenya namootaa wajjin godhu keessatti ulfinaa fi kabajaan isaan keessumeessa. Yeroo baay'ee bartoota isaa illee karaadhuma ittiin namoota kaan

keessummeessuun isaaninis dinqifatee keessumeessa. Kun addumaan hariiroo inni dubartii Samaariyaa wajjin godhe keessatti dhugaa ta'uun isaa mul'ateera.

Qorannaan Macaafa Qulqulluu hambalee lafa keessaa irraa argame hariiroo Yihudootaa fi warra Samaariyaa gidduu jiru irratti yaada namatti tolu kenna: “Garaagarummaan warra Samaariyaa fi Yihudoota gidduu jiru bara duriitii kaaseeti. Akka 2 Moototaa 17 tti warri Samaariyaa sanyii warra Mosopotaamiyaa warra yeroo boojuu bara 722 D.K.D. keessa mootiin Asoori Kaaba Israa’el keessa humnaan qubachiise turan. Isaan waaqefannaa Yahweh kan waaqa tolfamaa wajjin waliin makanii turan.” The Archaeological Study Bible (Zondervan Publishing, 2005), p. 1727. Shaakala waaqa tolfamaa kanatti dabalani hojii lubummaa fi hojii tajaajila mana qulqullummaa isa kan Isra’eliin morkatu tulluu Giriziim irra dhaabani turan. Yeroo Yesus gara Samaariyaa dhaquu filatee adeemsa isaa gara Galiilaatti qajeelfate bartoonni qu’annoo amntii kan warra Samaariyaa wajjin garagara ta’e kana ilaalcha keessa galchuudhaan bita galanii turan. Yesus falmii amantii keessa galuu dhiisuu isaaf in dinqifatan. Inni fedhii fudhatamaa argachuu, jaallatamuu fi dhiifama argachuu dubartii Samaariyaaf kallattiidhaan deebii kenne.

***Yoh.4:3-34 dubbisi. Yesus dubartii Samaariyaatti attamittii-in dhi'aate? Haasaa inni ishee wajjin godhe keessatti deebiin dubartii kanaa maal ture? Muuxannoo kana irratti deebiin bartootaa attam ture, Yesus mul'ata isaanii attamitti bal'ise?***

---

Barumsi jiraataan Yesus bartootaa fi hunda keenya barsiisuu barbaade isa kana ture: Warri hafuura Kiristos qaban namoota hundummaa ija gara laafina Waaqayyootiin ilaalu.”—Ellen G. White, The Signs of the Times, June 20, 1892.

*Sabni ati sababa dhiibbaa aadaa fi hawaasa keef jecha ija jibbaa fi kabaja hin qabneen ilaaltu eenyyuudha? Ilaalcha kee jijjiiruu kan ati qabduuf maaliif, jijjiiramni kunis attamitti dhufuu danda'a?*

**KIBXATA**

**Adoolessa 14**

### **Bakka Jirtuu Jalqabi**

Namni tokko “jireenya keessatti waa jalqabuun bakka irra jirtuu qofaadha, bakki irraa jalqabdu kan biraan waan hin jireef” yeroo jedhe sirrii dubbate. Yesus qajeelfama kana H/Erg. 1:8 irratti xiyyeefannoodhaan dubbate, Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u, humna in godhattu; Yerusaalementi, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu isaaniin jedhe.”

Ergaan Yesus bartoonni akka hubataniif baay’ee ifaadha: bakka jirtuu jalqabi. Dhuga ba’umsi bakka Waaqayyo si dhaabee jalqabama. Carraa fooya’aa abjoochuu irra caalaa naannoo kee kan jirani wajjin jalqabi. Carraa sitti dhihoo jiru ija waaqaatiin ilaali!

Addunyaa keessatti nama baay’ee barate, nama gaarii godhee dubbatu, nama kenna addaa qabu ta’uu si hin barbaachisu. Kennaawaan kun yoo sirriitti dhimma itti ba’ame bu’aa qabeessa yoo ta’an illee, jaalalli ati Waaqayyoon jaallattuu fi lubbuu jaallattu wanta xumuraa ati barbaaddudha. Yoo ati dhugaa ba’uu feete Waaqayyo karaa siif bana.

*Yoh. 1:40, 41; Yoh.6:5-11 fi Yoh.12:20-26 dubbisi. Heertuuwwan kun waa’ee ija hafuura Indiriyaasii fi akkaataa dhuga baatii isaatii maal dubbatu?*

---

---

---

Muuxannoon Indiriiyaas waan nutty dubbatu qaba. Inni maatii isaa keessatti jalqabe. Inni jalqaba obboleessa isaa Pheexrosiif Kiristosiin hire. Inni mucaa xiqqoo waan Yesus ittiin dinqii hojjete qopheeseef hariiroo michummaa uume, Indiriiyaas warra Girikii wajjinis waan godhu bareera. Qu'annoo amantii irratti falmii dhi'eessuu irra caalaa fedha isaanii hubatee Yesusii wajjin wal isaan barsiise.

Tooftaan lubbuu deebisuu inni bu'a qabeessi tooftaa hariiroo eeggannoo qabu ijaaruudha. Waa'ee namoota naannoo keetii Yesusiin hin beeknee yaadi. Jireenya kee keessatti kunuunsa kan gootuu fi o'aa qabeessa akka ati taate isaanitti in dhaga'amaa? Nagaa fi kaayyoo dharra'aan si keessatti in arguu? Jireenyi kee beeksisa wangeelaa ta'eera? Yesusiin hiruudhaan Waaqayyoof michoota argamsiifna. Isaan michoota kiristiyaanaa ta'u, yeroo nuyi ergaa dhugaa wangeelaa kan yeroo xumuraa isaaniif qoodnu kiristiyaanota Adventistii guyyaa torbaffaa ta'u.

*Miseensa maatii keenyaa fi firoota keenya gara Kiristositti geesuun attamitti cimaa ta'uu danda'a? miseensa maatii keetii yookiin michoota sitti dhihoof Yesusiin hiruu keessatti milkooftee beektaa? Qajeelfamni ati itti fayyadamte garee barumsa sanbataa kee akka gargaaruuf hiriif.*

**ROOBII**

**Adoolessa 15**

### **Namoota Rakkisoo irratti Hojjechuu**

Yesus namoota rakkisoo wajjin hojjechuutti beeka. Dubbii fi gochaa isaatiin fudhatama qabaachuu isaanii argisiise. Dhimma isaanii xiyyeefannoodhaan dhageefate, gaaffii isaaniif dhi'eesse, suuta suuta dhugaa hafuuraa isaanitti mul'ise. Onnee baay'ee jabaate keessatti fedhii guddaa hubate, cubbamaa baay'ee hamaa keessatti immoo dandeetti cimaa arge. Yesus cubbamaan kufaatii gadi fagoo kufee fi hamaan Kiristosiin fayyuu hin dandeenye akka hin jirre amane." Ellen G. White, The Desire of Ages, p. 258.



Yesus ija nuyi ittiin namoota ilaalluu irraa adda ta'een namoota ilaala. Inni nama hundumaa keessatti calaqqee ulfina uumama jalqabaa arge. Inni yaada isaanii gara waan isaan ta'uu danda'aniitti ol kaase, baay'een isaanis jireenya isaanii keessatti waan inni isaaniif yaade bira ga'uuf ol ka'an.

***Maat.4:18,19; Maar.12:28-34 fi Luq.23:39-43 dubbisi. Waamicha Yesus Pheexrosii fi Yohannis, beektuu Macaafaa gaaffii gaafatee fi hattuu isa fannoo irratti fannifameef godhe keessatti wal fakkii maalii argita? Namoota kanaaf dhi'aannaa Yesus godhe of eeggannoodhaan ilaali. Kana keessaa kan ati hin godhin isa kam?***

---

Yesus bakka adeemu hundumaatti dandeettii hafuuraa arge; haala hin mijannee keessattis kaadhimamtoota mootummaa Waaqayyoo ilaale. Dandeettii akkasii “ija guddina waldaa “ jennee waamna. Iji guddina waldaa namoonni mootummaa Waaqayyoof booji'amu akka danda'anitti ija Yesus ittiin namoota ilaaluun ilaaluuf kan leenjifameedha. Kun “gurra guddina waldaa” isa fedhii namoota naannoo keenyaa isa hindubbanne dhageefatus in ilaalata. Inni immoo fedhii onnee isaanii isa isaanii hin qabne isa isaan mul'isanii dubbachuu dhiisan dhageefata.

Tajaajila Hafuurri Qulqulluun jireenya namoota biro keessatti godhuuf akka Waaqayyo si kakaasuuf Gooftaa kadhaddhu. Carraa Hafuuraa inni si fuul dura fidamtee amantii kee namoota kan biraaf hiruu akka dandeessutti ija kee akka bantuu fi tuqaatii lammaffaa akka siif kennuuf waaqayyoon kadhaddhu. bara kee hundumaa karaa kee irratti gammachuudhaan akka jiraattuuf ija argu, onnee dhageefatee Kiristos isa beektuu fi isa jaallattu kan biraaf hiruu akka dandeessuuf Waaqayyoon barbaadaddhu. Jireenyi kees hiikkaa haaraa qabaata. Yeroo sana miira gammachuu fi bohaartii argitee hin beekne qabaatta. Gammachuu inni fidu warra lubbuudhaaf hojjetan qofaatu beeka.

### Carraa Waaqayyo Kennu Hubachuu

Macaafni Hojii Ergamootaa seenaa akkaataa itti bartoonni carraa mootummaa Waaqayyoo babal'isuutti fayyadamaniin guutuudha. Jalqabaa isaatii hamma xumura isaatti seenaa waldaa durii fi rakkoon keessaa fi alaan yoo jiraate illee attamitti akka guddatetu argama.

Fakkeenyaaf, ergamaan Phaawulos muuxannoo isa Xiro'aasitti isa mudate 2 Qor. 2:12, 13 irratti dubbata: "Wangeela Kristos lallabuudhaaf mandara Xiro'aas yommuun dhufe, gooftaan karaa anaaf banuu isaa nan arge. Obboleessa koo Tiitoosin achii waanan dha-beef garu, yaadni koo hin ciifne; kanaafan namootatti nagaa dhaamee, achii ba'ee kutaa biyya Maqedooniy'aatti darbe." Waaqayyo haala dinqisiisaatiin ardii Awuroophaatti darbee wangeela akka lallabuuf Phaawulosiif balbala bane, innis balballi har'a banamee jiru bor akka cufamu in beeka ture. Haala jiru ilaaluudhaan carraa kanatti dhimma ba'ee gara Maqedoniyaatti ce'e.

Waaqni kakuu haaraa waaqa balbala banamaati- waaqa amantii keenya hiruuf carraa nuuf kennuudhas. Guutummaa Macaafa H/ Ergamootaa keessatti Waaqayyo hojii hojjechaa turuu isaa argina. Maagaalota keessa, godinaalee keessa, biyyoota keessaa fi bakka hundumaatti onnee nama dhuunfaa hundumaa keessatti balbala banamaatu ture.

***H/Erg.8:26-38 dubbisi. Filiphos geggeessaa Waaqayyootiif banamaa ta'uu isaaa fi carraa Waaqayyo isaaf kenneef deebii inni kenne ilaalchisee heertuun kun maal nutty hima?***

---

“Ergamaan Filiphosiin gara nama ifa barbaaduu fi wangeela fudhachuuf qophaa’etti geggeesse, har’as hojjetoota warra Hafuurri

Qulqulluun arraba isaanii akka qulqulleessuu fi onnee isaanii akka haareessuuf heyyaman ergamoonni ejjennaa miilla in geggeessu. Ergamaan inni Filiphositti ergame mataan isaa nama Itoopiyaa kanaaf hojjechuu in danda'a ture, garuu kun karaa Waaqayyo hojjetu miti. Namni nama akka isaaf akka hojjetu karoora Waaqayyooti.”  
\_Ellen G. White, The Acts of the Apostles, p. 109.

Gurra dhaga'uu fi ija argu yoo qabaanne nuyis warra dhugaa barbaadan biraan dhugaa mootummaa waaqaa gauuf ergamoota ijaan hin argamneen in geggeefamna.

***Seenaa kana keessatti heertuun Macaafa Qulqulluu hammam wiirtuu akka ta'e yaadadhu. Qabxii kana irratti namni tokko ibsa kennuuf Macaafa Qulqulluu beekuun hammam barbaachisaa akka ta'e yaadi. Sa keessa nuuf barumsa attamiitu jira?***

## JIMAATA

## Adoolessa 17

***Yaada Dabalataa:*** Macaafa Ellen G. Waayit The Acts Of The Apostles jedhu mata duree “The Gospel in Samaria” fuula 103-111 dubbisi.

Akkuma Yesus “Midhaan sassaabamu baay'ee dha, hojjetoonni sassaaban garuu muraasa” (Maat.9:37) jedhee dubbate, naannoo hunduma keenyaa namoota waan barabaraa barbaadantu jira. Rakkoon midhaan sassaabamu bira miti. Isa bartoonni mormii qofa ilaalan keessatti Yesus ija hafuura waaqaatiin dibameen miidhaan sassaabamu baay'ee arge. Rakkoo kanaaf deebiin Yesus maal ture? “Egaa hojjetoota warra midhaan sassaaban itti haa yaafatuuf, abbaa midhaanichaa kadhada! jedhe.” Maat.9: 38 . Furmaati isaa akka Waaqayyo gara midhaan sassaabuutti si erguuf kadhachuudha.

Kadhannaa kana maaliif in kadhannu? Gooftaa, mootummaa kee bal'isuu keessatti dhimma akka natty baatuuf fedha kooti. Carraa ati guyyaa guyyaatti fuula koo duratti bantu arguu akkan danda'uuf

ija koo naaf bani. Waa'ee namoota naannoo kooti akkan yaad-uuf na barsiisi. Sagalee abdi, fi jajjabinaa dubbachuuf, namoota ani guyyaa guyyaatti quunnamuf jaalala fi dhugaa kee hiruuf na gargaari.” Kadhannaa kana yoo kadhatte Waaqayyo jireenya kee keessatti waan dinqii hojjeta.

### *Gaaffilee Maree:*

*1. Lubbuu gara Yesusitti fiduuf yoo hojjetetta ta'e waan tokko beekuu qabda: kun yeroo hunda salphaa miti, salphaa dhaa? Eeyyee, dhugaadhumatti, Waaqayyo qofaatu onnee jijjiiruu danda'a, garuu inni ogummaa isaatiin qaama adeemsa kanaa akka taanuuf nutty dhimma ba'uuf nu filate. Lubbuu tokkoof illee hojjechuun yeroo, obsadhama'uu fi jaalala olii dhalate barbaada. Yesusiif dhuga baatuu bu'a qabeessa ta'uu akka dandeessuuf mataa keettii du'uuf kan si gargaaru filannoo attamii gochuu dandeessa?*

*2. Namoonni gooftaa hin beekne ati isaanii quunnamtu eenyu fa'i? Isaanitti dhugaa ba'uuf maal goote, yookiin maal gochaa jirta, yookiin maal gochuu qabda?*

*3. Waa'ee Saa'ol nama Tarsees yaadi. Asitti nama isaatti dhi'aa-tee akka inni hin jijjiiraminitti yaadu tokko argina. Waan isa irratti ta'e beekna. Kun waa'ee balaa duubaan ilaalanii dafanii namatti faraduu (murteessuu) maal nutty hima?*

*4. Seenaa Saa'oliin yaada keessa ka'aachuudhaan heertuu Maat.7:6 irratti "Foon aarsaadhaaf qulqullaa'e sarootaaf hin kenninaa! Callee keessan akka isaan hin dhidhiinnetti booyyee dura hin buusinaa! Isinumatti garagalanii isin in kukkutu'o"-jedhu attamitti ilaalla?*

## Humna Kadhannaa: Warra Kaaniif Araara Kadhachuu

SANBATA WAAREE BOODA:

**Barumsa Torban Kanaaf Qayyabadhu:** Mul. 12:7–9, Efee. 6:12, Ibr. 7:25, Efee. 1:15–21, Daan. 10:10–14, 1 Yoha. 5:14–16.

**Heertuu Yaadannoo:** “Yoos dhukkubbattii akka fayyifam-tanitti cubbuu keessan walitti himadhaa, waliifis kadhada! Kadhannaan nama qajeelaa waan baay’ee hojjechuu in danda’a” Yaaq.5:16.

**M**iseensonni waldaa kakuu haaraa barbaachisummaan kadhannaa isaanitti dhaga’ama ture.

“Isaan kadhata afaanii fixuunii fi iddoon isaan itti walitti qabaman socho’uun, wal faana ta’e. Hundumti isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamanii, dubbii Waaqayyoo ija jabummaadhaan dubbachaa turan” (H/Erg.4:31). Kadhannaa bartootaa yaadadhu. Hafuura Qulqulluutiin gutamanii sagalee Waaqayyoo ija jabinaan yookiin ofitti amanuudhaan dubbatan.

Kadhannaa isaanii, guutamuu Hafuura Qulqulluu fi sagalee Waaqayyoo humnaan dubbachuu isaanii gidduu hariirootu jira. “Bartoonni ... eebba ofii isaanii qofaaf hin gaaffanne. Ba’aan fayyina lubbuu isaanitti ulfaatee ture. Wangeelli biyya lafaa ga’uu akka qabu hubataniiru, humna isa Kiristos isaan abadachiises kan isaanii godhatanii fudhatan.” Ellen G. White, *The Acts of the Apostles*, p. 37.

Namoota kan biraaf araara yeroo kadhannu Waaqayyoo gara isaatti akka dhi’aannuu fi isaan bira geenyee mootummaa isaaf isaan qopheessuudhaaf ogummaa nuuf kennuuf onnee keenya keessatti

hojjeta(Yaaq.1:5). Karaa nuyi arguu hin dandeenyeen yookiin guutummaatti hubachuu hin dandeenyeen gara isaatti akka dhi'ataniif jireenya isaanii keessatti humna cimaadhaan hojjeta (1Yoh.5:14-17).

**DILBATA**

**Adoolessa 19**

## **Wallaansoo Yunvarsii**

*Mul. 12:7-9, Efee 6:12, fi 2 Qor. 10:4 wal bira qabii ilaali.Heertuwwan kun hubannaa kadhannaa araaraa keenyaa attamittiin dhiibu?*

---

Macaafni Qulqulluun golgaa waan argamuu fi hin argamne gidduu jiru kaasa. Gaarii fi hamaa gidduu, humna qajeelummaa fi humna dukkanaa gidduu, Kiristosii fi Seexana gidduu wallaansootu jira. Wallaansoo yunivarsii kana keessatti Waaqayyo biliisummaa dhala namaa in kabaja. Inni fedha namaa hin dirqisiisu, sammuu namaas hin dhiibu. Inni Dhugaa waaqaatiin dhiirotaa fi durboota amansiisuuf Hafuura Qulqulluu gara isaaniitti erga(Yoh.16:7,8). Ergamoonni samii gara jireenya barabaraatti namoota dhiibuuf wallaansoo gidduu seenu (Heb.1:14). Waaqayyo gara ofii isaatti isaan harkisuuf jecha jireenya namoota keessa taatewwaan tokko tokkoon seena.

Wanti Waaqayyo hin goone tokko garuu sammuu dirqisiisuu dhiisuu isaati. Dirqisiisuun faallaa mootummaa Waaqayyooti. Dirqamni qajeelfama jaalalaa isa bu'uura mootummaa isaa ta'een morma. Kadhannaan kan inni barbaachise asitti. Waaqayyo waan hundummaa gochuu akkuma danda'u utuu nuyi hin kadhatin namoota bira ga'uu yoo danda'e illee, kadhannaan keenya humna Waaqayyoo isa guddaa hiikee gadi dhiisa. Mirga filannaa namoota biraaf kad-

hachuu keenyaa in kabaja, yeroo nuyi kadhannu isa yeroo nuyi hin kadhatinii irra caalaa wallaansoo gaarii fi hamaa gidduu jiru irratti waan guddaa godha.

Jecha kana of eeggannaadhaan ilaali, “Isa yeroo nuyi hin kadhatin nuuf hin kenning ture deebii kadhannaa amntii keenyaa nuuf deebisuun kutaa kaayyoo Waaqayyoo keessa jira.” Ellen G. White, *The Great Controversy*, p. 525. Wallaansoo gaarii fi hamaa gidduu jiru irratti kadhannaa garaagarummaa uumsa. Nama Kiristosii hin beekneef yeroo kadhannu daandii eebba waaqaa gara jireenya isaaniitti yaasutu banama. Waaqayyoo isaaniif akka kadhannuuf filannoo keenya in kabaja, humna addaatiinis isaaniif in hojjeta.

Mata duree kadhannaa araaraa keessatti hojii Waaqayyoo guutummaatti hubachuu akka hin dandeenye fudhachuu qabna, garuu kun eebba kadhannaa mataa keenyaa fi namoota biroof kadhachuu irraa argamu keessa akka hin seenneef nu daangessuu hin qabu.

*Yeroo nuyi kadhannaa dagannu irra caalaa yeroo nuyi kadhannu Waaqayyoo humna guddaadhaan kan inni hojjetuuf maaliif? Akka inni itti ta’u guutummaatti yoo hubachuu baanne illee namoota biroof akka kadhannuuf Macaafni Qulqulluun maaliif nu gorsa?*

WIIXATA

Adoolessa 20

### Yesus: Araarsaa Jabaa

*Luq.3:21; 5:16 fi Luq.9:18 dubbisi. Jireenya kadhannaa Yesusii fi milka'insa tajaajila isaa gidduu hariiroo jiru irratti heertuwwan kun maal nutty himu?*

---

Jireenyi Yesus hariiroo gargar hin cinneen abba isaa isa waaqa ir-

---

raa wajjin walitti hidhamee jira. Yeroo inni cuuphamee tajaajila Masihii eegaluuf ka'e kaayyoo samii raawwachuuf humna waaqaa kadhate. Fedha abbaa isaatii akka hojjetuu fi hojii fuula isaa duraas akka raawwatuuf Hafuurri Qulqulluun isa jabeesse. Yeroo namoota kuma shan nyaachise, yeroo lamxii fayyise yookiin seexannaan kan qabaman biliisomse wallaansoo gaarii fi hamaa gidduutti kadhannaan meeshaa cimaa humnoota si'ooliin duubatti deebisu ta'uu isaa hubateera. Kadhannaan dadhabinaa fi gargaarsa kan hin qabne ta'uu keenya humna Waaqayyoo isa jabaa wajjin walitti fidnuudhaaf karaa Waaqayyo kaa'edha. Inni karaa ittiin gara Waaqayyoo isa onnee namoota nuyi isaaniif kadhannuu tuquu danda'uutti mataa keenya ol qabannu dha.

***Luq.22:31-34 fi Ibr.7:25 dubbisi. Qorumsa yeroo dhi'ootti isa mudachuuf jiruuf akka qophaa'uutti Yesus Pheexrosiif maal mirkanneesse? Yeroo qorumsi nu mudatu nuufis abdi maalii nuuf kenna?***

---

Lubbuu deebisuutti bu'aa qaboota kan ta'an dhiirotaa fi durboota kadhannaati. Yesus Pheexrosiif maqaadhaan kadhate. Qorumsa jabaa isa mudatu keessatti akka isaaf kadhattu isaaf mirkaneesse. Seexanni mootummaa Waaqayyoo babal'isuuf dandeetti Pheexros qabu gaarii godhee hubateera. Inni dhiibbaa gaarii Pheexros waldaa kiristiyaanaa keessatti godhu balleessuuf karoora isaaf danda'amu hundumaa qopheesseera. Garuu qorumsa isaa hundumaa keessatti Yesus Pheexrosiif in kadhate, kadhannaan gooftaas deebii argateera. Fayyisaan nuyifis akka kadhatu hubachuun attam haqa ajaa'ibsiisaadha. Hojii kadhannaa araaraa keessatti isaa wajjin akka taanuu fi namoota kan biroo maqaa dhoofnee teessoo isaa duratti akka dhi'eessinuuf nu waama.



Utuu walirraa hin kutin kadhachuun keenya namoota dhuunfaa nuyi isaaniif kadhachaa jirru bira ga'uuf Waaqayyo irratti raawwannee hirkachuu keenya argisiisa.

*Amma eenyuuf kadhachaa jirta? Haalli isaa cimaa yoo ta'e illee kadhannaa dhaabuu dhiisuun hammam barbaachisa?*

**KIBXATA**

**Adoolessa 21**

### **Kadhannaa Araaraa Phaawulos**

Kadhannaan araaraa Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa'edha. Phaawulos tajaajila isaa keessatti amantoota haaraa waldaa kees-saa warra tajaajila yaalii wangeelaatiin bu'uuresseef kadhata. Phaawulos wanti utuun inni hin kadhatin hin raawwatamne yeroo inni kahatu akka raawwatamu amaneera. Warra jaallatu irraa yoo adda ba'e illee yeroo waliif kadhatan hafuuraan tokko ta'uu akka danda'an hubateera.

*Efee.1:15-21 dubbisi. Bakka duwwaa armaan gadii irratti kadhannaa Phaawulos warra Efeesoniif kadhate tarreessi. Addumaan Waaqayyo maal akka isaaniif kennu kadhate?*

---

Kadhannaan Phaawulos amantoota Efeesoniif kadhate adda. Inni sammu isaaniif dhugaa hafuuraatiin ibsuu fi abdiif jireenya barabaraa isaaniif akka kennuuf ogummaa fi hubannaa hafuura Waaqayyoon isaaniif kadhate. Akkasumas hojii humna Waaqayyoo isa jabaa jireenya isaaniif keessatti akka shaakalaniif kadhate. Waaqayyo inni Yesusiin du'aa kaase kun humna qabeessa fi jabaa waan ta'eef bu'uurri abdiif jireenya barabaraa isa keessa jira. Inni “badhaadhummaa ulfina Kiristosii fi “dhaala isaa” isaan yaadachiisuudhaan kadhannaa isaa goolaba. Kiristiyaanonni Efeeson akka Phaawulos isaaniif kadhataa fi waa'ee maalii akka isaaniif kadhata beekuudhaan jajjabinaan guutamuu qabu.

*Fili.1:3-11 dubbisii sagalee kadhannaa Phaawulosiin yaadaan qabi.Utuu miseensa waldaa Filiphisiyyuus taatee xalayyaa kana fakkaatu Phaawulos harkaa fuutee, siif kadhachuu qofa utuu hin taane qabiyyee kadhannaa isaatii utuu siif hiree, maaltu sitti dhaga'ama, maaliif sitti dhaga'amas? Sagalee isaa keessa abdii attamiitu jira? Gorsa attamiitu keessatti argamas?*

---

*Kanneen kun jechoota Macaafa Qulqulluu ol nama qabaniif fi jechoota jajjabinaa abdiidhaan guutamaniidha, isa keessa ta'uudhaan waan ta'uu dandeenyu hundumaa akka taanuuf, jaalalaa, beekumsaa fi hubannaa Yesusiin beekuudhaan argamuun akka guutamnuuf kan Waaqayyo nuuf karoorseedha.*

**ROOBII**

**Adoolessa 22**

### **Humnoota Ijaan Hin Argamne Hojii Irra Jiran**

Lola hamaa fi gaarii gidduu jiru isa nuyi “wallaansoo isa guddaa” jennee waamnu keessatti kadhannaan araaraa meeshaa jabaadha. Mul’atni wallaansoo kanaa ifa kan ba’e Daani’eel 10 keessatti.

Yihudoonni warra Baabiloniif kan gabrooman waggoota torbatamaaf ta’uu isaa isa Ermiyaas raaje in yaadatta. Yeroon raajii inni waa’ee boojuu Baabiloon dubbatu kun gara xumuraatti kan dhufe jireenya Daani’eel gara xumuraa keessa ture. Daani’eelis xiyyeefannoo itti kenne. Inni raawwii jechoota Ermiyaasiif kan ta’u raga muraasa arge. Sabni isaa amma illee garbummaa jala jiru.

Baabiloon mootummaa Meedoonii fi Faarsiin injifatamtee turte, garuu Yihudoonni amma illee gabrummaa jalatti hafanii jiru. Daani’eel turban sadiif soomee kadhate. Inni murannoodhaan saba isaaf araara kadhate. Xumura turban sadaffaatti ergamaa kabajaatu isatti mul’ate.

***Daan.10:10-14 dubbisi. Kadhannaan Daani'eel yoom dhaga'ame, yeroof kadhannaan isaa maaltu daangesse ture?***

---

Kun heertuu nama hawwatuudha. Guutummaatti hubachuuf mee wantoota achi keessatti barreefaman tokko tokko adda haa baafnu. Angafni (ergamaan guddichi) mootummaa Faares eenyu? Dhugaadhumatti kun Qiirros miti. Inni mootii Faaresi. Jechi “Angafa mootummaa Faares” jedhu seexana bakka bu’a. Yesus “ab-boomaa biyya lafaa” yookiin “isa biyya lafaa seerattu” jedhee waame (Yoh.12:31; 14:30). Phaawulos immoo “gooftummaa hafuura Waaqa keessa jiraatu” ittiin jedhe (Efe.6:12). Angafni mootummaa Faares Seexana erga ta’ee Mikaa’el immoo eenyu? Jechi Mikaa’el jedhu Macaafa Qulqulluu keessatti si’a shan dhimma itti ba’ame (Mul. 12:7; Yihu. 9; Daan. 10:13, 21; fi Daan. 12:1). Mikaa’el inni maqaan isaa “eenyu kan akka Waaqayyoo” jechuutti hiikamu, lola Seexanaa wajjinii keessatti jecha biraa Yesus ajajaa ergamootaa ta’uu isaa ibsuuf kenname ta’uu isaa qorannaan heertuu kanaa in mul’isa. Kiristos ilma Waaqayyoo isa barabaraan jiraatu, isa durumaa kaasee ture, fi waan hundumaa irratti humna qabuudha. Akka ajajaa ergamoota hundaatti, hojiin isaa seexana injifachuu fi raawwatee balleessuudha.

Daani’eel 10 golgaa saaquudhaan wallaansoo hamaa fi gaarii gidduu jiru argisiisa. Yeroo Daani’eel kadhate Mikaa’el, Yesus inni jabaan, humna du’aa duubatti deebisuuf samii irraa gadi bu’e. Yoo nuyi hin arginu ta’e illee kadhannaan araaraa keenya deebisuuf Yesus hojii irra jira. Kadhannaan keenya tokko illee hin dagatamu.

***Jireenya kee keessatti isa ta’u irraa ka’uudhaanlola guddaan qabatamaa ta’uu isaa attamitti argita? Wallaansoon kun qabatamaa ta’uun isaa maalummaa filannoo ati godhachuu qabduu maal sitti hima?***

## **Xiyyeefannoo Kadhannaa**

Guutummaa Macaafa Qulqulluu keessa xiyyeefannoo kadhannaatu jira. Kadhannaan kajeellaa lubbuu hiikkaa hin qabne miti. Inni gaaffii addaatiif Waaqayyoon afeera. Yesus bartoota isaaf addummaan kadhate. Ergamaan Phaawulos kiristiyaanota Efeesoniif, Warra Filiphisiyuusii fi Qolaasaayisiif addumaan kadhate. Inni dargaggoota isaa wajjin hojjetan warra akka Ximootewos, Tiitosii fi Yohannis Maarqosiif kadhateera.

***1Saam.12:22-24 fi Iyoob 16:21 dubbisi. Heertuun kun lamaan maaliin wal fakkaatu? Waa'ee kadhannaas araaraa maal nutty himu?***

---

---

Saamu'eelii fi Iyoob addummaa kadhannaa araaraa murannoo fi onnee irraa ka'ee godhamuu irratti xiyyeefatu. Jechi Saamu'eel cimaadha. Inni "isiniif kadhachuu dhiisuudhaan Waaqayyo duratti cubbuu hojjechuun immoo ana irraa haa fagaatu" jedhee iyya (1Sam.12:23). Kadhannaa Saamu'eel kana jecha Iyoob keessattis argachuu dandeenya , "namni namaa fi Waaqayyoon walitti araarsu utuu argamee attam gaarii dha! (Iyoob 16:21). Dhiirotaa fi durboota Kiristosiin hin beekneef kadhachuun hojii keenya.

***1Yoh.5:14-16 dubbisi. Yeroo nuyi namoota kan biraaf kadhannu maaltu ta'a?***

---

---

Yeroo namoota kan biraaf kadhannu ujummoo eebba Waaqayyoo taana. Bishaan jireenyaa teessoo samii jalaa burqu karaa keenya

isaaniif lolaasa. Macci seexanaa hundumtuu sagalee kadhannaa araaraa kuttannaadhaan ta'u yeroo dhaga'an in rommu (in raafamu). Ellen G. Waayit humna kadhannaa akkas jechuudhaan ibsiti: "Seexanni jabinaa fi aangoo isaa Yesus) duratti sodaadhaan waan rom'uuf humna isaa isa ittiin dorgomu qabatee jiraachuu hin danda'u. Sagalee kadhannaa onnee irraa ka'een macci seexanaa hundumtuu in rom'uu." Testimonies for the Church, vol. 1, p. 346. Lola lubbuu dhiirotaa fi durbootaa badanii keessatti kadhannaan madda humna waaqaa wajjin walitti nu hidha.

***Maat.18:18,19 dubbisi. Heertuun kun kadhannaa araaraa wajjin hariiroo attamii qaba, fayyina namoota gooftaa hin beekneef namoota kan biraa wajjin kadhachuu ilaalchisee heertuun kun attamitti nu jajjabeessa?***

## JIMAATA

## Adoolessa 24

***Yaada Dabalataa:*** Macaafa Ellen G. White, Steps to Christ jedhu boqonnaa "The Privilege of Prayer," jedhu fuula 93–104, fi Testimonies for the Church, vol. 7 mataa duree "Work for Church Members," jedhu fuula 19–24 dubbisi.

Yeroo nuyi namoota kan biraaf kadhannu humna jireenya namootaa jijjiiruu kennuudhaan Waaqayyo of kennuu fi humna isaatti hirkachuu keenya kabaja. Akkuma kadhannaan keenya teessoo isaa bira ga'een ergamoonni samii ajaja isaatiin hojii irra oolchu. "Ergamoonni tajaajilan kadhannaa murannoo fi amantii jiraataadhaan dhi'aateef dafanii deebii kennuuf teessoo dura dhaabbatanii ajaja Kiristosiin eeggatu." Ellen G. White, Selected Messages, book 2, p. 377. Kadhaannaan tokko illee akka hin badne, tokko illee fuula Waaqayyoo duraa akka hin dagatamne abdii qabna. Yeroo fi bakka isaaf wayyutti deebisuuf samii keessatti kuufamanii jiru. "Kadhannaan amantii hin gamu; garuu yeroo hundumaa karaa nuyi bar-

baannee fi waanta nuyi yaadne irratti nuuf deebi'a jennee yaaduun tilmaama." Ellen G. White, Testimonies for the Church, vol. 1, p. 231. Hidhata gaa'eelaa keenya, ijoollee dhiiraa fi durbaa keenya, firoota, michootaa fi namoota wajjin hojjennu warra Kiristosiin hin beekneef kadhachuuf kun attam nu jajjaabessa. Kadhannaan dhugaatti kadhanne tokko illee in badu. Namoota isaaniif kadhaneef deebii atattamaa arguu dhiisuu dandeenya, garuu karaa nuyi jireenya barbaraa keessatti arguu dandeenyuun Waaqayyo onnee isaanii irra nannaa'a.

### **Gaaffilee Maree:**

*1.Fili.1:19; Qol.4:2,3 fi 2 Tasa.3:1,2 dubbisi. Yeroo hidhamuu isaa keessa sababa kadhannaa warra Filiphisiyyus irraa kan ka'e Phaawulos abdii maalii qaba ture? Bakka isaa ta'anii akka kadhaniif warra Qolaasiyaasii fi warra Tasaloonqee maal gaafate? Kadhannaan araaraa kun lubbuu deebisuu wajjin hariiroo maalii qaba?*

*2.Haqummaa lola isa guddaa fi dugda duuba seenaa addunyaa nuyi keessa jiraannuu keessatti seenaa inni qabu irratti xiyyeef-adhu. Waa'ee lola kanaa beekumsi ati qabdu barbaachisummaa kadhannaa hubachuuf attamitti si gargaara? Eeyyee, Yesus loli-cha mo'eera, warri isa cina dhaabbatanis gara xumuraatti akka mo'an beekna. Garuu yeroo kana isaaf amanamuu fi fayyina namoota kan biraaf hojjechuuf kadhachuun maaliif barbaachise?*

*3.Jireenya kadhannaa araaraa bu'a qabeessa ta'e akka hin jiraanneef danqaan jiru maal fa'ii? Warra kadhannaa keenya barbaadaniif kadhachuuf danqamneera yoo ta'e danqaa sanaaf sababni nuyi dhi'eesinu maal?*

## Barumsa 5ffaa

Adoolessa 25-31

### Dhuga Ba'umsa Hafuuraan Kakaafame

SANBATA WAAREE BOODA

Barumsa Torban Kanaaf Qayyabadhu: Yoha 15:26, 27; H/Erg 2:41, 42; 8:4; Ibr. 4:12; H/ Erg. 17:33, 34; 18:8.

**Heertuu Yaadannoo: Isaan kadhata afaanii fixuunii fi iddoon isaan itti walitti qabaman socho'uun, wal faana ta'e. Hundumti isaaniis hafuura qulqulluudhaan guutamani, dubbii Waaqayyoo ija jabummaadhaan dubbachaa turan' H/Erg4:31**

**Y**eroo Yesus amantoonni durii “gara biyya lafaa dhaqanii wangeela akka lallabaniif” abboome ergama hin danda’amne fakkaata ture (Maar.16:15). Qom qabaa guddaa kana attamitti raawwachuun danda’anii? Lakkoobsaan xiqqoo turan. Qabeenyi isaaniis daangefamaa ture. Namoota barumsa guddaa hin qabne amantoota dasiiba turan. Garuu Waaqa addaa ergama addaa raawwachuuf humna isaaniif kennu qabu turan.

Garuu Yesus akkas jedhee dubbatee ture, “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu’u, humna in godhattu; Yersaalemiti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu isaaniin jedhe” H/Erg.1:8. Humna Hafuura Qulqulluutiin guutamuun ergaa fannoo isa jireenya jijjiiruu fi humna addunyaa jijjiiru of keessaa qabu hiruuf isaan dandeesise. Hafuurri Qulqulluun dhuga ba’umsa isaani bu’a qabeessa taasise. Waggoota kurnana muraasa keessatti wangeelli guutummaa addunyaa irratti dhiibbaa uume. Amantoonni jalqabaa kun “biyya lafaa garagagalchan” jedhamee H/Ergamootaa keessatti barreefamee jira (H/Erg.17:6). Ergamaan Phaawulos itti dabalee wangeelli

“Wangeelichi waaqa jalaa uumama hundumaatti lallabamee jira” (Qol.1:23) jedhee dubbate. Torban kana dhuga ba’umsa Kiristosiif goonu humnaan guutuuf shoora Hafuurri Qulqulluun taphatu irratti xiyyeefanna.

## DILBATA

## Adoolessa 26

### Yesusii fi Abdii Hafuura Qulqulluu

Yesus waa’ee isaaniin dhiisee gara samiitti ol ba’uu fi waa’ee deebi’ee dhufuu isaa yeroo dubbate abdii Hafuura Qulqulluu wajjin gara isaanii dhufe. “Dhuguman isinitti hima, yoon adeeme isiniif wayya; yoon adeemuu dhaabaadhe inni isiniif dubbatu gara keessan hin dhufu; ani yoon dhaqe garuu isa isiniifan erga” (Yoh.16:7). Kan isin “jabeessu” isa jedhu hiikni afaan Giriikii “parakletos” jedha. Innis “gargaarsaaf cina kan dhaabbatu” jechuudha. Hojiin Hafuura Qulqulluu inni guddaan hojii dhuga ba’umsa isaanii keessatti isaan geggeessuu fi humna itti gochuuf isaan cina dhaabbachuudha. Yesusiif yeroo dhugaa baanu qofaa keenya miti. Gara namoota onnee amanamaatiin dhugaa barbaadaniitti nu qajeelchuuf Hafuurri Qulqulluun nu cina dhaabbata. Utuu nuyi isaan hin quunnamin fuula dura inni onnee isaanii qopheessa. Sammuu isaanii amansiisuuf inni jechoota keenya nuuf qajeelcha, waamicha isaatiif deebii akka kennaniif immoo isaan jabeessa.

***Yoh.15:26, 27 fi Yoh.16:8 dubbisi. Heertuuleen kun shoora Hafuurri Qulqulluun dhuga ba’umsa keessatti qabu irratti maal dubbatu?***

---

Hafuurri Qulqulluun Yesusiif dhugaa ba’a. Kaayyoon isaa namoota gara Yesusitti geessuu dha. Shoora kana keessatti itti gaafatamummaa amantoonni dhuga ba’umsaaf qaban isaan amansiisa. Namoota naannoo keenyaa keessatti fedhiin akka jiru arginuu fi ergaa



wangeelaa fudhachuuf haala mijeessuuf ija keenya nuuf bana.

Wangeelli Yohannis akkas jedhee dubbata. Inni “ biyya lafaa in hubachiisa” (Yoh.16:8). Jecha biraatiin, inni miira Waaqayyo irra adda ba'uu fi barbaachisummaa qalbii jijjiirannaa gadi fagoo isaan keessa kaa'uudhaaf onnee isaanii irra socho'a (naanna'a). Inni biyya lafaa “waa'ee qajeelummaa” in hubachiisa. Hafuurri Qulqulluun cubbuu mul'isuu qofa utuu hin taane qajeelummaas nu barsiisa. Inni faallaa xura'uummaa keenyaa ulfina qajeelummaa Yesusiin nutty mul'isa. Hojiin Hafuura Qulqulluu hammam gadhee akka taane argisiisuu qofa utuu hin taane, Yesus fakkeenya isaatti nu qirxuuf (nu tolchuuf) hammam akka nu jaallatu, attam gaarii, garraamii fi gara laafessa akka ta'e argisiisuudha.

Dhuga ba'umsi Yesusiin ol qabuudhaaf Hafuura Qulqulluu wajjin walii galuudha. Humna hafuuraa fi qajeelfama isaa jalatti dinqii Kiristos isa jireenya keenya jijjiire dhugaa baana.

***Lubbuudhaaf hojjechuuf hawwu keessatti jijjiiruu kan danda'u Hafuura Qulqulluudha malee nuyi jijjiiruu akka hin dandeenye yaadachuu kan nuyi qabnuuf maaliif?***

**WIIXATA**

**Adoolessa 27**

### **Waldaa Humna Qabdu**

Macaafni Hojii Ergamootaa “Hojii Hafuura Qulqulluu” jedhamuun isaa sirrii ture. Dhuga ba'umsi, wangeela labsuunii fi guddinni waldaa achi keessatti ta'e gammachiisaa ture. Hojiin Ergamootaa seenaa amantoota of kennanii, Hafuura Qulqulluudhaan guutamanii fi addunyaa Kiristosiif booji'aniiti. Isaan hojii dinqisiisaa raawwachuuf guutummaadhumatti Hafuura Qulqulluu irratti hirkatan. Hafuura Qulqulluuf karaa dhiirotaa fi durboota isaaf raawwatanii of kennan maal raawwachuu akka danda'an isa an fakkeenya .

*H/ Erg. 2:41, 42; 4:4, 31; 5:14, 42; 6:7; fi H/Erg. 16:5 dubbisi. Waa'ee ergaa kanaa maaltu sitti dhaga'ama? Ergaan Luqaas inni barreessaa macaafa H/ Ergamootaa ta'e karaa guddina ariifachiisaa kanaa hiruu barbaade maal?*

---

---

Luqaas Macaafa H/Ergamootaa barreessuudhaan hojii Hafuura Qulqulluu waldaa bara jalqabaa keessaa dubbistoota hundumaaf hiruu yaade.

Sochii Hafuura Qulqulluu jaarraa jalqabaa madaaluuf lakkoobsatti fayyadamuu akka inni hin shakkine yaadadhu. Inni namoota cuuphaman lakka'aa ture. H/Erg.2:41 irratti, guyyaa tokkotti, bakka tokkotti 3000 cuuphamuu isaanii dubbata. H/Erg.4:4 irratti immoo namoonni 5000 cuuphamuu isaanii dubbata. H/Erg.5:14 irratti namoonni hedduun gara gooftaa dhufanii cuuphaman jedha.

Namoota dhuunfaa kan akka Lidiyaa, egduu mana sirreessaa Fliphisiyyuus, xumboree hafuura hamaan qabamtee turte, yookiin murattee Etiyoopiyaa illee yoo ta'e hojii Hafuurri Qulqulluun onnee namoota kanaa irratti hojjete Luqaas galmeesseera. As keesatti qabxiin barbaachisaan, lakkoobsa guddaa kana duuba nama dhuunfaa, mucaa Waaqayyoo kan Yesus du'eefu dhaabbatee jira. Eeyyee, lakkoobsa guddaa in jaallanna, garuu gara xumuraatti dhuga ba'umsi yaalii tokkoo fi tokkoo ti.

***Guddina Waldaa kakuu haaraa ariifachiisuuf waldoota haaraatu ijaarame. Waldaan bara jalqabaa akka dafee guddatu kan godhe sababni inni tokko waldoonni utuu walirraa hin kutin waldaa haaraa ijaaruudhaan haarefamuu isaaniiti. Har'a kun nuuf ergaa barbaachisaa maalii qaba?***

*Xiyyeefannoo waldaa kakuu haaraa inni jalqabaa ergama. Waldaa keenya keessatti ergamni wiirtuu waan goonuu hundumaa ta'uu isaa attamitti mirkaneefachuu dandeenya?*

**KIBXATA**

**Adoolessa 28**

### **Hafuura Qulqulluu fi Dhuga-Ba'umsa**

Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti Hafuurri Qulqulluun humnaan mul'ate. Inni karaa amantoota bifa garagaraatiin gooftaaf dhugaa ba'anii hojjete. Aadaa diinummaa wangeelaa qabu keessatti dhugaa ba'uudhaan qorumsaa fi qom qabaa isaan mudate hundumaa akka danda'aniif isaan jabeesse. Inni gara namoota onnee amanamaatiin dhugaa barbaadaniitti isaan qajeelche. Inni utuu amntoonni gara magaalota sanaa hin dhaqin fuula dura onnee namoota magaalota sana keessa jiranii qopheesse. Inni balbala isaan in banama jedhanii hin yaadne bane dubbii fi gochaa isaanii immoo humnaan guute.

*H/Erg. Acts 7:55; 8:29; 11:15; 15:28, 29; fi H/Erg. 16:6–10 dubbisi. Heertulee Macaafa Qulqulluu caqafaman kana keessatti Hafuurri Qulqulluun dhuga ba'umsa bartootaa attamitti gargaare? Jecha biraatiin, haalota kana keessatti karaan garagaraa Hafuurri Qulqulluun ittiin hojjete maal fa'i?*

---

Jaarraa jalqabaa keessa tajaajilli garagaraa Hafuurri Qulqulluun godhe ajaa'ibsiisa ture. Muuxannoon armaan olii gochaa isaa keessaa akka fakkeenyaatti caqafamaniiru. Namoota gara laafina hin qabnee fi of to'annaa dhabuudhaan dhagaadhaan isa rukkutan sana duratti gooftaadhaaf akka dhugaa ba'u Isxifaanosiin jabeessuudhaan. Karaa dinqii ta'een Filiphosiin gara nama Itiyoopiyaa isa dhugaa barbaaduutti qajeelchuudhaan ardiin Afirriikaa wangeelaaf

akka banamu taasise. Yeroo ormoonni amanan kennaa Hafuura Qulqulluu fudhatan Pheexrosiif milikkita kenne. Yeroo dhimma dhagna qabaa irratti gargar cabuun uumame inni waldaa gara tokkummaatti fide, ardiin Awuroophaa guutummaan lallabbii wangeelaa isa kara ergamaa Phaawulosiin ta'eef akka banamu taasise.

Hafuurri Qulqulluun waldaa kakuu haaraa keessatti hojjechaa ture, jireenya waldaa har'aa keessattis in hojjeta. Inni humnaan nu guutuu, nu jabeessuu, nu barsiisuu, nu qajeelchuu, nu tokkummeessuu fi gara ergama addunyaa isa dhiirotaa fi durboota gara Yesusii fi gara dhugaa isaatti geessuutti nu erguu barbaada.

Qabxiin nuyi yaadachuu qabnu inni har'a illee taanaan akkuma bara ergamootaa fi akka waldaa bara jalqabaa akka hojjetu dha.

*Humni Hafuura Qulqulluu jireenya keenya keessatti deebii akka argatuu fi mataa keenya isaaf banamaa gochuuf guyyaa guyyaatti wanti nuyi gochuu dandeenyu maal? Karaa keenyaa fi nu keessatti hojjechuu akka inni danda'u gochuuf filannoon qajeelaan nuyi gochuu dandeenyu maal?*

## ROOBII

## Adoolessa 29

### Hafuura Qulqulluu, Sagalichaa fi Dhuga-Ba'umsa

Sagaleen Waaqayyoo onnee dhuga ba'umsa waldaa kakuu haaraa ture. Lallabni Pheexros inni guyyaa Pheenxaaqosxee Kiristos Masihii ta'uu isaa mirkanneessuuf macaafa Kakuu moofaa keessaa kan fudhatame ture. Dhuga ba'umsi Isxiifanoos inni gara du'aatti isa geesse seenaa Israa'el isa kakuu moofaa keessaa irra deebi'ee dubbachuu ture. Pheexros “dubbii Waaqayyo Israa'eliif erge” (H/Erg.10:36) dubbate, seenaa du'aa ka'uus Qorneeleevoosiif hire. Ergamaan Phaawulos raajii kakuu moofaa isa guddaa waa'ee dhufaatii Masihii irra dedeebi'ee dubbate; Filiphoosisi barbaachi-

summaa masihii isa Isaayaas 53 keessatti raajame namicha Itiyoo-piyaa dhugaa barbaaduuf ibse. Haalota kana hundumaa keessatti bartoonni sagalee Waaqayyoo labsan malee kan mataa isaanii hin dubbanne. Sagaleen Hafuuraan barreefame bu'uura aangoo isaanii ture.

***H/Erg.4:4,31;8:4;13:48,49;17:2;18:24,25 dubbisi. Heertuun kun waa'ee hariiroo Hafuura Qulqulluu, sagalee Waaqayyoo fi dhuga ba'umsa waldaa kakuu haaraa maal nu barsiisu?***

---

---

Hafuura Qulqulluu isa macaafni Qulqulluun akka barreefamuu ka-kaasetu karadhuma sagalichaa lubbuu jijjiiruudhaafis hojjeta. Sagalee Waaqayyoo keessa humna lubbuu deebisu jira, sababni isaa inni sagalee Kiristos isa jiraataa dha.

***2 Phex.1:21 fi Ibr.4:12 dubbisi. Sagaleen Waaqayyoo lubbuu jijjiiruuf humna qabeessa kan inni ta'eef maaliif?***

---

---

Humni uumaa inni biyya lafaa gara jiraachisuuttu fide sagalee Waaqayyoo keessa jira. Sagaleen kun humna kenna; lubbuus in godhachiisa. Ajaji hundumtuu lubbuu keessatti fedhaan yoo fudhatame abdi jireenya isa daangaa hin qabne sanaa fidee dhufa. Inni eenyummaa jijjiira, lubbuus bifa Waaqayyootti deebisee uuma.” Ellen G. White, Education, p. 126.

Macaafni Qulqulluun humna lubbuu jijjiiru akkasii kan inni qabuuf sababa Hafuurri Qulqulluun inni Macaafa Qulqulluu barreessuuf namoota kakaase yeroo nuyi isa dubbifnu sababa nu kakaasuu fi nu jijjiiruuf. Yeroo nuyi namoota biraa wajjin sagalee Waaqayyoo hirmaannu Hafuurri Qulqulluun karaa sagalichaa isaan kakaasee

jireenya isaanii jijjiiruuf hojjeta. Waaqayyo sagalee keenya utuu hin taane sagalee isaa eebbisuuf waadaa seeneera. Humni tilmaama namaa keessa utuu hin taane sgalee Waaqayyoo keessa jira.

**KAMISA**

**Adoolessa 30**

### **Humna Hafuura Qulqulluu Isa Jireenya Jijjiiru**

Waaqayyo karaa hafuura isaatii jireenya namootaa keessatti dinqii akka hojjetu qorannoon Macaafa Hojii Ergamootaa in mul'isa. Hojiin Ergamootaa qorannoo dhumma wangeelli aadaa qaxxaamuree injifachuu isaa, jireenyaa fi amala badaa bu'uuraan gadi fagaate jijjiiruu isaa, fi namoota hundumaa ayyaanaa fi dhugaa Kiristosiin barsiisuu irratti ta'eedha. Hafuurri Qulqulluun namoota bakka isaan jiranitti gara isaanii dhaqa, garuu achitti isaan hin dhiisu. Isaan argamuu isaatiin jijjiiramu. Jireenyi isaanii in haarefama.

*H/Erg.16:11–15,23–34;17:33,34; fi H/erg. 18:8. Dubbisi. Isaan kun seenaa jijjiiramaa Macaafa Qulqulluu keessa jiran keessaa muraasa. Barreefamni garagaraa waa'ee humna Waaqayyoo isa haala garagaraa keessaa jireenya namootaa fayyisuu maal barsiisu?*

---

Namoota dinqisiisoo garagaraa attamii turanii. Liidiyaan Yihudii daladalatti milkoofte turte, egduun mana sirreessaa Filiphisiyyus hojjetaa mootummaa sadarkaa gidu galeessaa jiraatu ture. Hafuurri Qulqulluun hawaasa sadarkaa hundumaa keessa jiran bira ga'uu in danda'a. Humni haareessuu isaatii dhiirotaa fi durboota, sooressaa fi hiyyeessa, isa baratee fi isa hin baratin bira ga'uu in danda'a.

Tarreefama keenya keessaa seenaan xumuraa lamaan adda. H/Erg.17:34 waa'ee jijjiiramuu Diiyoniisiyos isa Aariyophaagos

dubbata. Aariyophaagos inni kan warra Ateenaa qaama abbooti seeraa dhaaddachi yaa'ii qorataniiti. Isaan hawaasa Girikii keessatti kabajamoo fi baay'ee beekamoodha.

Tajaajilli ergamaa Phaawulos karaa humna Hafuura Qulqulluu hawaasa sadarkaa olaanaa bira ga'ee ture. Kiriisphos (H/Erg.18:8) geggeessaa mana sagadaa Yihudootaa ture. Inni geggeessaa amantii yaada kakuu moofa warra Yihudootaan liqimfamee ture, Hafuurri qulqulluun cabsee seenuudhaan jireenya isaa jijjiire. Seenaan kun yeroo nuyi Kiristosiif dhugaa baanuu fi sagalee isaa warra kaaniif hirru Hafuurri Qulqulluun jireenya namoota haala, aadaa, sadarkaa barnootaa fi amantii gargaraa irra jiran keessatti waan addaa akka hojjetu argisiisa. Eenyu bira ga'amu akka danda'uu fi akka hin dandeenye tilmaamuu hin qabnu, hin dandeenyus. Hojiin keenya kan jireenya keenyatti dhufe nama kamii fi hundumatti dhugaa ba'uudha. Isa hafe Gooftaan in hojjeta.

***Du'uun gooftaa addunyaadhaafi; inni sanyii namaa hundumaaf du'e. Dhugaan cimaan kun tilmaama namni tokko abdi fayyinaan ala jira jedhu irratti maal nu barsiisa?***

## JIMAATA

## Adoolessa 31

***Yaada Dabalataa:*** Macaafa Ellen G. Waayie, The Acts of the Apostles mata duree “The Gift of the Spirit,” jedhu fuula 47–56, fi The Desire of Ages irraa mata duree “ ‘Let Not Your Heart Be Troubled,’” jedhu fuula 667–672 irraa dubbisi.

Adeemsa fayyinaa keessatti Hafuurri Qulqulluun Abbaa fi Ilmaa wajjin walii galee hojjeta. Sochii dhuga ba'umsa keenyaa keessatti hojii namoota fayyisuu isaa keessatti isa waliin taana. Inni onnee in amansiisa. Inni balbala in bana. Karaa sagalee isaatii sammuu saaqee dhugaa in mul'isa. Inni garaagarummaa isa nu gabroomfate in cabsa, qooddaa aadaa mul'ata dhugaa keenya daangessu inni in

injifata, fuunca amala gadhee(badaa) nu hidhe irraas nu hiika.

Yeroo Yesusiif dhugaa baanu Hafuura Qulqulluu wajjin walii gallee akka hojjenu yaadachuun barbaachisaadha. Utuu nuyi hin dhaqin fuula dura onneen ergaa wangeelaa akka fudhatuuf qopheessuuf achitti argama. Yeroo nuyi gaarummaa argisiifnu, dhuga ba'umsa keenya kenninu, qorannaa Macaafa Qulqulluu geggeesinu, barreef-amoota xixxiqoo kenninu, yookiin yaalii wangeelaa goonu achitti argamee sammuu isaanii irra naannaa'a. Erga nuyi achii adeemnee booda gara beekumsa dhugaatti geessuuf onnee nama dhuunfaa sanaa irratti hojjechuu itti fufa.

### **Gaaffilee Maree:**

*1. Yeroo itti Hafuurri Qulqulluun karaa dhuga ba'umsa keetii humnaan hojjechaa jiraachuun isaa sitti dhaga'ame garee barumsa sanbataa kee wajjin mari'adhu.*

*2. Amantii kee hiruuf naasuun yookiin sodaan sitti dhaga'amee beekaa? Tajaajila Hafuura Qulqulluu beekuun attamitti soda sana xiqqeessee dhuga ba'umsa kee keessatti abdii siif kenne?*

*3. Torban kana dhuga ba'umsa keessatti waa'ee hojii Hafuura Qulqulluu dubbaneerra. Yaalii dhuga ba'umsa keenyaa keessatti karaa garagaraa Hafuurri Qulqulluun hojjetu irratti mari'adhaa. Yeroo nuyi dhugaa baanu jireenya namoota kan biro keessatti hojjechuuf Hafuurri Qulqulluun attamitti nu hidhachiise?*

*4. Barumsi kun Macaafni Qulqulluun dhuga ba'umsa keessatti wiirtuu ta'uu isaa dubbata. Amantii fi dhuga ba'umsa keenya keessatti macaafni Qulqulluun maaliif hammana barbaachisaa ta'e? Macaafa Qulqulluutti in amannaa utuu jennuu kiyyoo dhuga ba'umsaa fi aangoo Macaafa Qulqulluu dadhabsiisu hambisuu attamitti dandeenya?*



## Dandeettii Daangaa Hin Qabne

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: 1 Qor. 12:12, Maat. 3:16–18, 1 Qor. 12:7, 1 Qor. 1:4–9, Maat. 25:14–30.

**Heertuu Yaadannoo:** “Hafuurri innumti tokkichi sun hojii kana hundumaa hojjetamuudhaan in ga’a; inni akka jaalala isaatti tokkon tokkon namaaf kennaa addaa in hira” (1Qor.12:11).

**W**aaqayyo akka nuyi isaaf dhugaa baanuuf nu waama (H/Erg.1:8; Isa43:10). Dhuga ba’umsi kannaa addaa namoonni muraasi qofaan qaban miti. Dhuga ba’umsi kiristiyaanota hundumaaf waamicha waaqayyooti.

Waaqayyoon duratti waamamuu keenya ibsuuf Macaafni Qulqulluun jechoota garagaraatti dhimma ba’a. Nuyi “ifa biyya lafaa”, “bakka bu’oota kiristos” “mootummaa luboota” jedhamna (Maat.5:14; 2Qor.5:20; 1Phex.2:9). Waaqni akka dhugaa baanuu fi tajaajilluuf nu waamu hojichaafis nu hidhachiisa. Inni amantoota hundumaaf kennaa hafuura in hira. Waaqayyo warra ga’umsa qaban hin waamu. Warruma waame ga’aa taasisa. Akkuma warra amananiif fayyina tola kennu, kennaa isaas akkasumatti kenna.

Akkuma mataa keenya Waaqayyoof, jireenya keenya immoo tajaajila isaaf dabarsinee kennineen tajaajiluuf dandeettiin nuyi qabaannu kan dhuma hin qabne ta’a. “Ofii isaa dhiisee onnee isaa keessatti Hafuura Qulqulluuf iddoo kan kennuu fi jireenya guutummaatti waaqayyoof kenname kan jiraatuuf bu’a qabeessummaan isaa daangaa hin qabu.” Ellen G. White, The Ministry of Healing, p. 159.

Barumsa Torban kanaa keessatti, tajaajila karaa Hafuura Qulqulluu goonu keessatti dandeettii keenya isa daangaa hin qabne qoranna.

## DILBATA

## Hagayya 2

### **Kennaa Garaagaraa: Tajaajila Keessatti tokko ta'uu**

Bartoonni garaagarummaa akka qaban ilaalteettaa? Bakki isaan irraa dhufan, eenyummaan isaanii, amalli isaanii fi kennaan isaanii baay'ee garaagara. Garuu kun waldaadhaaf hanqina (liqii) miti. Inni jabina ture. Maatiwos inni qaraxxuu ture of eeggataa, sirrii ture. Faallaa isaa Pheexros dubbittii kan ariifatuu fi hinaafaa fi jarjaraa ture, garuu dandeettii bulchiinsaa uumamaa qabature. Indiriiyaas nama hawwasummaa beeku, naannoo isaa yaadaan kan ilaaluu fi namoota biraaf kan itti dhaga'amu ture. Toomaas uumamaan gaaffii baay'iisa, yeroo baay'ees in shakka. Bartoonni kun hundumtuu eenyummaa fi kennaa garaagaraa yoo qabaatan illee isaaf dhugaa ba'uu keessatti Waaqayyo humnaan itti dhimma ba'e.

***1Qor.12:12.13.18-22 dubbisi. Waldaa ishee dhagna Kiristos taate keessatti waa'ee barbaachisummaa namoota kennaa garaagaraa qabanii heertuun kana irraa maal hubanna?***

---

Waaqayyo namoota haala garaagaraa keessa jiranii fi kennaa fi dandeettii garaagaraa qaban fuudhee tajaajilaaf kennaa isaaniif kennutti in gammada. Dhagni Kiristos garee walfakkaataa namni hundumtuu garaagarummaa hin qabne miti. Inni gumii biyya tokkoo haala walfakkaatu tokkicha irraa dhufanii yaada tokko qabanii miti. Inni sochii namoota kennaa garaagaraa qabachuudhaan jaalala Kiristosii fi jaalala Macaafa Qulqulluutiin tokko ta'anii fi jaalalaa fi dhugaa isaa biyya lafaaf hiruuf of kennaniidha (Room.12:4; 1Qor.12:12). Miseensi dhagna Kiristos hundumtuu kennaa gara-

raa qabu, garuu hundumti isaanii barbaachisoodha; dhagni Kiristos fayyummaatti akka hojjetuuf namni kam illee in barbaachisa. Akkuma iji, gurri, fi funyaanni hojii garagaraa qaban garuu qaamaaf immoo barbaachisan, kennaan hundumtuu barbaachisoodha (1Qor.12:21,22).

Dhagna namaa of eeggannaadhaan yoo ilaalte bu'aan qaamaa isheen xiqqoon illee hojii barbaachisaa qabdi. Baallee ija keenyaa ilaalli. Baallee ijaa ishee xiqqoo fakkaattu utuu hin qabaannee maaltu ta'a? Awwaarri agartuu keenya dukkaneessa, bu'aan isaas badiisa fooya'uu hin dandeenye fida. Miseensi waldaa baay'ee "xiqqoo" fakkaatu bu'aa qaama Kiristos keessaa isa barbaachisaadha, Hafuura Qulqulluudhaanis kennaan kennameerafi. Kenna kana guutummaatti gooftaaf yeroo kenninu hundumti keenya garaagarummaa bu'aa barabaraa qabu uumna.

***Kennaan kee hammam illee yoo ta'e, wanti ati baay'ee gaarii itti hin taane, garuu waldaa keessa kan jiran kan biroon kan isaan qaban maal? Kun bakka kee isa sirri akka qabattuuf attamitti si gargaara?***

**WIIXATA**

**Hagayya 3**

**Waaqayyo: Isa Kenna Gaarii Hundumaa Kennu**

Akka 1Qor.12:11,18; Efe..4:7,8; fi Yaaq.1:17 tti Waaqayyo madda kenna hundumaa fi "kennaan guutuun hundumtuu" biraa dhufuu fha. Kanaaf, kenna sirriitti nuuf ta'u akka nuuf hiruu fi hojii isaa keessatti maqaa isaa ulfeessuuf dandettii keenyaatti akka fayyadamuu mirkaneefachuu in dandeenya.

***Maar.13:34 fi 1Qor.12:11 dubbisi. Waaqayyo kenna hafuuraa eenyuuf kenna?***

---

---

Macaafni Qulqulluun ifaadha. Namoota kan biraa wajjin wangeela hirmaachuu keessatti Waaqayyo nama hundumaaf hojii qaba. Fakkeenya Yesus isa inni waa'ee mana eegduu, abbaan manaa mana isaa akka eeganiif itti kennee keessatti hunduma isaaniitiif hojii hiree adeeme (Maar.13:34). Nama hundumaaf hojiin jira, Waaqayyos hojii yookiin tajaajila itti isaan waame fiixaan baasuu akka danda'aniif hundumaaf kenna kenna. Jireenya keenya Kiristosiif kennuudhaan cuuphaadhaan miseensa dhagna isaatii, (waldaa) yeroo taanu dhagna isaa tajaajiluu fi biyya lafaatti dhugaa ba'uu akka dandeenyutti Hafuurri Qulqulluun kenna nuuf hira.

Bara 1903, Ellen G. Waayit kenna Waaqayyo isaaf kenne tajaajila hojii isaatiif akka itti fayyadamuuf jajaabeessuuf nama tokkoof xalayaa barreesitee turte. "Nuyi hundumti keenya miseensa maatii Waaqayyoo ti. Yoo xiqatees yoo guddates makiliitii Waaqayyo biraa nutty kennaame qabna, isa fudhannetti fayyadamuuf immoo ittigaafatama qabna. Makiliitiin keenya yoo xiqqates yoo guddates hojii Waaqayyoo keessatti itti fayyadamuu qabna, kenna isatti kenname itti fayyadamuu keessatti immoo mirga nama hundumaa hubachuun in barbaachisa.

Qabeenya hafuura yookiin, kan dandheetii yookiin kan qaamaa xiqqoo hammamii illee akka gatii hin qabnetti ilaaluu hin qabnu." Letter 260, December 2, 1903.

***H/Erg.10:36-38; Maat.3:16-18 fi H/Erg.2:38-42 dubbisi. Heertuun kun abdiif Hafuura Qulqulluu isa yeroo cuphaa kennamuu maal nu barsiisu?***

---

Akkuma Yesus biyya lafaa tajaajiluuf guutummaatti isa hidhachisu fi qopheessuuf jecha yeroo cuuphame Hafuura Qulqulluudhaan dibamee ture, hundumti keenya yeroo cuuphamnu Hafuura

Qulqulluu abdachiifamneerra. Waldaa isaa fi biyya lafaa eebbisuuf Kenna hafuuraa nuuf hiruudhaan abdi sagalee isaatii akka nuuf raawwatu akka nuyi amannu Waaqayyo barbaada.

**KIBXATA**

**Hagayya 4**

### **Kaayyoo kennaawwan Hafuuraa**

*1Qor.12:7 fi Efe.4:11-16 dubbisi. Waaqayyo maaliif kenna hafuuraa amantoota hundumaaf hira? Kaayyoon kenna kanaas maali?*

---

---

---

Hennaawwaan hafuuraa kaayyoo hedduu qabu. Waaqayyo waldaan isaa hojii tajaajilaa akka fiixaan baaftuuf sooruu fi jabeesuuf kenna. Isaan waldaa tokko taatee biyya lafaa keessatti hojii isaa xumurtu qopheessuuf karoorfaman. Barreesitoonni Macaafa Qulqulluu fakkeenya kenna hafuuraa Waaqayyo waldaa isaaf kennu caqasaniiru, isaanis kan akka tajaajilaa, lallabuu, barsiisuu, jajjabeessuu fi kennuu dha. Akkasumas, waa'ee keessummeessuu, araara, gargaaruu fi gammachuu qabaachuu in dubbata. Waan achi keessatti caqafaman guutummaatti hubachuuf Room.12 fi 1 Qor.12 dubbisi.

Hariiroo kenna hafuuraa fi dandeettii uumamaa gidduu jiru in dinqifatta ta'a. Kenna hafuuraa tajaajila waldaa fi biyya lafaaf hojjechuuf amantoota hundumaa hidhachiisuuf karaa Hafuura Qulqulluu Waaqayyo biraa kennamuudha. Akkasumas, dandeettii uumamaa Hafuura Qulqulluudhaan qulqullaa'ee fi tajaajila Kiristos irra oole hammachuu danda'a. Dandeettiin uumamaa hundumtuu Waaqayyoon kennamu, garuu tajaajila Kiristos irra kan oolan hunda isaanii miti.

“Kennaawwaan hafuuraa adda ta’an kenna fakkeenya makiliitii keessatti ibsaman qofa miti. Isaan kenna fa dandeettii fudhataan hundumaa, kan dur jirus ta’e yookiin kan kennaman, kan uumamaas ta’e yookiin kan hafuuraa hundumaa hammatu. Hundumti isaanii hojii Kiristos irra ooluu qabu. Bartuu isaa ta’uu keessatti eenyummaa fi waan qabnu hundumaa isaaf dabarsinee kennuu qabna. Yeroo kana goonu ulfina isaatii fi eebba ilmaan namootaaf akka itti fayyadamnuuf kenna kana qulqulleessee, kabajamaa godhee nuuf deebisa.” Ellen G. White, Christ’s Object Lessons, p. 328.

Akkasumas, Waaqayyo miseensa hundumaa sooruu fi hidhachii-suuf kennaawwaan addaa kan akka kenna raajii dubbachuu, eegduu (soortuu), fi maanguddummaa, dhagna isaa keessatti kan barsiisaan waldaa keessa kaa’era (Efe.4:11,12). Hojiin bulchiisa waldaa hundumtuu miseensonni kenna hafuuraa isaanii akka beekanii fi dhagna Kiristosiin ijaaruuf kenna kanatti akka fayyadaman barsiisuudha.

***Dandeettiin uumamaa naannoo keetti bu’aa buusuu fi itti fayyadamaa jirtu, kan ittiin waldaas eebbisuu dandeessu ati qabdu maal fa’i?***

**ROOBII**

**Hagayya 5**

### **Kenna Kee Beekuu**

1Qor.1:4-9 fi 2Qor.1:20-22 wal bira qabii ilaali. Heertuwwaan kun waa’ee abdi Waaqayyoo addumaan immoo waa’ee kenna hafuuraa dhufaatii Kiristos dura kennamuu ilaalchisee maal nutty dubbatu?

---

---

---

Waaqayyo waldaan isaa deebi'ee dhufuu gooftaa fuula dura kennaa Hafuura Qulqulluu hundumaa akka mul'iftu abdachiisa. Abdiin isaas amansiisaadha. Inni gara abdiin inni nuuf kenne hubachuutti akka nu geggeessuuf dhuga ba'umsa Hafuura Qulqulluu onnee keenya keessatti nuuf kenneera. Kennaa kana kan nuuf kennuu fi karaa hafuura Qulqulluu kan nutty mul'isu Waaqayyoo dha.

**Luq.11:13; Yaaq.1:5 fi Maat.7:7 dubbisi . Kennaa Waaqayyo hunduma keenyaaf kenne beekuuf in hawwina yoo ta'e maal akka goonuuf nu waama?**

---

---

---

Yeroo mataa keenya Waaqayyoof lannuu fi kennaa inni nuuf kenne akka nutty mul'isuuf yeroo isa gaafannu kennaa hafuura in fudhanna. Onneen keenya kabaja mataa keenyaa irraa walaba yeroo ta'uu fi Yesuusiin tajaajiluu yeroo dursinu hafuurri isaa kennaa hafuura inni nuuf kenne nutty beeksiisa. “Bartoonni amantiif fi kadhannaadhaan hamma mataa isaanii hojii isaatiif guutummaatati dabarsanii kennanitti bu'uu Hafuura Qulqulluu hin fudhanne. Kana booda qabeenyi samii karaa addaa hordofoota Kiristosiif kenname.... Kennaan kun karaa Kiristosiin kan keenya ta'a, garuu qabeenya ofii godhachuun Hafuura Waaqayyoo fudhachuu irratti hunda'aa.” Ellen G. White, Christ's Object Lessons, p. 327.

Kennaan hafuura (1Qor.12:4-6) akka nuyi isa tajaajiluu keessatti bu'aa buufnuuf kan Waaqayyo nuuf kennuudha. Tajaajilli bakka nuyi kennaa keenya itti mul'ifnuudha, hojiin immoo taatee akka nuyi kennaa keenyatti fayyadamnuuf nuuf heyyamuudha (karaa nuuf banuudha). Kennaan hafuura guutummaatti guddatee nuuf dhufuu dhiisuu danda'a. Yeroo Hafuurri Qulqulluu tajaajila tokko sitti mul'isu kennaa kee addaatiin baatee akka hojjetuuf Waaqayyo akka si geggeessuuf kadhaddhu.

*Kennaan addaa ati qabduu maal fa'i, kennaan kana tajaajila gooftaa keessatti attamitti fooyyesuu dandeessa?*

**KAMISA**

**Hagayya 6**

### **Kennaan Keenya Guddisuu**

Fakkeenya makiliitii Maat.25 keessa jiru dubbisi. Seenaa kana keessatti yaada guddaa ta'ee sitti kan mul'atu maal? Garboonni warri jalqabaa lamaan maaliif galateefaman, inni xumuraa immoo maaliif itti faradame? Dandeetti keenyatti fayyadamuu ilaalchisee fakkeenyi kun maal nutty hima? Addumaan Maat.25:29 yaadadhu.

---

Gooftaan sun hunduma isaaniitiif akka humna isaaniitti (Maat.25:15) makiliitii isaanitti kenne. Hundi isaanii kennaan garagaraa fudhatan. Inni tokko makilitii shan, inni kaan lama, inni kaan tokko fudhate. Garboonni kun hundumtuu attamitti akka ittiin hojjetan yookiin makiliitii isaaniif kennametti fayyadaman filannoo qabu. As keessatti qabxiin barbaachisaan kan isaaniif kenname kun kan isaanii hin turre. Inni kan nama isaanitti kennee fi isaaniin gaafachuu danda'uuti.

Xiyyeefannoon gooftaa isaanii eenyutu makiiliitii guddaa qaba yookiin eenyutu xiqqaa qaba kan jedhu miti. Makiliitii hammamiitu isaanitti kennamee miti. Xiyyeefannoon guddaan kan isaanitti kennameen maal hojjetan kan jedhuudha.

Phaawulos 2Qor..8:12 keessatti akkas jedhee ka'aa, "namni kennuudhaaf qophaa'aa erga ta'ee, wanti inni dhi'eessu sun akka humna isaatti fudhatamaa ta'a malee, humna isaa gararraatti miti'." Yaadni Waaqayyoo hamma nuyi qabnu irra utuu hin taane irra caalaa wan-



ta qabnuun waan nuyi hojjeneedha.

Waaqayyo garboonni warri jalqabaa lamaa makilitii isaanitti waan fayyadamaniif in galateefate. Makilitiin isaanii ittiin hojjechuudhaan bay'aate. Garbichi "hamaan" sun makilitii gooftaan isatti kenneen waan hin hojjenneef hin baay'aanne. "seerri tajaajilaa hidhaa Waaqayyoo fi namaa wajjin walitti nu hidhu" ta'uun isaa dhugaa barabaraati. Ellen G. White, Christ's Object Lessons, p. 326. Garbichi hin amanamne sun carraa tajaajilaa isaa gar malee itti fayyadame, kana booda dandeettii tajaajila isaas in dhabe. Kenna Waaqayyo nuuf kenne ulfina isaaf yeroo itti fayyadamnu kennaan sun in baay'aatu, in bal'atu, in guddatus. Kenna Waaqayyo siif kennee attamitti hubatte? Tajaajila isaa keessatti bakka kamitti hojjechuu kee akka inni fedhu gad of deebisii Waaqayyoon gaafadhu. Akka inni si hubachiisetti itti seeni. Yeroo ati itti fayyadamtu kennaan kee in guddata, tajaajila isaa keessattis gammachuu argata.

*Waa'ee fakkeenya kanaa yaadii jireenya kee keessatti hojii irra oolchi. Waan Waaqayyoo siif kenneen waa'ee waan ati hojjechaa jirtuu maal sitti hima? (Waan Waaqayyo biraa siif kennames yaa-dadhu).*

## JIMAATA

## Hagayya 7

*Yaada Dabalataa:* Macaafa E.G. Waayit Christ's Object Lessons jedhu mata duree "Talentis" jedhu fuula 325-365 dubbisi.

Barsiisa Macaafa Qulqulluu waa'ee kenna hafuura sirriitti hubachuun tokkummaa waldaa fida. Hundumti keenya gati qabootaa fi miseensa qaama Kiristos keessatti barbaachifnu ta'uu keenya hubachuun yaada tokkummeessuudha. Miseensi waldaa hundumtuu ergama Kiristos raawwachuu keessatti in barbaachisa. Miseensi

hundinuu kennaa tajaajilaa qaba.

“Hundumtuu gooftaaf akka hojjetuuf hojiin kennameeraaf. Garboota isaa hundumaaf kennaan addaa yookiin makiliitiin kennameera. Isa tokkotti shan kenne, isa kaanitti lama kenne, isa kaanitti immoo tokko kenne; adduma addaan akka dandeettiitti kenname. Garbiichi kam illee adaraa (himaanaa) itti gaafatamu qaba; adaraan (himaanaan) nutty kenname immoo dandeettii garagaraa nuyi qabnuu wajjin wal qixa. Inni makiliitii akka humna garboota isaa warra ofii isaatii beekuutti hire, akkuma kanattis akka deebisaniif isaan irraa eega.” Ellen G. White, Testimonies for the Church, vol. 2, p. 282.

Kennaan hafuuraa ulfina mataa keenyaaf utuu hin taane ulfina Waaqayyoo kennamuu isaa yaadadhu. Waaqayyo maqaa isaa ol qabuu fi hojii isaa babal'isuus kenne.

### **Gaaffilee Maree:**

*1. Hundumti keenya Waaqayyo biraa kennaa fudhanneerra yaada jedhu irra turii ilaali. Kun waldaa keef wanta hojiitti hiikamu maal qaba? Miseensonni hundumtuu tajaajilatti akka hirmaataniif yaadni kun jijjiirama attamii fida?*

*2. Kennaan nama biraa attamitti akka si eebbise garee barumsa sanbataa keef hiri. Kennaa hafuuraa kee attamitti akka barte garee keef hiri. Kennaan kee maal jettee yaadda, namoota kan biraa eebisuuf attamitti itti fayyadamaa jirta?*

*3. Barumsi kun kennaan keenya yeroo itti fayyadamnu akka guddatu nu argisiisa. Kennaa Waaqayyo siif kenne ulfina maqaa isaaf yeroo itti fayyadamte akka inni babal'ate yaaduu in dandeessaa? Waan Waaqayyo siif kenneetti hammam amanamaa akka taate mataa kee gaafadhu.*

## Dubbicha Hiruu

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: Faar.119:105; Erm23:29; I-br.:1-3; 2Xim.3:14-17; 1Yoh.1:7-9; Lall.3:1,2; 2Xim.4:2

**Heertuu Yaadannoo:** "Akkasuma immoo dubbiin afaan koo keessaa bau, wanta ani fedhe hojjetee, wanta ani itti erges in raawwata malee, harka duwwaa gara kootti hin deebi'u." Isa.55:11

**Y**eroo dhugaa baanu waa'ee Yesusiin dubbanna. Garuu Macaafa Qulqulluu malee waa'ee Yesus attamitti beekna? Dhugaadhumatti, utuu Macaafa Qulqulluu hin qabaatin waa'ee wallaansoo isa guddaa, waa'ee jaalala Waaqayyoo, waa'ee dhaloota, jireenya, tajaajila, du'aa, du'aa ka'uu fi deebi'ee dhufuu gooftaa hammam beekuu dandeenya?

Uumamani humnaa fi guddina Waaqayyoo yoo nutty hime illee waa'ee karooraa fayyinaa nutty hin himu. Yesus Ifichi inni dhugaan, inni gara biyya lafaa dhufe, namoota hundumaaf" karaa Hafuura Qulqulluu in ibsa. (Yoh.1:9). Haa ta'u malee, dubbiin Waaqayyoo hin jiru ta'e guutummaan ibsa dhugaa Waaqayyoo, mul'atni Hafuura Qulqulluu onnee keenya keessatti daangefamaa ta'a. Sagaleen Waaqayyoo inni barreefame, Yesus isa dubbii jireenyaa ta'eef mul'ata guutuu fi ifaadha.

Geggeesitonni amantii sagalee Waaqayyoo yoo qoratan illee, baay'een isaanii ergaa isaa isa jalqabaa dagataniiru. Yesus akkas jedhe, "Caaffata qullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jetanii waan yaaddaniif, caaffatoota in qortu; caaffatoonni sunis im-

moo anaaf dhugaa in ba'u" (Yoh.5:39. Sirriitti yoo hubatame bar-siifni Macaafa Qulqulluu hundumtuu miidhagina amala Yesusiin callaqisiisa. Sagalee Waaqayyoo yeroo hirru (namaaf qoodnu) kaayyoon keenya inni jalqabaa dhugaa hirru hundumaa keessatti Yesusiin mul'isuudha malee, nuyi sirrii akka taane, namoonni kan biraan immoo sirrii akka hin ta'in mirkaneessuuf yaaluu miti.

## DILBATA

## Hagayya 9

### Fakkeenya Sagalee Waaqayyoo

*Faar. 119:105; Erm. 23:29, Luq. 8:11, fi Maat.4:4 dubbisi. Heertuulee kana keessatti sagalee Waaqayyoo ibsuuf fakkeenyonni itti dhimma ba'aman shaman maal fa'i? Sagalee Waaqayyoo bakka bu'uuf fakkeenyota kanatti kan dhimma ba'ameef maaliif jettee yaadda?*

---

Heertuu kana keessatti kan dhimma itti ba'ame fakkeenyonni garagaraa gochaa sagalee Waaqayyoo isa jalqabaa ibsu. Yeroo namoota kan biraa wajjin Macaafa Qulqulluu hirmaannu inni akka ifa isa dukkana ibsuuti. Yesus inni "ifa biyya lafaa" ta'e dakkanaa'ummaa hubannaa dhabuu eenyummaa Waaqayyoo fi uumama amala isaatii in cabsa. Sammuun eenyummaa Waaqayyoo hubachuu dadhabe sagalee Waaqayyootiin karaa Hafuura Qulqulluu in ifa.

Akka Ermiyaas dubbatutti sagaleen Waaqayyoo ibiddaa fi burrusaati. Inni kosii cubbuu jireenya keenya keessaa in guba, onnee jabaates in cabsa. Ulfina Yesus isa Macaafa Qulqulluu keessa jiru

akka arganiif namoota yeroo gargaarru onneen isaanii inni jabaate in caba; ibiddi jaalala isaatis kosii ofittummaa, kan sassataa, ka-jeellaa fi mataa ofii wiirtuu godhachuu hundumaa in guba.

Sagalee Waaqayyoo sayyittis in fakkeefama. Amalli sanyiin qabu jireenya kennuudha. Sanyiin guddachuuf yeroo fudhata. Sanyiin hundumtuu yeroo tokkicha hin biqilu. Mukeetiin hundumtus guddina wal qixaa hin guddatan. Garuu, haala gaarii keessatti, jireenyi inni sanyii keessa jiru biyyoo wajjin wal argachuudhaan gara jireenya haaraatti muttee biqila. Sanyii sagalee Waaqayyoo onnee fi sammuu namootaa keessatti yeroo facaafnu yeroo hundumaa bu'aa atattamaa eeguu hin qabnu, garuu sanyiin sun suuta guddata, Yoo isaan tutuqaa Hafuura Qulqulluutiif deebii kennan yeroo Waaqayyoo eeggatee makara mootummaa Waaqayyoof kan qophaa'e ta'a.

Yesus sagalee isaa budeenatti fakkeesse. Akkuma hundumti keenya beeknu wanti hamma buddeenii nama gammachiisu waan muraasa. Sagalee Waaqayyoo beela lubbuu keenyaa quubsa, fedhee hafuura keessa keenyaas huu guuta. Abdii sagalicha keessa jiru namoota kan biraaf yeroo hirtuu fi Yesus isa sgaalee jireenya ta'e akka argataniif yeroo gargaartu, jireenyi isaanii gaarummaa isaatiin jijjiirama, jaalala isaatiinis in harkifamu, ayyaana isaas in dinqifatu, argamuu isaatiinis in bohaaru.

***Wa'ee dhugaa Macaafa Qulqulluu keessaa beeknu qofa irra deebi'ii yaadi. Wanta inni hu barsiisu hammam qabeenya keenya akka godhanne kun maal nutty hima?***

**Humna Uumuu Sagalee Waaqayyoo Keessa Jiru**

*Ibr.1:1-3;4:12 fi Faar.33:6,9 keessa wal bira qabii ilaali. Heertuun kun waa'ee humna sagalee Waaqayyoo maal nutty dubbatu?*

---

---

Sagaleen Waaqayyoo dubbii jireenyaati. Inni humna waan dubbate ittii raawwatu of keessaa qaba. Sagaleen namaa waa'ee waan jirruu dubbata, Waaqayyo garuu waa'ee waan ta'ee hin jirree dubbata, kana booda immoo humna sagalicha keessa jiruun waan sana uuma. Sagaleen Waaqayyo humna uumu of keessaa qaba. Sagalee afaan isaa keessaa dhaga'amu waan inni dubbate hundumaa uumu in danda'a.

Seenaa uumama S/Uumamaa boqonnaa 1 keessa jechi "Waaqayyo jedhee" jedhu irra dedeebi'amee dubbatamee jira (Uuma. 1:3, 6, 11, 14, 20, 24, 26, 29).

Sagaleen Waaqayyoo humna yeroo inni dubbatu lafa gogaa mul'isu, mukeetii biqilchu, abaaboo daraarsu, ija mukeetii dagaagsuu fi bineeldota argamsiisu of keessaa qaba.

S/Uuma.1 keessa gochaa uumamaa Waaqayyoo ibsuuf jecha afaan Ibraa'isxii nama gammachiisutti dhimma ba'ame. Innis jecha bara jedhuudha. Jechi kun bifa kanaan yeroo dhi'aatu Waaqayyo waan hin jirre irraa waa uumuu isaa argisiisa. Gochimi kun kan fayyadu yeroo Waaqayyo matima ta'u qofa. Bara kan godhu Waaqayyo qofa, innis kana kan inni godhu karaa humna sagalee isaa isa dubbateeti.

Waaqayyo humna sagalee isaatiin addunyaa kana uume qofa hin dhiifne, kan inni jiraachisee fi kan inni hirkises karaa sagalee isaati.

Sagalee isaa isa barreefame keessa humni jiru akkauma humna isa sagalee dubbatame keessa jiruuti. Hafuura Qulqulluu isuma yeroo uumamaa hojjetetu Macaafni Qulqulluunis akka barreefamuu ka-kaase. Inni yeroo nuyi Macaafa Qulqulluu dubbifnus ta'e yeroo nuyi hirru nu bira jira. Sagalee Waaqayyoo keessa humna jireenya kennu, jireenya jijjiiruu fi humna uumutu jira. "Humni uumamaa inni biyya lafaa gara jiraachutti fide sagalee Waaqayyoo keessa jira. Sagaleen kun humna kenna, lubbuu godhachiisas. Abboommiin hundumtuu fedhaan yoo fudhatame, lubbuu keessatti yoo simatame abdi jireenya isa dhuma hin qabne sanaa ofii wajjin fida. Inni uumama jijjiira, lubbus bifa Waaqayyoootti deebisee uuma." Ellen G. White, Education, p. 126.

Abdi sagalee Waaqayyoo keessatti argamu dhuunfaa keenya yeroo godhannu jireenyi keenya in jijjiirama, abdi dinqisiisaa kana akka qabaataniif namoota yeroo gargaarru Hafuurri Qulqulluun jireenya isaanis in jijjiira.

*Yaadi: Waaqayyoo in dubbate kan inni dubbates in ta'e. Kun maal jechuu akka ta'e attamitti hubanna? Taateen dinqisiisaan kun waa'ee humna isaatii maal nutty hima? Dhugaan waa'ee humna uumuu Waaqayyoo kun kan nu jajjabeessu kan inni ta'eef maaliif?*

**KIBXATA**

**Hagayya 11**

### **Faayidaa Sagalee Waaqayyoo Qorachuun Qabu**

Faayiidaan Macaafa Qulqulluu qorachuu baay'eedha. Karaa abdi Macaafa Qulqulluu "hirmaatota amala waaqummaa isaa" (2Phex.1:4) ta'uu keenya ergamaan Pheexros in dubbata. Yaaqob immoo "Dubbi lubbuu keessan fayyisuu danda'u, isa kanaaf dhaabame sanas garraamummaadhaan fudhadhaa!" jedha (Yaaq.1:21). Phaawulosis itti dabalee "... isa isin jabeessu, qulqulloota isaa

hundumaa gidduudhaas dhaala isiniif kennuu danda'utti, dubbii ayyaana isaattis isin nan kennadha" (H/Erg.20:32) jedhee dubbata. Macaafni Qulqulluun kaayyoo fayyinaa qaba. Guutuummaa Macaafa Qulqulluu keessatti Yesusiin arguudhaan jijjiiramna. Sagalee isaa keessatti isa ilaaluudhaan gara isaatti jijjiiramna (2Qor.3:18). Ilaaluudhaan jijjiiramuun seera uumama hafuuraa fi kan sammuu. Sammuun mata duree irra turee qayabate tokkoo wajjin suuta suuta wal baraa adeema. Ellen G. White, The Great Controversy, p. 555.

***2Xim.3:14-17 fi Yoh.17:14-17 dubbisi. Faayidaan dabalataa Macaafa Qulqulluu qorachuudhaan argamu maal?***

---

---

---

Phaawulos ergamaan dargaggeessa isaa wajjin hojjetu Ximoote-woosiif barreessuudhaan Macaafa Qulqulluuf amanamaa akka ta'uu fi bu'aa qorannaa isaa irraa argamu akka hiruuf gorsa. Akka Phaawulos dubbatutti Macaafni Qulqulluun "barsiisuuf waa'ee baasa". Inni dhugaa mul'isee dogoggora immoo saaxila. Inni karora Waaqayyo ilmaan namaaf qabu tarreessa. Inni cubbuu keenya ifata, yaada dogoggoraa nuyi qabnu sirreessa, qajeelummaattis nu barsiisa. Macaafni Qulqulluun qajeelummaa Kiristosiin mul'isa. Inni kufaatii cubbuu keenyaa keessaa gara miidhagina tola isaatti nu geessa. Jaalala Yesus isa ofittummaa hin qabne ofittummaa keenyaa wajjin wal bira qabnee yeroo ilaallu, in dinqifanna. Gadi fageenya jaalalaa fi eegumsa isaa Macaafa Qulqulluu keessatti yeroo ilaallu jireenyi keenya in jijjiirama. Yeroo sagalee isaa namoota biraaf hirru isaanis in jijjiiramu. Sagalee isaa keessatti Yesusiin ilaaluudhaan akka isaa taana. Dhuga ba'umsi waa'ee wanta yaadnuu yookiin amannuu hiruu miti. Inni dhugaa barabaraa sagalee Waaqayyoo



keessa jiru hiruudha. Yeroo sagaleen Waaqayyoo jireenya keenya eebbisu akkamitti jireenya isaanis eebbisuu akka danda'u namoota biraatti himuuf himaanatu nu irra jira.

*Yeroo rakkinaa namummaa kee mudate turee fi akka itti sagaleen Waaqayyoo si jabesse yaadi. Muuxannoo sana irraa maal barte?*

**ROOBII**

**Hagayya 12**

### **Sagalee Waaqayyoo Hojii irra Oolchuu**

Namni tokko abdiin kuma sadii ta'an sagalee Waaqayyoo keessaa lakkaa'e. Abdiin kun hundumtuu onnee jaalala Waaqayyoo isa "humna isaa isa nu keessatti hojjetuun wanta nuyi kadhannuuf wanta nuyi yaaduu dandeenyu hundumaa irra safara malee caalchisee gochuu danda'u" keessaa dhufa (Efe.3:20). Abdiin Waaqayyoo inni hundumaa keenyaaf ofii isaa kennuu isaati. Abdiin kana amantiidhaan kan keenya yeroo godhannuu fi namoonni kan biraanis kan isaanii akka godhataniif yeroo barsiifnu eebbi Waaqayyoo jireenya keenyatti lola'aa. Phaawulos ergamaan Roomaa 8 keessatti dhugaa kana irratti xiyyeeffatee dubbata: "Waaqayyoo ilma isaa utuu hin mararsiifatin hunduma keenyaaf dabarsee erga kennee, waan hundumaas immoo ilma isaa wajjin tola nuuf hin kennuu ree?" Room.8:32. Ergamaan Pheexrosis akkas jechuudhaan abdiin kana ifa godha : "Gooftaan humna waaqayyummaa isaatiin gara jireenyaatti nu geessuuf, namoota Waaqayyoo nu godhachuudhaaf kana hundumaa nuuf kenneera" (2Phex. 1:3). Karaa du'a fannoo Kiristosii fi mo'icha inni Seexana, aangoo fi humnoota du'aa irratti argateen waan Waaqayyoon fakkaatanii jireenya hafuuraa jiraachuuf barbaachisu hundumaa kenneera. Akkasumas fedhii bu'uuraa kan foon keenyaas abdiin nuuf kenneera.

***1Yoh.1:7-9 fi Filip.4:13,19 wal bira qabii ilaali. Abdiin kun garaagara yoo ta'an illee, waa'ee amala Waaqayyoo maal nutty dubbatu? Abdiin kun jireenya kee irratti attamitti dhiibbaa geggeessa?***

---

---

---

Abdiin nuyi heertuu kana keessatti ilaalle waan garagaraa nutty himu, garuu bifti waaqayyii kan isaan nuuf keennan wal fakkaata. Isaan waaqa jaalalaa, kan dhiifamaa, humni isaa daangaa kan hin qabne, fi fedhii bu'uuraa keenyaaf eeggannoo nuuf godhu mul'isu. Eegumsi Waaqayyoo nuuf gadi fagoo ta'uu isaa nutty argisiisu.

***Ibr.3:19; 4:1-3 fi Maat.13:58 dubbisi. Waa'ee barbaachisummaa amantii heertuun kun maal nutty himu?***

---

---

---

Macaafa Qulqulluu keessa abdiin dinqisiisoo baay'eetu jira, sababa Kiristos nu abdachiiseef abdiin sagalee Waaqayyoo kana amantiidhaan kan keenya yeroo godhannu eebbi andii kanaa kan keenya ta'a. Wanta inni sagalee isaa keessatti abdachiise gochuu akka danda'u amantiidha dhabuudha abdiin kun jireenya keenya keessatti akka hin raawwatamneef kan daangessu. Torban kana gara nama abdiin sagalee Waaqayyoo keessa jiru barbaaduutti akka si geggeessuuf Waaqayyoon kadhaddhu.

## Dubbicha Hiruu

Oduun gammachiisaan hiruudhaafi. Oduu gammachiisaatiin jireenya kee keessatti yeroo gammadde yaadi. Yeroo itti fгаа'ela dhaabbachuuf haasa'atte, yeroo mucaan dhalate (tte), yeroo hojii haaraa argatte, yookiin yeroo konkolaataa yookiin mana haaraa bitatte ta'uu danda'a. yeroo kana gammachuu kee hiruuf qabachuu hin dandeessu.

Gammachuu keenya namoota biraaf hiruun dinqiidha, garuu guutuummaa addunyaatti oduun hunduma irra caalu seenaa Yesus. Sagalee isaa keessaa waa'ee fayyinaa waan haaraa yeroo hubannu onneen keenya gammachuudhaan guuta, nama kan biratti isa himuufis in hawwina. Yeroo angafoonni amantii lallaba ergamootaa dhaabuuf yaalan Pheexros akkas jedhee dubbate, “Nuyi garuu ofii keenyaa kan arginee fi kan dhageenye himuu dhiisuu hin dandeenyu jedhan!” (H/Erg.4:10).

Nama gara Kiristosiin dhufeef fedhii onnee irraa ka'een Yesusii michuu attamii akka argate nama kan biraatti beeksisuu irra kan caalu hin jiru, dhugaan fayyisuu fi qulleessu onnee isaa keessatti dhokachuu hin danda'u. Qajeelummaa Kiristosiin yoo uffannee fi hafuura isaa isa nu keessa jirutti gammachuudhaan yoo guutamne nagaa arganne qabannee taa'uu hin dandeenyu.” Ellen G. White, Steps to Christ, p.78.

Roomaa 1:14-16 keessatti Phaawulos akkas jedhee barreesse: “Ani saba hundumaafuu, warra Giriikotaa fi warra Giriikota hin ta'iniifis, warra beektotaa fi warra wallaalotaafis kanan itti gaafatamu gatiitu ana irra jira. kaanaaf, ani isin warra Roomaa jiraattanitti immoo Wangeela lallabuudhaaf dhimmamaa dha. Ani wangeelatti hin yeella'u, inni humna Waaqayyo isa warra amantii qaban hundu-

maa, duraan dursee warra Yihudootaa akkasumas warra Giriikotaa fayyisuu dha.” Phaawulos ergamaan waa’ee seenaa jijjiirama isaati dubbachuuf hin dadhabu. Onneen isaa gammachuu waa’ee Yesu-siin kan guutame ture. Isaaf oduu gammachiisaa jechuun hiruudhaafi, callisus hin dandeenye.

***Isaa. 50:4, Lalla. 3:1, fi 2 Xim. 4:2 waa’ee sagalee Waaqayyoo hiruu qajeelfama barbaachisaa attamii nuuf kennu?***

---

Yeroo nuyi jireenya keenya Kiristosii fi tajaajila isaaf laannu inni “dubbii yerootti barbaachisu akka dubbannuuf” yookiin warra onneen isaanii banameef yeroo sirriitti akka dubbannuuf carraa balbalaa nuuf bana. Dhuga ba’umsa keenya hundumaa keessatti qajeelfama Macaafa Qulqulluu sadii eegu qabna: Maal akka dubbannu, attamitti akka isa dubbannu fi yoom akka isa dubbannu.

***Namoonni ati wajjiniin wal quunnamtu eenyu fa’i, attamittis isaanitti dhugaa baata?***

## **JIMAATA**

## **Hagayya 14**

***Yaada Dabalataa:*** Macaafa Ellen G. Waayit, Steps to Christ irraa mata duree “A Knowledge of God,” jedhu fuula 87–91, Gospel Workers irraa “Bible Readings With Families,” fuula 192–193, fi Evangelism “Bible Work Techniques,” fuula 481–486 dubbisi.

Waaqayyo naannoo keenya hundumaatti onnee irratti hojjechaa jira. Akka Waaqayyo hojjechaa jiru arguuf hubannaa hafuuraa yoo qabaanne sagalee isaa namoota kan biraaf hiruuf carraa barbaanna. Yeroo Waaqayyo garaa namootaa qopheessu nuyi immoo sanyii wangeelaa facaasuuf carraa arganna. Hafuurri Qulqulluun onnee Niqodimoosiin, kan dubartii ishee burqaa bishaanii bira turtee, kan

dubartii ishee dhiigni ishee waggoota baay'eef dhangala'ee, kan hattuu isa fannoo irra turee, angafa dhibbaa warra Roomaa fi namoota kan biraa baay'ee utuu Yesus isaan bira hin dhaqin qopheessee ture. Karaa haala jireenya isaanii fi karaa Hafuura Qulqulluu ergaa Yesusiin fudhachuuf kan qopha'an turan.

Namootaaf kadhachuuf, abdi Macaafa Qulqulluu isaaniif hiruuf, yookiin barreefamoota xixiqqoo isaaniif hiruuf uumamaan namoota shakkan ta'uu dandeenya. Isa yeroo namootaaf waa'ee amantii keenyaa hiruuf miiraan tutuqamnu irra caalaa isa Hafuurri Qulqulluun dhuga ba'umsa keenya akka fudhataniif dursee tutuqutu caala.

### **Gaaffilee Maree:**

*1. Yoo namni tokko miirri yakkaa cimaan itti dhaga'amee, Waaqayyo biraa dhiifama argachuuf hawwuudhaan gara kee dhufe gorsa attamii kennitaaf, heertuu Macaafa Qulqulluu attamii hirtaaf? Waa'ee miira yakkaa fi humna cubbuu dhiisuu Waaqayyoo irratti muuxannoon jireenya keetii attam?*

*2. Yeroo tokko tokko Waaqayyo namoota gara jireenya keenyaatti erga, sababni isaa dhugaa akka isaan baran waan barbaaduuf. Geggeessaan waaqayyoo kun attamitti nutty dhaga'am?*

*3. Waa'ee humna Waaqayyoo fi sagalee Waaqayyoo isa karaa seenaa uumamaa fi karaa uumamaa mataa isaa mul'ate irratti xiyeefadhu. Qabiyyee yunivarsii isa guddaa fi bal'aa hubachuu dandeenya ta'a. Waaqayyo inni isa uume immoo isa uumame irra caalaa guddaa ta'uu qaba. Waaqayyo inni nuyi tajaajillu humna qabeessa ta'uu isaa beekuu keessaa attamitti jajjabina arganna? Humna qabeessa ta'uu isaa qofa utuu hin taane nu jaallatas. Waa'ee Waaqayyoo wantoota kana beekuun abdi guddaa attamii nuuf kennuu danda'a? Beekumsi kun waa'ee isaa namoota biraatti dhugaa ba'uuf attamitti nu gargaaruu danda'a?*

## Akka Yesusitti Tajaajiluu

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: Maat.5 :13,14;Fili.2:15; Maar.12:34; Efe.4:15; Maat.4:23-25; 25:31-46.

**Heertuu Yaadannoo: "Inni namoota akka hoolota tiksee hin qabneetti bututanii, gatamanii turan sana yommuu arge isaaniif oo'e" (Maat.9:36).**

**Y**esus dhugaadhumatti namootaaf kunuunsa godhe. Fedhaa fi dhimma isaanii isa kan ofii isaa irra caalchisee fedha gudaadhaan ilaale. Jireenyi isaa guutummaatti namoota wiirtuu kan godhate ture. Inni gara laafinaa fi jaalalaan isaan tajaajile. Inni fedha qaamaa, kan sammuu fi miira namoota naannoo isaatii guute, kanaaf onneen isaanii dhugaa hafuura inni barsiisuuf baname. Yeroo inni warra lamxaa'an qulleessu, yeroo inni ija jaamebanu, gurra dude dhageessisu, seexanoota baasu, warra beela'an nyaachisuu fi warra rakkatan gargaaruonneen isaanii in tuqama, jireenyi isaanis in jijjiirama.

Dhugaadhumatti isaaniif dhimmuu isaa namoonni Sababa arganiif dhugaa hafuura inni bersiiseef banamoo ta'an. "Namoota bira ga'uudhaaf milkaa'insa dhugaa kan fidu tooftaa Yesus qofa. Fayyisaan waan gaarii isaaniif hawwuudhaan namootatti makame. Inni gara laafina isaaniif qabu isaanitti mul'ise, fedha isaaniitiif hojjetta (tajaajile), yaada isaanii booji'e. Kana booda 'na duukaa bu'aa' isaaniin jedhe." Ellen G. White, The Ministry of Healing, p. 143.

Yesus biyyi lafaa akkuma lallabbii wangeelaa barbaaddu, wangeela itti mul'isus (hojiidhaan itti argisiisus) akka barbaaddu hubate. Dhuga ba'umsi jiraataan akka jireenya Kiristosiin warra kan biraa tajaajiluuf kenname sagalee nuyi dubbannuuf dhuga ba'umsa humna qabeessa, dhuga ba'umsa keenyas amansiisaa taasisa.

## DILBATA

## Hagayya 16

### Ilaalcha Yesus Namootaaf Qabu

Yesus yeroo hundumaa namoota keessatti waan gaarii ilaala. Waan wayyu isaan keessa baasa. Geggeesitoonni amantii bara isaatii wanti isaan ittiin isa ceepha'an tokko inni, "Namichi kun cubbamoota in simata isaanii wajjinis in nyaata" jedhan (Luq.15:2).

Ilaalchi isaan amantiif qaban keessatti hirmaannaa gochuu irra caalaa akka keessummaatti ilaaluu ture. Yeroo Yesus waa'ee ofii isaatii "Anoo warra gara-qajeelota waamuu hin dhufne, warra cubbamoota waamuufan dhufe malee" jedhee dubbate in dinqifatan (Maat.9:13).

Amantiin fariisotaa fi Saaduqootaa ofi irraa fageessuu dha. Yaadni isaanii " faalama cubbuu irraa fagaachuuf waan siif danda'amu hundumaa godhi" kan jedhuudha . Barsiifni Yesus garuu adda ture. Addunyaa ishee boolla bofaa taate kana irraa fagaachuuf utuu hin taane fayyisuuf dhufe. "Inni ifa biyya lafaa" ture (Yoh.8:12).

***Maat.5:13-14 dubbisi. Yesus hordoftoota isaa kan argisiisu fakkeenyota attamii lamatti dhimma ba'e? Fakkeenyota addaa kanatti maaliif dhimma ba'e jettee yaadda? Yoh.1:9; 12:46; Fili.2: 15.***

---

---

---

---

---

Soogiddi qabeenya bara durii keessaa isa baay'ee barbaachisaadha. Gati qabeessa waan tureef waraana Roomaa biratti akka qarshiitti ilaalama. Inni fakkeenya qabeenya guddaati. Akkasumas inni nyaatahalaa'uu irraa eega. Yesus hordofoota isaa sogiddatti yeroo fakkeesse sooreyyiin (duureyyii) dhugaan biyya lafaa kanaa namoota aango qabootaa fi sooreyyii biyya lafaa kanaa akka hin taane dubbachuu isaati. Duureyyiin biyya lafaa kanaa kiristiyaanota of kennanii mootummaa Waaqayyootiif jijjiirama fidaniidha. Gochaan jaalalaa inni ofittummaa hin qabne qilleensi biyya lafaa kanaa fi gaarummaan ishee akka hin tortorreef (hin haloofneef) eega.

Fakkeenyi lammaffaan Yesus Maat.5:14 irratti itti fayyadame “ifa biyya lafaa” isa jedhuudha. Ifti dukkana hin dhabamsiisu. Garuu dukkana keessatti ibsa. Dukkana irras adda hin ba'u. Dukkana keessa seenee dukkana ibsa. Hordofoonni Yesus dukkana hollaa isaanii, kan mandara isaanii, kan magaalaa isaanii keessa seenanii ulfina Waaqayyootiin biyya lafaa ibsuu qabu.

*Jecha Yesus Yoh.17:15-18 keessatti dubbate ilaaluudhaan biyya lafaa irraa adda ba'uu fi biyya lafaatti makamuu dhiisuu attamitti hubatta? Isaan kun waan tokkoo? Yesus hordofoota isaatiif yeroo kadhate isaan biyya lafaa keessa jiru, gariuu kan biyya lafaa miti yeroo jedhe maal jechuu isaati? Attamittis kana gochuu dandeenya?*

**WIIXATA**

**Hagayya 17**

### **Akkaataa itti Yesus Namoota Kunuunse**

Kaayyoon Yesus namoota keessaa waan gaarii baasuudha. Haalli jiru qom qabaa yeroo ta'u illee gaarummaadhumaan deebisa. Wangeelli Luqaas “dubbii gaarii afaan isaa keessaa ba'utti dinqifatan” jedhee dubbata (Luq.4:22), wangeelli Yohannis immoo itti dabaltee “ayyaannii fi dhugaan garuu Yesus Kristosiin argaman” jedhee



dubbata (Yoh.1:17). Dhi'aannan isaa diina hiikkachiisa. Jechoonni ayyaanaa inni dubbatu onnee tuqa.

***Maat.8:5-10 fi Maar.12:34 dubbisi. Namoota garagaraa lama, angafa dhibbaa warraa Roomaa fi beektuu Macaafaa Yihudii sanatti jechoonni Yesus dubbate abdii attamii of keessaa qabu?***

---

---

Jechoonni Yesus ajajaa waraanaa Roomaa sanatti dubbate jechoota warraaksaati. Yeroo Yesus ani amantii akkasii Israa'el keessatti hin argine ittiin jedhe ajajaa waraanaa kanatti maal akka itti dhaga'ame yaadi. Isa Yesus beektuu macaafaa Yihudii kanaan “ati mootummaa Waaqayyoo irraa fagoo miti” ittiin jedhe yaadi. Yesus namoota keessaa waan gaarii baasuuf dandeettii qaba. Wangeelaaf onnee namootaa kan banu wantoota xiqqoodha jennee yaadnu raawwachuudha. Namoota naannoo keetii keessatti waan gaarii ilaali, akka ati isaan jaallatus haa beekan.

***Isa.42:3; Qol.4:5, 6 fi Efe 4:15 wal bira qabii ilaali. Heertuun kun waa'ee amntii keenya namoota biraaf hiruu fi isaanii wajjin hariiroo qabaachuu qajeelfama barbaachisaa attamii barsiisu?***

---

---

Jechoonni keenya kan jajjabinaa fi ayyaanaan kan guutaman yeroo ta'an jireenya namoota biraa irratti dhiibbaa qajeelaa qabaatu. Jechoonni karaa Isaayaasiin raajiidhaan dubbataman Yesus “jajjaba buruqfame hin cabsu, fo'aa ibsaa isa seequs hin dhaamsu” jedhee dubbata. Jecha biraatiin nama gara amantii dhufe akka malee akka hin buruqsine yookiin ifa amantii xiqqoo onnee namootaa keessa jiru akka hin dhaamsineef gara laafummaadhaan akka of eegatu dubbachuu isaati.

Wanta nuyi dubbannu irra caalaa akkaataan nuyi itti dubbannu barbaachisaa kan inni ta'eef maaliif? Jecha kana attamitti wal fudhachiifta: “Dhugaan dhugaa waan ta'eef namoonni yoo barbaadan haa fudhatan yoo ta'uu baate immoo haa dhiisan” kan jedhu jechi dhugaan kun dogoggora attamii of keessaa qaba?

## KIBXATA

## Hagayya 18

### Tajaajila Fayyisuu Yesus: Kutaa 1ffaa

Tooftaan lallabbii wangeelaa gooftaa keenyaa waan inni dubbate yaadachuu fi barsiisa isa waraabbachuu irra kan drbeedha; inni akka lubbuu humnaa fi yaada haaraan kan guute ture. Guyyaa hundumaa namoota rakkina qaamaa, kan sammuu, kan miiraa fi kan hafuuraa qabanii wajjin gatiittiidhaan wal dhiibaa oolla. Yeroo nuyi qofummaa, gadda, fi miidhama onnee isaaniif quuqama argisiifnuu fi gammachuu, abdiif fi abjuu isaanii wajjin hirmaachuu feenu Yesus karaa keenya fedha kana isaaniif guutuu barbaada.

Yesus fedha isaanii isa gadi fagoo isaaniif guutuu akka danda'utti rakkoo namootatti dhaga'amu irratti hojjete. Dhimma rakkoo jireenyaa ofii isaaniitii furuu hin dandeenye isa baayee isaanitti dhaga'amuun isaan tajaajile. Tarii fedha tamboo aarsuu dhiisuu, ulfaatina qaamaa hir'isuu, nyaataa madalawaa argachuu, yookiin muddama irraa walaba ta'uuf fedha qabaachuu ta'uu danda'a. Tarii immoo nyaata argachuuf, mana qabaachuuf, dhimma dhukkubaas ta'uu danda'a. Tarii immoo gaa'ela hundeeachuuf yookiin maatii qabaachuuf fedhuu ta'uu danda'a.

Hariiroo Waaqayyoo wajjinii qabaachuu fi jireenyi isaanii immoo bu'aa barabaraa akka qabu hubachuun fedha ilmaan namootaa hundumaa keessaa isa guddaa caaluudha. Addunyaa hariiroo waaqaa wajjinii kute kana keessatti Waaqayyoo wajjin araaramuun fedha keenya isa xumuuraati.

*Seenaa namicha dhagni isaa gar tokko du'ee (Maat.9:1-7 fi dubartii ishee dhiigni ishee yeroo dheeraaf dhangala'ee Maar.5:25-34 dubbisi. Seenaa kana lamaan keessatti Yesus fayyummaa qaamaa fedha Waaqayyoo wajjin walitti araaramuu wal qabsiisuun isaa maal argisiisa?*

---

---

Tajaajilli fayyisuu Yesus kan qaamaa fi kan miiraa hammachuu irra kan darbuudha. Yesus waan ilmaan namootaa sababa cubbuutiif dhaban hundumaa deebisuu barbaada. Fayyinni qaamaa fayyummaa hafuuraa malee guutuu ta'uu hin danda'u. Fayyummaa qaamaa fi miira namootaa akka hawwinuuf jaalalli Waaqayyoo yoo nu kakaase, asittis ta'e jireenya barabaraa keessattis hafuuratti fayyummaa akka qabaataniif akka nuyi hawwinuufis nu kakaasuu in danda'a. Warri Yesus fayyisee ture kun hundinuu du'aniiru. Garuu fedhiin isaanii inni dhugaan hundumaa irra caalaa fayyummaa hafuuraati, akkas hin turree?

*Waldaan keenya hawwaasa keessatti fedhii namootaa guutuu fi dhugatti isaaniin kunuunsuu akka barbaannu isaanitti argisiisuuf kaka'umsa attamii qabdi? Waa'ee namoota hawaasa kee keessa jiranii yaadi. Jireenya namootaa jijjiiruuf waldaan maal gochaa jirti?*

**ROOBII**

**Hagayya 19**

**Tajaajila Fayyisuu Yesus: Kutaa 2ffaa**

*Maat.4:23-25 fi 9:35 dubbisi. Tajaajila Kiristosiif bu'uura kan ta'an dhi'aannaan sadii as keessatti caqafaman maal fa'i? Fedha namootaa attamitti guute, jireenya isaanii irrattis dhiibbaa attamii fide?*

---

---

---

Yesus tooftaa tajaajilaa sadii, barsiisuu, lallabuu fi fayyisuu walitti fide. Jireenya hiikkaa fi kaayyoo qabu akka jiraannuuf qajeelfama barabaraa nuuf hire. Akkas jedhe “ani garuu hoolonni jireenya haa qabaataniif, irraa hafaas haa qabaataniif dhufeera jedhe” Yoh.10:10. Tajaajilli isaa ayyaana irraa hafaa argisiise. Yesus ammas ta’e isa barabaraa keessattis jireenya irraa hafaa akka nuyi jiraannuuf dhufe.

***Maar.1:32-39 dubbisi. Yesus guyyaa guutuu dhukkubsatoota fayyisaa fi seexanoota baasaa oole. Guyyaa itti aanu kadhannaadhaaf yeroo erga fudhatee booda namoonni baay’een fayyuu utuma barbaadanii gara ganda biraa dhaquuf adeeme. Maaliif isaan hin fayyifnee? Sababa isaa lakkoobsa 38 fi 39 irratti hubannaan ilaali.***

---

Seenaan kun hubannaa guddaa namaaf kenna. Guyyaa darbe namoota hedduu fayyisee, guyyaa itti aanu Yesus namoota fayyina barbaadan sana dhiisee bakka biraa adeeme. Ibsi isaa kaayyoon inni gara lafaa dhufeef wangeela lallabuudhaaf. Yesus dinqii hojjechuu qofaaf hin dhufne. Inni ilma Waaqayyoo isa ergama fayyinaa (furi) of harkaa qabuudha. Inni dhukkuba qaamaa fayyisuu qofaatti hin quufu. Inni akka namoonni kennaa jireenya barabaraa isa inni kennuuf dhufe akka isaan fudhatan barbaada. Kaayyoo maaliitiif gara biyya lafaa akka dhufe jecha kana keessatti ifa godheera: “Ilmi namaa isa bade barbaaduudhaaf fayyisuudhaafis dhufeera jedhe” (Luq.19:10). Hojiin fayyisuu hundi isaa carraa amala Waaqayyoo mul’isuu, dhukkuba tasgabbeessuu fi carraa jireenya barabaraa kennuu of keessaa qaba.

*Utuu hiyyumaa fi dhukkubaan miidhamaa jirtuu jireenya irraa hafaa jiraachuu in dandeessaa? Yesus fayyummaa qaamaa caalaa gadi kan fagaate namootaaf kennuu in danda'a? Yeroo fedhii qaamaa fi miira isaaniif hojjennu karaa hojjiidhaan mul'atuun attamitti gara dhugaa hafuuraatti isaan geggeessuu dandeenya?*

**KAMISA**

**Hagayya 20**

### **Waan Yesusiif Dhimma cimaa Ta'e**

Ergaan Yesus Maatewos 24 keessatti waa'ee badiisa Yerusaaleemii fi waa'ee guyyoota dhufa isaa dura jiranii bartootatti dubbate fakkeenyoota yeroo xumuraa sadan Maatewoos 25 keessa jiraniin kan hordofamaniidha. Fakkeenyoonna kun waa'ee amala namoota dhufa isaa lammataa eeggatanii isa Yesusiif dhimma cimaa ta'e tarreessa. Fakkeenyi durboota kurnanii barbaachisummaa jireenya dhugaa, jireenya hafuuraan guutamee irratti xiyyeefata. Fakkeenyi makiliitota kudhanii barbaachisummaa kennaa Waaqayyo hundumaa keenyaaf kenne amanamummaan itti fayyadamuu kan ilaallatuudha. Fakkeenyi hoolotaa fi re'ootaa kiristiyaanummaan dhugaan guyyoota nuyi keessa jiraannu keessatti namoota rakka-taniif hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaa mul'isa.

***Maat.25:31-46 dubbisi. Yesus kiristiyaanummaa dhugaa attamitti ibse? Waa'ee tajaajila heertuun kun dubbatuu tarreessi.***

---

Heertuun kun waa'ee fedhii qaamaa namootaaf dhugaatti hojjechuu yoo dubbate illee, qabiyyee seenaa kanaadagachuu hin qabnu – kan irra kan caalu wanti biraan jiraachuu in danda'a? Beellii fi dheebuun Yesus inni dhokataan isaan quufuu barbaadan lubbu ilmaan namootaa hundumaa keessa jira (Yoh.6:35; 4:13,14). Hundumti keenya eenyummaa keenya isa dhugaa Yesus keessatti hamma arginutti keessumoota mana kan biraa dharra'aniidha

(Efe.2:12,13,19). Nuyi hamma qajeelummaa isaa uffannutti ha-fuuratti qullaadha (Mul.3:18; 19:7,8).

Raajonni kakuu moofaa haala ilmaan namaa dhukkubsataa abdiin hin qabne godhanii irra dedeebi'anii ibsaniiru (Isa.1:5; Erm.30:12-15). Dhukkubni cubbuu cimaadha, garuu raajiin dawaa (qoricha) isaa nu argisiisa “ani immoo madaa keessan nan fayyisa, gogaa haaraas isa irratti nan biqilcha; kana ana Waaqayyotu dubbate” (Erm.30:17). Dhukkuba jireenya keenyaa isa lubbuu keenya door-sisuuf Yesus qoricha.

Fakkeenya hoolootaa fi re'ootaa fedha namoota naannoo keenyaaf hojjechuu nu gorsa, garuu barumsa isa irra caalu of keessaa qaba. Fedhi lubbuu isa gadi fagoo bira kan ga'u seenaa Yesus qofa, namoota naannoo keenyaaf hojjechuun gara isaatti isaan hafeeruudha. Fedhii qaamaa, kan sammuu, kan miiraa fi hafuuraa dagatanii jireenya ofii qofaa gidu-galeessa godhachuun balaa jireenya barabaraa dhabuu of keessaa qaba. Fakkeenya kana keessatti, warri jireenya isaanii waan kan ofii isaanii irra caaluuf dabarsanii kennaan gooftaa isaaniitiin gara jireenya barbaraatti kan simataman yeroo ta'an, warri ajandaa mataa isaanii dursuudhaan fedhii namoota biro dagatan immoo gooftichaan murtii fudhatan.

## JIMAATA

## Hagayya 21

**Yaada Dabalataa:** “Baay’oonni Waaqayyotti amantii hin qaban, nama irraas amantaa dhabaniiru. Garuu gochaa gara laafinaa fi gargaarsa in barbaadu. Namni galata lafaa hin barbaanne, yookiin waa argachuu hin barbaanne tokko gara mana isaanii dhufuu isaa, dhukkubsatoota tajaajiluu isaa, kan beela’an beela baasuu isaa, kan daaraan uffisuu isaa, kan gaddan jajjabeessuu isaa fi uumaa ilmaan namaa isa gara laafessaa fi jaalalaan guutuu argisiisuu isaa yeroo argan onneen isaanii in tuqama. Galatis in burqa. Amantiin keessa isaanitti in qabsiifama. Waaqayyo akka isaan kunuunse in argu, yeroo sagaleen isaa saaqamus dhaga’uuf kan qophaa’an

ta'u." Ellen G. White, The Ministry of Healing, p.145.

Tajaajilli Yesus inni ofittummaa hin qabne onnee bana, garaagarummaa cabsa, fudhatama wangeelaafis haala mijeessa. Waldaan dhagna Kiristos isa bakka hundumaatti fedha namoota jaalalaan bira ga'uudha. Yesus maqaa isaatiin hawaasa keessatti jijjiirama akka fidnuuf nu arga. Biyya lafaatiin akka hin faalamneef of eeggannaan kan nu barbaachisu yoo ta'e illee, bakka namoonni keessa jiranii fidanii bakka isaan ta'uu qaban, fi Waaqayyo isaanitti fayyadamuu danda'utti isaan fiduuf namoota bira ga'uu danda'uu baruu qabna.

***Gaaffiilee Maree:***

***1. Tajaajilli jaalalaa Yesus garaagarummaa cabsee namoonni dhugaa hafuuraa akka dhaga'aniif banamoo isaan gochuuf humna qabeessa kan ta'eef maaliif? Akkuma Yesusiin ofittummaa malee dhimma namoota biraaf yeroo hojjennu dhuga ba'umsi keenya hammam bu'a qabeessa akka ta'uu yaadi.***

***2. Wanta dhugaa, sirrii fi barbaachisaa garuu ilaalchaa fi akkaataa jechaa dogoggoraatiin dubbatte yaadi. Waan sana irra deebitee akka hin gooneef kana irraa muuxannoo si gargaaruu danda'u, kan akka utuu hin dubbatin qabbaneessanii itti yaadu, maal barte?***

***3. Namoonni fayyan yookiin du'a keessaa kaafaman deebi'anii in du'uu yaada jedhu irratti yeroo fudhadhuu itti yaadi. Kun yeroo baanee namoota naannoo keenyaa tajaajilla akkaataa itti dubbachuu qabnu irratti attamitti nu gargaara?***

***4. Waan amma hojjechaa hin jirre waldaan kee hawaasa keessatti kan isheen gochuu dandeessu tajaajila attamiiti.***

***5. Rakkatoota tajaajila keenya barbaadaniif attamitti carraa hafuuraa banuu dandeenya?***

## Ilaalcha Lubbuu Deebisuu Guddisuu

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: Yoh.4:27-30, 39-42; Maat.15:21-28; 2 Tas.1:1-4; Room.15:7; Efe.4:32; 1 Phex.3:15

**Heertuu Yaadannoo: “Kristosiif garuu akka gooftaati garaa keessan keessatti ulfina addaan ba’e kennaaf! Waa’ee abdii isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaaduuf, deebii ga’u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa’oo ta’aa” (1Phex.3:15).**

**H**ammuma waa’ee jireenya Yesusiin qorachuu dabalaa adeemneen, dandeettii namoota simmachuu fi namoota jabeessuu isaas dinqifachaa adeemna. Geggeesitoota amantii bara isaatii yoo ifate illee, warra cubbuu wajjin wallaansoo qaban, miira yakkaatiin miidhamanii fi akka abdii hin qabnetti itti murtaa’ee immoo gammachuudhaan simate. Ayyaanni isaa isaaniif. Araarri isaa cubbamoota baay’ee hamoota jedhamaniif illee diriirera. Gadi fageenyi dhiifama isaatii gadi fageenya cubbuu isaanii irra in caala. Jaalalli isaa daangaa hin beeku.

Yesus oftuummaa yookiin caalmaa mul’isee hin beeku. Inni nama fayyisuuf dhufe hundumaa keessatti bifa Waaqayyootti uumamuu isaa ilaala. Namni kam illee daangaa jaalala isaa keessaa ala miti. Namni gadi fagaatee kufuu isaa irraa kan ka’ee ayyaanni isaa bira ga’uu dadhabe hin jiru. Inni namoota isa quunnaman hundumaa kabaja isaaniif maluun isaan kunuunse. Gadi fageenyaan sababa isaan kunuunseef jireenyi isaanii argamuu isaatiin jijjiirame. Ta’uu



danda'u jedhee wanta inni itti amane ta'uufis ol ka'an.

Barumsa torban kanaa keessatti ilaalcha Yesus namootaaf qabuu fi qajeelfamoota kana immoo jireenya keenya keessattis attamitti hojii irra akka oolchinu ilaalla.

**DILBATA**

**Hagayyaa 23**

### **Wangeela Fudhachuuf Qophaa'uu**

*Yoh.4:27-30, 39-42 dubbisi. Haasaan Yesus dubartii Samaariyaa kanaa wajjin godhe dhugaa isa namni hundumtuu, bakka hin abdatamne keessa kan jiran illee dabalatee wangeelaaf banamoo ta'uu isaanii attamitti mul'isa?*

---

Bakki xumuraa bartoonni onnee wangeela fudhachuuf qophaa'e eegan Saamaariyaa ture. Warri Samaariyaa dhimma barsiisa aman-tii fi waaqefannaa irratti Yihudootaa wajjin falmii gargar hin cinne qabu turan. Diinummaan kun waggoota kurnan hedduu dabarseera. Warri Samaariyaa ijaarsa mana qulqullummaa Yerusaa-lemitti hirmaachuu barbaadanii turan, garuu ormoota naannoo isaanii wajjin waan wal fuudhanii fi ilaalcha sirriis sababa hin qabneef carraa kana irraa daangefamaniiru. Kana irraa kan ka'e warri Samaariyaa tulluu Giriziim irratti mana qulqullummaa ijaaran. Bartoonni samaariyaan lallabbii wangeelaaf lafa coomaa miti jedhanii irra tarkaanfata.

Yesus akka bartoonni onnee wangeela fudhachuuf qophaa'e hin argin jiran hubate. Seenaa dubartii kanaa wangeelli Yohannis jecha akkas jedhuun jalqaba: "Kana booddee inni, kutaa biyya Yihudaa dhiisee Galiilaa dhaqe. Yeroo achi dhaqu immoo Samaariyaa keessa darbuun isa irra ture" (Yoh.4:3,4). Yesus Samaariyaa keessa dar-

buu filate, sababni isaa bakka hin jaallatamne kana keessa onneen wangeela fudhachuuf qophaa'e akka jiru Hafuurri Qulqulluun isa amansiisee ture. Yeroo iji keenya Hafuura Qulqulluudhaan dibamu bakka namoonni waan rakkisaa ilaalanitti waan danda'amu argina. Lafa warri kaan borqii (lafa waa hin magarsine) jedhanii waamanitti lubbuu mootummaa waaqayyootiif makaramu (sasaabamu) hedduu argina.

***H/Erg.8:4,5,14 dubbisi. Bu'aan tajaajila Yesus Samaariyaatti godhee inni xumuraa maal ture?***

---

---

---

Bartoonni warra Samaariyaatiif carraa sagalee Waaqayyoo dha-ga'uu utuu hin kenning Samaariyaa keessa darban. Yesus waan isaan hin argin arge. Inni onnee dubartii tokkoo keessatti Hafuurri Qulqulluun wangeela fudhachuuf iddoo qopheessuu isaa arge. Jijjiiramni dinqisiisaan ishee irratti ta'e namoota magaalaa sanaa hedduu irratti dhiibbaa geggeesse. Yeroo hundumaa bu'aa hojii dhuga ba'umsa keenyaa attattamaan arguu dhiisuu dandeenya, garuu onnee dubbicha fudhachuuf qopha'an keessatti sanyicha yeroo fa-caafnu guyyaa tokko ulfina Waaqayyoof makara isaa fidanii dhufu.

***Dhiibbaa gaariis ta'e badaa sagalee fi gochaan keenya namoota irratti geggeessu hin beeknu. Kanaaf namoota biratti waan dubbannuu fi waan goonu hundumaatti of eeggachuun barbaachisaa kan ta'eef maaliif?***

### Ilaalcha Mijeessuu

Ilaalchi keenya namoota biro irratti dandeettii dhiibbaa geggeessuu keenyaa yeroo baay'ee in dangessa. Dhugaa ba'uu yoo dandeesse illee, dubbiin kee dhugaa ta'ee kan fudhatamu yoo ta'e illee, ilaalchi ceepho, shakara'aa fi michummaa hin qabne namoota si irraa fageessa.

Faallaa kanaan, ilaalchi qajeelaan nuyi namootaaf qabnu namoota gara keenyatti harkisa. Hariiroo jaalalaa uuma. Yesus yeroo “Ani garboota isiniin hin jedhu, garbichi waan gooftaan isaa godhu hin beeku'o; ani garuu firoota koo isiniin jedheera, waanan abbaa koo irraa dhaga'e hundunaas isin beeksiseera” (Yoh.15:15) jedhee dubbate qajeelfama kana miidhagsee ibse. Michoonni dadhabbii fi dogoggorri utuma jiruu waliif danda'anii gammachuu fi gadda walii isaanii hirmaatu.

***Maat.15:21-28 fi Maar.14:6-9 dubbisi. Heertuun kun dubartoota lamaan haala garagaraa keessa jiran ibsa. Yesus ishee tokkotti sagalee cimaatiin ishee kaanitti immoo gara laafinaan itti dhi'aate. Yesus ayyaana isaa isa fayyisuun namoota bira ga'uu fi wal amantaa ijaaruuf waan Yesus godhe heertuun kun maal nu argisiisa?***

---

---

Dubartiin isheen Maatewos 15 keessaa nama Kana'aani dha. Yesus amntii ishee abdiin kutachuu (nuffuu) dhiisuudhaan akka guddatu waan barbaadeef akkuma isheen kadhachuu jalqabdeen kadhannaa ishee morme. Booda fedhii ishee kenneef, kana booda geggeesitoota amantii Yihudaa keessa jiran keessaa hamma dubartii Ka-

na'aan kanaa namni amantii qabu akka hin jirre dubbate. "Yesus, 'Dubartii nana!' Amantiin kee guddaa dha" (Maat.15:28) jedhee ibsee dubbate. Inni dinqifannaa (jajjannaa) geggeessaan amantii kam illee isheef kennuu danda'u kenneef. Onneen ishee hammam akka gammadee fi jireenyi ishee hammam akka jijjiirame yaaduu dandeessaa?

Dubartiin isheen miilla Yesus urgooftuu gati jabeessa dibde, dubartii Yihudii maqaa gadhee qabdu, dubartii kufaatii gadhee kuftee fi yeroo hedduu yakkite turte, garuu dhiifama kan argatte, kan jijjiiramtee fi kan haarofte turte. Yeroo warri kaan ishee cee-pha'an Yesus ishee galateefatee gochaa ishees mirkaneesseef. "Ani dhuguman isiniin jedha, biyya lafaa guutummaatti iddoodhuma wangelli itti lallabametti, wanti isheen goote immoo seenaa ish-eetiif in dubbatama" (Maar.14:9) ittiin jedhe.

***Seenaa armaan olitti dubbifne lamaan keessatti bu'aan ilaalcha qajeelaa maali? Dhuga ba'umsa qofaaf utuu hin taane, jireenya waliigalaaf ilaalcha attamii mijeessuu si barbaachisa?***

**KIBXATA**

**Hagayya 25**

### **Dhugaa Jaalalaan Dhi'eessuu**

Michummaan qofaan namoota Kiristosiif hin booji'u. Michoota nutty gammadanii fi nuyi isaanitti gammadnu hedduu qabaachuu dandeenya, garuu Yesus nuuf eenyu akka ta'ee fi jireenya keenya attamitti akka jijjiire yoo itti hin himnu ta'e michummaan keenya garaagarummaa barabaraa muraasa qofa uumsa. Dhugaadhumatti naannoo tokkotti argamuun gammachuu ta'uu danda'a, garuu Waaqayyoo naannoo tokko ta'anii walitti gammadduu irra kan caalutti nu waame. Michummaan qofaan namoota gara yesusitti hin fidu, garuu ilaalchi michummaa hin qabne immoo Kiristos irraa namoota ari'a.

Phaawulos ergamaan “dhugaa jaalalaan akka dubbannu” nu yaadachiisa (Efe.4:15). Hidhaan michummaa kan ijaaramu yeroo nuyi amma nuuf danda’ame namootaa wajjin walii gallu, fudhatama argisiifnu fi bakka sirrii ta’etti yeroo isaan galateefanuudha. Namoota keessatti qooda waan gadhee ilaallu amala waan gaarii ilaaluu utuu qabaanne attam barbaachisaadha.

***2 Tas .1:1-4 dubbisi. Wantoota Phaawulos warra Tasaloonqee galateefattuuf muraasa tarreessi.***

---

---

---

Waan dogoggoraa namoota keessatti ilaaluutti waan gammadan kan fakkaatan namoonni jiru. Namni tokko waan sirrii hojjechuu dhiisuu isaa argachuu danda’u isaaniitiif waan gammadan fakkaatu, sababni isaa immoo gaarii waan ta’ee isaanitti waan dhaga’ameef.

Ergamaan Phaawulos faallaa kanaati. Inni waldaa tajaajile keessatti waan qajeelaa ilaale. Inni dogoggora in ifate malee cubbuu wajjin walii hin galle, garuu xiyyeefannoon isaa waldaa bu’uuresse ijaaruu ture. Karaan inni kana godhe inni tokko waan gaarii isaan hojjetaniif isaan galateefachuudha.

Hariiroo qajeelaa irratti yeroo dubbattu Ellen G.Waayit akkas jetti: “Yoo nuyi fuula Waaqayyootti mataa keenya gadi of deebifne, garaammii, gara laafeyyii fi araara qaboota taane bakka amma namni tokko qofaan jirutti namoota gara dhugaatti jijjiiraman dhibbaan lakkaa’amantu argama.” 9T, P.189.

***Jecha armaan olii irratti yeroo muraasa yaadi. Yoo onnee miseensa waldaa keetii keessaa garraamummaan, garalaafinni fi araarri burqe kun waldaa keetiif maal jechuudha? Waldaan ak-***

*kasii maal fakkaatti? Onnee ofii keetii ilaalii karaa kamiin akka fooyyeessuu dandeessu mataa kee gaafadhu.*

**ROOBII**

**Hagayya 26**

**Bu'uura Fudhatama rgachuu**

*Room.15:7 fi Efe.4:32 dubbisi. Bu'uura dhiifama godhanii nama ofitti qabuu attamitti ibsita? Nama ofitti qabuun (simachuun) maal irraa ka'a?*

---

---

---

Heertuu kana lamaan keessatti Phaawulos qajeelfama walii keenya simachuu (ofitti qabuu) dhi'eessa. Kiristos nuuf dhiisee hunda keenya waan simateef waliif dhiisuu fi wal simachuu dhiisuu dandeenya? Dhugaadhumatti, nuyi akka wal simmannuuf Kiristos jalqaba nu simate.

Kun maal jechuu akka ta'e jabeessii yaadi. Waa'ee ofii kee fi waa'ee waan ofii keetii hojjetee fi wanta ofii kee qofaan beektuu fi akka namni kan biraan hin beekneef wallaansoo qabaa jirtu yaadi.

Inni maaliidha? Amantiidhaan Kiristos keessatti simatamteetta, inni immoo waan namni hin beekne hundumaa beeka. Eeyyee, inni hundumaa beeka, kamiin illee yoo ta'e si simateera, garuu sababa gaarummaa isaa irra kan ka'eedha malee gaarummaa keef miti.

Egaa, ilaalchi ati nama biraaf qabdu attam?

Qabiyyeen kanaa nama muraasaaf hubatamuun cimaadha. Nama ofitti qabuun inni dhugaan namoota amala isaanii wajjin akka jiranitti fudhachuudha, sababni isaa isaan bifa Waaqayyooti kan uumaman namoota waan ta'aniif. "Nuyi amma illee cubbamoota

utuu jirruu” Kiristos nuuf du’ee diinota isaa “waaqayyootti waan araarseef” waliif dhiifnee wal simachuu in dandeenya. Jaalalli inni nutty argisiise bu’uura waliif dhiisuu fi wal simachuu keenyaati (Room.5:6-10).

Garuu al tokko wal simachuu fi michummaan eeggannaa waliif gochuu ijaaramnaan dhugaa Macaafa Qulqulluu qabatanii jaalalan namatti dhaquun barbaachisaadha. Kana gochuu dhiisuu jaallachuu dhiisuudha. Akka michootaatti, dhugaa barabaraa isa jireenya jijjiiru michootaaf hiruuf eeggannaa gochuu qabna.

Ilaalchi Yesus “waan sitti tole godhi.. Inni sirriidha. Ani sin fudhadha” kan jedhu miti. Ilaalchi isaa “kamiin illee yoo gootetta ta’e, ani siif dhiisuu fi humna si jijjiiru siif kennuuf fedha kooti” kan jedhuudha. Dhugaan Macaafa Qulqulluu hafuura Yesus Kiristosiin gadi of deebisani jaalalaan dhi’eessan lubbuu booji’a, jireenyas in jijjiira.

***Amala cubbuu nama tokkotti utuu walii hin galin nama tokko simachuun (ofitti qabuun) attamitti danda’ama? Cubbuutti utuu walii hin galin yookiin cubbuuf utuu hin obsin attamitti nama simachuun danda’ama?***

**KAMISA**

**Hagayya 27**

### **Dhugaa Jalalaan Dhi’aate**

Yesus jaalalaaf jedhee dhugaa dhi’eessuu hin daganne, sababni isaa sun jaalala miti waan ta’eef. Jaalalli yeroo hundumaa gaarii namaaf hawwa. Dhugaa fi jaalala gidduu wal mormiin hin jiru. Dhugaa gadi of deebisuu fi garraamummaan dhi’aate jechuun jecha jaalalaati. Yesus “ Karichi, dhugaan, jireenyis, ana” (Yoh.14:6) jedhe. Karaan fayyinaa Yesus qofaadha (H/Erg.4:12). Dhugaa isaa akka beeknuu fi jireenya isaas akka jiraannuuf ayyaanni isaa nu fayy-

ise. Dhugaan jaalala hin qabne hidhaa seeraa isa jireenya hafuuraa hudutti nama geessa. Jaalalli dhugaa hin qabne gara obsa mata duree hin qabne (cubbuuf obsuu) galaana qabatamaa hin taanetti nama oofa. Dhugaan jaalalaan dhi'aate shaakala kiristiyaanaa isa dhugaa isa kallattii sirrii, kaayyoo dhugaa qabutti nama geessa.

***1Phex.3:15;2 Xim.4:2; fi Tiit.3:4,5 dubbisi. Heertuulee kanniin dhugaa dhi'eessuu fi gadi of deebisuu, hafuura ofitti qabuu gidduu madaallii jiruuf ibsa attamii qabu?***

---

---

---

Barreesitoonni kakuu haaraa dhugaa irra caalaa jaalala irratti hin xiyyeefanne. Isaan dhugaa fi jaalala, seeraa fi ayyaana, gara laa-finaa fi amanamummaa barreehanii wal fudhachiisan. Pheexros amantoota akka isaatii yeroo gorsu “Waa’ee abdiin isin keessa jiruuf, nama isin gaafatee, deebii isin irraa barbaaduuf, deebii ga’u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa’oo ta’aa!” (1Phex.3:15) jedha. Jecha biraatiin, wanta amantu maaliif akka amantu beekuu qabda jechuudha, wanta amantu maaliif akka amantu ibsuu danda’i. Kana jechuun gaaffii hundumaaf deebii qabaadhu yookiin waa’ee amantii keetii nama kan biraa amansiisuu danda’i jechuu miti. Kana jechuun “gadi of deebisuu fi sodaachaan” innis dhimma sanatti iddoo guddaa itti kennuu fi gadi of qabuudhaan amantii kee falmuu fi ibsuu danda’uu jechuudha.

Phaawulos hidhata isaa isa ta’e dargaggeessa Ximotewoosiin yeroo gorsu “Dubbicha lallabi, Kun yeroo dha, kun yeroo miti utuu hin jedhin qophaa’ii, argami! Nama balleessaa isaa hubachiisi ifadhu! Obsa hundumaan gorsi barsiisis” (2Xim.4:2) jedha. Warra isa irraa lammaffaa dhalatan kan fayyisee gaarummaa fi jaalala Waaqayyoo akka ta’e Tiitosiin yaadachiisa (Tiit.3:5).



Nus dhugaa jaalalaan garaamummaa fi gadi of deebisuu wajjin akka dhi'eesinuuf waamamne. Jaalalaan nama ofitti qabuudhaan ergaa guyyaa xumuraa addunyaa Kiristosiin malee du'aa jirtuuf akka hirruuf Gooftaan keenya waamicha nuuf godha.

***“Maaliif kiristiyaana taate?” jedhee namni tokko yoo si gaafate attamitti deebifta, maaliif?***

**JIMAATA**

**Hagayya 28**

**Yaada Dabalataa:** “Kiristosiin keessa garalaafina tiksee, jaalala maatii, fi ayyaana fayyisaa isa qixxee hin qabnetu jira. Eebba isaa jecha nama hawwatuun dhi'eessa. Inni eebba kana lbsuu qofaatti hin quufu; eebba fudhachuuf fedhii kakaasuu akka danda'utti haala baay'ee hawwataa ta'een dhi'eessa. Kanaaf, garboonni isaa badhaadhummaa kennaa ulfina isaatii isa dubbatamuu hin dandeenye dhi'eessuu qabu. Yeroo barumsa amantii (doctrine) irra dedeebi'anii dubbachuun waa gochuu hin dandeenyetti jaalalli Kiristos inni dinqisiisaan onnee baqsa, in bulleessas. “Waaqayyo keessan, Jajjabeessaa! Saba koo jajjabeessaa!... Yaa isa Xiyoonitti misraachoo himtuu tulluu dheeraatti ol ba'i! Yaa isa Yerusaalemitti misraachoo himtuu, sagalee kee humnaan ol fuudhi! Ol fuudhi, hin sodaatinis! Mandaroota Yihudaatiin, Ilaa, Waaqayyo keessan! jedhi. Kunoo, Waaqayyo gooftaan humnaan in dhufa, irree isaatiinis in mo'a! Kunoo, gatiin inni namaaf kennu isa harka jira, miindaa isaas of duraa qaba; inni akka tikseetti hoolota isaa in tiksa, ilmool-ees harka isaatiin walitti in sassaaba, kaasuutti isaan in baata, haadhotii hoolotaa warra hoosisanis suuta jedhee in oofa.” Isaa.40:1, 9-11. Elle G. White, *The Desire of Ages*, pp. 826, 827.

## Gaaffiilee Maree:

*1. Namoonni muraasi dogoggora nama biraatti quba qabanii ofi isaanii nama gaarii of gochuun carraa gadheedha. Yaada akkasii keessatti akka hin kufneef attamitti mirkaneefachuu dandeenya?*

*2. Fakkeenya kana ilaali : Michuun tokko bakka hawwaalchaati dhufee jecha kana dubbata: “adaadaan koo samiitti ol fudhatamtee asii gadi na ilaalaa waan jirtuuf nan gammadda. Baay’ee natty tola.” Qajeelfama turban kana baranne irratti hunda’uudhaan deebii kana attamitti deebifta? Waa’ee haala namoota du’anii barbaachisaa yoo ta’e illee, mata duree kana irratti qorannaa macaafa Qulqulluu nama kanaaf kennuun yeroo sirrii kan inni hin taaneef maaliif?*

*3. Ifa nama kan biraatti dhugaa ba’uu keessa ta’uudhaan jecha armaan gadii irratti mari’aadhaa: “Nama kan biraa keessatti hameenya ilaaluun nama ilaalu keessatti hammeenya guddisa. Dogoggora nama biraa barbaaduudhaan gara fakkeenya sanatti jijjiiramaa adeemna. Garuu Yesusiin ilaaluudhaan, amala isaa isa guutuu fi waa’ee jaalala isaatii dubbachuudhaan gara fakkeenya isaatti jijjiiramna. Fakkeenya guddaa inni nu dura kaa’e yaaduudhaan gara qilleensa qulqulluu, bakka Waaqayyo jirutti ol fuudhamna (kaafamna). Asuma utuu jirruu, ifti nu irraa calaqisu namoota nu quunnaman hundumaaf ibsa.” Ellen G. White, Gospel Workers, p. 479.*

## Itti Hirmaachuudhaan Gammaduu

SANBATA WAAREE BOODA

**Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi:** S/Uum.1:1,2,26; S/Ba'uu 18:21-25; 1 Qor.12:12-25; H/Erg.16:11-15,40; H/Erg.4:31; H/Erg.12:12

**Heertuu Yaadannoo:** “Yommus bartoota isaatiin, Midhaan sassaabamu baay’ee dha, hojjetoonni sassaaban garuu muraasa; Egaa hojjetoota warra midhaan sassaaban itti haa yaafatuuf, abbaa midhaan-ichaa kadhadhaa! jedhe.” Maat.9:37, 38

**N**amni tokko “ lakkoobsa keessa jabinatu jira” jedhe. Kun dhugaadha. Guyyaa hundumaa qofaa hojjechuu irra caalaa gareedhaan hojjechuun akka nama kakaasu hubateettaa? Namoonni baay’een gumii fayyaa, sochii qaamaa fi shaakala ispoortii keessa kan isaan seenaniif sababa yoo nama biraa wajjin shaakalan irra caalaa akka itti gammaddan waan amananiifi. Karaa biraatyiin Waaqayyo hariiroo jaalalaatiif nu uume. Nuyi uumama hawaasaan jiraatuudha, yeroo isa shaakallu, yoo hawaasummaa keessatti deggersa goone waan wayyu gochuu keenyaadha. Kun dhimma hafuuraa keessattis waan dhugaadha.

Guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti, tooftaan Waaqayyo aman-tii keenya cimsuuf, beekumsa sagalee isaatii nuuf dabaluuuf, jireenya kadhannaa keenyaa kan gadi fagaate taasisuu fi dhuga ba’umsaaf nu hidhachiisuuf itti dhimma ba’e garee xiqqoodha. Abbaan, ilmii fi Hafuurri Qulqulluun tajaajila garee xiqqoo keessatti hirmaatan. Museen geggeessaa garee xiqqoo ture. Yesus bartoota isaatiin garee xiqqoo ijaare, Phaawulos immoo garee lallabdoota wangeelaa xiqqoo wajjin addunyaa Roomaa keessa adeeme.

Qu'annoo turban kanaa keessatti bu'uura Macaafa Qulqulluu garee xiqqoo irratti xiyyeeffanna, atis keessatti hirmaachuudhaan karaa ittiin gammaddu arggatta.

**DILBATA**

**Hagayya 30**

**Garee Xiqqaa: Yaada Waaqayyoo isa Jalqabaa**

*Uum.1:1,2, 26; Ibr.1:1,2; fi Efe.3:8, 9 dubbisi. Heertuun kun tokkummaa waaqota sadanii attamitti mul'isu?*

---

Abbaan, ilmii fi Hafuurri Qulqulluun hojii uumamaa keessatti waliin hirmaatan, Hundumti isaanii hojii garagaraa qabu, garuu tokkummaa garagar ba'uu hin dandeenyeen hojjetan. Abbaan ogeessa ogeessa guddaa dizaa'inii uumamaa kan kaa'edha, karaa Yesus, isa hojii uumamaa keessatti bakka bu'aa isaa ta'ee Hafuura Qulqulluu waliin hojjetee Karoora isaa kana bakkaan ga'e. Hojiin humna uumamaa olii kun hubannaa keenyaa irra caala. Dhugummaa addunyaa uumamuu isaatii qofa utuu hin taane Waaqayyo mataan isaa kana hundumaa uumuun isaa waan nuyi hubachuu hin dandeenyedha (Room.1:18-20).

Gareen xiqqoon yaada Waaqayyoo isa jalqabaati. Waa'ee dhok-saa Waaqayyoo dubbachuu keessatti fakkeeniyota ittiin ibsinutti fayyadamuu keessatti of eeggachuun barbaachisaa yoo ta'e illee, Abbaa, ilmii fi Hafuurri Qulqulluun seena fayyinaa keessatti "garee xiqqoo" isa jalqabaa qindeesaniiru. Hojii uumama sanyii namaa fi furii kufaatii duubaan dhufe keessatti waliin hirmaataniiru.

*Yoh.10: 17,18; Room.8:11 fi 1Qor. 15:15 wal bira qabii ilaali. Du'aa ka'uun Kiristos tokkummaa Abbaan, ilmii fi Hafuurri Qulqulluun hojii fayyinaa keessatti qaban attamitti argisiisa?*

Abbaan, ilmii fi Hafuurri Qulqulluun karoora fayyina sanyii namaa mul'isuu keessatti “garee xiqqootti” tokko ta’aniiru. “Karooiri fayyinaa jalqabumaa kaasee (yeroo lakkaa’amuu hin dandeenye) maree waaqa keessatti bakka mataa isaatii qaba.” Ellen G. White, Fundamentals of Christian Education, p. 186. Amma danda’ametti namoota baay’ee fayyisuu irra caalaa wanti Waaqayyooof barbaachisaa ta’e kan biraan hin jiru (1 Xim.2:4; 2 Phex.3:9). Akkuma barumsa turban kanaa keessatti ilaalli gareen xiqqoon kaayyoo hedduu qaba, garuu kaayyoon inni duraa namoota badan Kiristosiif booji’uu irratti xiyyeefachuudha. Garee xiqqoo keessatti hojjechuudhaan mataa keenya qofa utuu hin taane namoota kan biraas gargaaruu dandeenya. Galmi garee xiqqaa keenyaa lubbuu deebisuu ta’uu qaba.

Dhoksaa tokkummaa Waaqayyoo itti yaadi. Isa hubachuun cimaadha, mitii? Wanta guutummaatti hin hubanne amanuu, fi abdachuu in dandeenya, sirriidhaa? Gara amantii yeroo dhufnu kiristiyaanonni maaliif qajeelfama barbaachisaa akkasii hordofu?

## WIIXATA

## Hagayya 31

### Garee xiqqoo Macaafa Qulqulluu Keessatti

Macaafni Qulqulluun fakkeenya garee xiqqoo waliin kadhatan, tokko ta’an, wal jajjabeessanii fi walii wajjin Kiristosiif hojjetan hedduu dhi’eessa. Gareen kun sabni Waaqayyoo itti gaafataama isaanii akka hiranii fi kennaa isaanii garagaraatiin akka hojjetaniif carraa kennu. Gareen xiqqaan akka Gooftaan hunda keenyatti fayyadamuuf carraa kenna jechuudha.

*Ba’uu 18:21-25 dubbisi. Yetroon abbiyyuun Musee, jireenya Musee keessatti jijjiirama guddaa kan fide gorsa attamii kenneefi? Karoorri kun maaliif barbaachise?*

Namni godoo Israa'el keessa jiru hundumtuu qaama garee namoota Waaqayyoon muudamaniin geggeefamuu ta'e. Gareen xiqqaan kun bakka rakkoon itti furmaata argatuudha, garuu kana irras kan caalu kan hojjetaniidha. Isaan michoota bakka itti rakkoon daangefamuu fi jireenyi hafuuraa jabaatuudha (kunuunfamuuudha). Isaan bakka itti mul'ati karoora Waaqayyo inni Israa'eliif qabu itti qoodamuudha. Garee akkasii keessatti waan namoota hirmaannaa godhan hundumaa mudatu keessatti isaan gargaaruuf namoonni hariiroo eeggannoo qabuu fi hidhaa tokkummaatiin walitti hddhamu. Yeroo kun ta'u namoonni akka ammaa gaaffii namni biraan isaan gargaaruu danda'uu wajjin wallaansoo hin qaban. Gareen xiqqaan michummaa eeggannoo qabu, guddina hafuuraa fi rakkoo furuuf carraa bana.

Garee xiqqaatti muuxannoo kan qaban akka dubbatanitti garee xiqqaa keessatti waliin hirmaannaa kan godhan baay'inni isaanii ja'aa fi kudha lama gidduu ta'uun isaa namatti tola. Kun immoo Musee fi Yesus garee isaanii yeroo ijaaran kan isaan itti fayyadaman lakkoobsa sirriidha.

***Luq.6:12,13; Maat.10:1; fi Maar.3:13-15 dubbisi. Kaayyoon laamaan Yesus bartoota gara garee xiqqaatti waamee fi isaan fileef maal fa'i?***

---

Kaayyoon Yesus bartoota waameef ergama addunyaaf qabuuf hafuuraanis ta'ee gochaadhaan isaan qopheessuufi. Isa wajjin michuummaa uumuudhaan ayyaanatti guddatu. Garee xiqqaa keessatti wal quunnamuudhaan attamitti tajaajila keessatti bu'a qaboota ta'uu akka danda'an baru. Tajaajila Yesus fedhii namoota naannoo isaa jiraniif godhu guyyaa guyyaatti ilaalanii attamitti kennaa isaaniitti akka dhimma ba'an baru. Kaayyoon garee xiqqaa Yesus hafuuratti cimsuu fi ba'anii tajaajiluudha.

*Haalli maal illee yoo ta'e, eenyu illee waliif eeggannoo yoo godhee fi kaayyoo tookoof yeroo itti hojjete yeroo ati itti garee xiqqootti hirmaatte yaadi. Qabiyyee amantii keenyaa keessatti bu'aa garee xiqqoon qabu hubachuun akka si gargaare maal barte?*

**KIBXATA**

**Fulbana 1**

### **Hojiidhaaf kan Qindaa'e**

*1 Qor.12:12-25 dubbisi. Qaamni namaa garee xiqqaa keessatti walii galanii hojjechuu attamitti argisiisa?*

---

Phaawulos jireenya waldaa keessatti fayyidaa kennaan hafuura qabu qofa hin mul'ifne, attamitti akka isaan qinda'anis ibseera. Inni dhagna Kiristos keessatti kenna hafuuraa attamitti akka hojjetu dubbate.

Qu'annoon saayinsii qaama namaa (anatomy and physiology) bu'aan dhagnaa sirna walitti hidhatiinsa garagaraatiin akka qindaa'e mul'isa. Fakkeenyaaf, sirni bullaa'insa nyaataa, onneen, sirni argansuu fi lafeen sirna qaama wal xaxaa ta'e keessaa muuraasa. Kennaaf hafuuraa bu'aa dhagnaa garagaraa fakkaata. Isaan sirriitti kan hojjetanyeroo gareedhaan hojjetaniidha. Dhugaadhumatti, yeroo baayee qofaa hojjechuu hin danda'an. Dhagni keenya akka dhiita dhagnaa qaama irraa adda ba'ee wanti kam illee yoo godhame ittii dhimma hin qabnee miti. Hojiin bu'aa qaamaa hundumtuu sirnaan qindaa'ee kaayyoo tokkoof hojjechuudha.

Kun hundumtuu haala nuyi ittiin kenna Hafuuraa keenyaan haala gaariitiin hojjechuu dandeenyu nutty hima. Kanaaf yeroo qofaa hojjennu abdii kutachuun salphaadha, garuu garee xiqqoo namoota fedhaa fig alma tokko qabnii keessa yeroo taanu yaaliin keenya xiyyeefannoo kan qabuu fi kan kabajame ta'a.

Gareen xiqqaan kennaa hafuuraa keenya shaakkaluuf haala kan nuuf mijeesuu fi onnee waldaa baatee tajaajiltuu kan nu taasisuudha.

Elle G. Waayita jecha armaan gadii keessatti bu'aa garee xiqqaa jala saratee keessi: "Garee xixiqqaa hundeessuun bu'uura yaalii kiristiyaanaa akka ta'etu isa dogoggoruu hin dandeenye sanaan naaf dhi'aate. Waldaa keessa lakkoobsa namootaa baay'eetu jira yoo ta'e, miseensa waldaaf hojjechuuf qofa utuu hin taane warra amntoota hin ta'iniif hojjechuuf miseensonni garee xixiqqaatti qoodamuu qabu. Bakka tokko dhugaa kan beekan lama yookiin sadii yoo jiraatan hidhaa hojjetootaa keessa mataa isaanii haa galchan. Hidhaa tokkummaa isaanii akka hin cinneef eeggachaa, walii isaanii jajjabeessaa, gargaarsa isa tokkootiin hundumtuu abdii fi jajjabina qabaachaa tokkummaa fi jaa-lala waliif qaban itti haa fufan." 7T. pp.21,22.

Tajaajilli garee xiqqaa miseensi waldaa hundumtuu hafuuratti akka guddatuuf, michummaa o'aa akka shaakaluu fi tajaajila keessatti kennaa Waaqayyooti akka hojjetuuf Waaqayyoon qophaa'e.

***Jecha Ellen G. Waayit armaan olii itti yaadi. Galee gaaleedhaan gargar qoodii itti yaadi. Gorsii waaqaa kun waldaa kee keessatti at-tamitti hojii irra oola?***

## ROOBII

## Fulbaana 2

### Garee Xiqqaa Kakuu Haaraa

Waldaan kakuu haaraa ariitiidhaan guddate. Wagoota muraasa keessatti garee xiqqaa irraa gara waaqesitoota kuma kudhaniit-ti guddate. Guddina ariifachiisaa fi amantoonni gara waldaatti yaa'uu kanaaf gumaacha kan godhan sababoonni hedduun jiru. Tajaajilli Yesus sanyii wangeelaa facaase namoonni lallaba bartootaa akka fudhataniif qopheesse. Kiristos gara waaqaatti erga ol ba'ee booda guyyaa Pheenxaqoosxee Hafuurri Qulqulluun bartoota kadhatan irratti humnaan dhufe. Guddina ariifachiisaa waldaa kakuu haaraatiif gumaacha guddaa kan godhe tokko caasaa dhaabbata ga-



ree xixxiqaati. Gareen xiqqaan jijjiirama uumsa.

***H/Erg.18: 1-5 fi H/Erg. 20:1-4 dubbisi. Luqaas maqaa namoota itti dhi'eenyaan Phaawulosii wajjin hojjetanii maaliif caqase jet-tee yaadda?***

---

Luqaas maqaa namoota itti dhi'eenyaan Phaawulosii wajjin hojjetanii caqasuun isaa namatti tola. Isaaf hundumti isaanii bu'a qaboota. Inni maqaadhaan isaan beeka. Ba'anii tajaajiluu keessatti walii isaanii deggeraniiru. Maqaan namoota inni caqasee muraasa yoo ta'e illee, lakkoobsaan yertuu ta'anii walitti dhi'atanii hojjechuun barbaachisaa ta'uu isaa adda baasuuf nu gargaara.

Namoonni kun tokkoon tokkoon isaanii kennaa inni tokko qabu irraa kan adda ta'e kennaa qabaachuun isaanii dhugaadha. Isaan haalaa fi aadaa garagaraa keessaa dhufan. Yeroo hundumaa karaan isaan ittiin waa ilaalan wal hin fakkaatu, garuu hundumti isaanii hojii Kiristos irratti gumaacha bu'a qabeessa taasisaniiru. Haalli isaan keessaa dhufan, kennaa fi muuxannoon isaanii garaagara ta'uun guddina waldaatiif gumaacha godhe. Hundumti isaanii haala keessaa dhufanii fi muuxannoo dhuunfaa Kiristosii wajjin qaban irraa kan ka'e ergama Kiritosiif gumaachaniiru.

***H/Erg. 16:11-15, 40; fi H/Erg.12:11,12 dubbisi. Lidiyaan erga jijjiiramtee booda Phaawulosiif afeerraa attamii goote? Phaawulosii fi Pheexros mana sirreessaa keessa erga ba'anii booda eessa dhaqan?***

---

Amantoonni kakuu haaraa utuu garagar hin kutin mana dhuunfaatti walitti qabamaa turan. Manni kiristiyaanaa wiirtuu dhiibbaa gaarii fi onnee tajaajila garee xixxiqaa ta'e.

***Waa'ee tajaajila garee xiqqaa mana keetti jalqabuu yookiin michuu wajjin taatanii mana isaatti tajaajila garee xiqqaa jalqabuu yaaddee***

*beektaa? Yoo qaama tajaajila garee xiqqaa taatetta ta'e turban kana bu'aa inni qabu garee barumsa sanbataaf qooduuf itti yaadi.*

**KAMISA**

**Fulbaana 3**

### **Faayidaa Garee xixiqqaa**

Gareen xiqqaan konkolaataa Waaqayyo waldaa isaa ittiin guddisuuf itti dhimma ba'uudha. Namoonni rakkina isaanii ibsachuu fi walii wajjin mari'achuuf kun mijataadha. Gareen xixiqqaan haariiroo waliif kunuunsa gochuu keessatti guddina hafuuraaf carraa kenna. Namoonni kiristiyaana hin ta'in tajaajila waldaa isa dur aadaadhaan geggeefamu irra caalaa garee xixiqqaa nama muraasaan manatti geggeefamu keessatti hirmaachuutti gammadu.

*H/Erg.4:31; 12:12 fi H/Erg.20:17-19,27-32 dubbisi. Garee kakuu haaraa kana keessa wantoota garagaraa turan tarreessi. Gareen kun sochii attamii keessatti hirmaannaa godhan?*

---

Kiristiyaanonni durii nama biraaf kadhachuuf, waa'ee dhimma walii isaanii kadhachuuf, micummaa o'aa keessatti hirmaachuuf sagalee waaqayyoo qorachuuf, tajaajilaaf hidhachuuf (leenji'uuf), barsiisa sobaa irraa wal garagaaranii eeguu fi sochii ba'aanii tajaajiluu keessatti walii wajjin hirmaachuuf wal ga'u turan.

Gareen xixiqqaan jijjiirama uumsa. Achi keessatti namoonni kenaa isaanii walitti fidu, namoonni ba'anii tajaajiluuf humna Hafuura Qulqulluu irratti xiyyeefatu harka gooftaa keessattis meeshaa jabaa ta'u.

*Maat.9:37, 38 dubbisi. Waa'ee sassaabbii midhaanii Yesus maal dubbate, rakkoo kanaafis furmaati isaa maal?*

---

---

Bartoonni waa'ee guddina wangeelaa waan mogolee buusu qofa argan, garuu Yesus carraa guddaa arge. Inni "Midhaan sassaabamu baay'ee dha" jedhee oduu gammachiisaa dubbachuudhaan rakkoo isa keessa jirus ifatti baase. "hojjetoonni sassaaban garuu muraasa;" (Maat.9:37). Furmaati Yesus "hojjetoota warra midhaan sassaaban itti haa yaafatuuf, abbaa midhaanichaa kadhadhaa!" kan jedhu ture. (Maat.9: 38). Gareen xixxiqaan deebii kadhannaa Yesusi, kiristosiif midhaan sassaabuu keessattis lakkoobsa hojjetootaa in baay'isa.

Xiyyeefannoon garee xixiqqaa hundumtuu dhuga baatii fi tajaajila. Xiyyeefannoon isaa gara bakkee ta'uu dhiisee gara keessaa qofa taanaan tajaajilli garee xiqqaa dafee du'a. Gareen xiqqaan ofii isaa tajaajiluu fi garee keessatti mare taasisuu irra kan hin wayyine yoo ta'e kaayyoo isaa irraa kufee sababii jiraachuu isaatiis gadi dhiisa. Gareen xixiqqaan namoota gara Yesusitti geessuuf, amantii Yesusitti isaan cimsuu fi Yesusiif dhugaa ba'uuf isaan leenjisuuf jiraata.

***Mana Kee keessatti garee xiqqaa jalqabuuf Waaqayyo si waamuun isaa in danda'amaa? Waan Waaqayyo akka ati hojjetuuf si tutuqu jalqabuuf maaliif hin kadhattu? Jireenya kee keessatti yeroo ati hafuuratti badhaafamtu keessa jirta ta'uu in danda'a.***

## JIMAATA

## Fulbaana 4

***Yaada Dabalataa:*** Wagoota muraasa fuula dura waldaa namoota Awuroophaa magaalota gurguddaa ardii isaanii keessa jiru keessaa ala taate tokko gooftaadhaaf waan guddaa gochuuf murteessan. Wagootaaf namni tokko iyyuu hin cuuphamne ture. Akka jiru kanatti yoo itti fufe fuula duratti waldaan jiraachuun isaa muraasa. Paasteriin waldaa fi boordiin mana sagadaa waan gochuu qaban irratti of eeggannoodhaan yaaduudhaan kadhatan.

Kakuu haaraa qo'achuudhaan tajaajila garee xixiqqaa hundeessuuf murteessan. Namoonni fedhan hojjetan sagal mul'ata isaa argatan. Isaan walii wajjin kadhachuu fi tajaajila garee xixiqqaa bu'a qabeessa ta'e attamitti akka hundeessan qorachuuf ofii isaanii kennan. Utuu hin turin mana isaanii wiirtuu hojii wangeelaa gochuuf murteessan.

Gareen sunis kennaa isaanii karaa garagaraa shaakaluu baran. Tajaajila kadhannaa fi keessummaa simachuu jalqaban. Hawaasa keessatti michuummaa uumuu jalqaban. Maatii isaaniif, michootaa fi warra duraan Adventistii turaniif gaarummaa argisiisuudhaan hojii ba'anii tajaajiluu jalqaban. Gareen xixiqqaan mana sagal keessatti keessumoota afurtamaa wajjin qu'annoo Macaafa Qulqulluu jalqaban. Waan Hafuurri Qulqulluun hojjetes in dinqifatan. Utuu hinturin namoota afurtama sana keessaa namoonni kudha torba in cuuphaman. Dhuga ba'umsi waldaa xiqqaa, waldaa kuufamtee turte sanaa gareen xiqqaan jijjiirama fida kan jedhu ture. Isaan karaa ittiin Waaqayyo miseensa waldaa baay'ee ergama waldaa keessatti hirmaachisuudha.

### **Gaaflee Maree:**

- 1. Bu'aa garee xixiqqaa barnoota guyyaa kamisaa keessatti caqafamanitti dabaluuudhaan garee barumsa sanbataa keessatti mari'adhaa. Gareen xixiqqaan sochii kan biraa attamii irratti hirmaachuu danda'a? Gareen xiqqaan namoota kennaa addaa utuu qabanii itti hin fayyadamin turan karaa kamiin gargaaruu danda'a?**
- 2. Gareen xixiqqaan xiyyeefannoo isaa ergama gara bakkee irra gochuun maaliif barbaachisa? Gareen baay'een miseensa isaa sooruu fi deggeruu utuu danda'uu kaayyoon wiirtuun isaatii wangeela babal'isuu kan ta'eef maaliif? Gareen xiqqaan yeroo hundumaa qaama waldaatti hidhamuu kan inni qabuuf maaliif? Kun maaliif barbaachise?**
- 3. Garee xiqqaa akka gaariitti hin hojjenne du'e keessa taatee yookiin dhagessee beekta? Kun sababa maaliif akka ta'e irratti mari'adhaa.**
- 4. Seenaa armaan olii, tajaajila garee xiqqaa biyya Awuroophaa keessatti ta'e yaadi. Akka gaariitti kan inni hojjeteeff maaliif jettee yaadda? Kan isaan hojjetan salphaa fi bu'a qabeessa kan ta'eef maaliif? Hawaasa yookiin olla keenyatti gadi baanee tajaajiluuf ijaarsa waldaa irra caalaa manni dhuunfaa jalqabbii bu'a qabeessa kan inni ta'eef maaliif?**

## Seenaa Yesusiin Namootaaf Qooduu

SANBATA WAAREE BOODA

Qu'annoo Torban kanaaf Dubbisi: Efe.2:1-10; 1Yoh.4:7-11; Maar.5:1-20; Heb.10:19-22; Gal.2:20; 1 Qor.1:30

**Heertuu Yaadannoo:** “ Isin warri maqaa ilma Waaqayyoootti amantan, jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe” (1Yoh.5:13).

**B**arnoota darbe keessatti akkuma dubbannee turre jireenya jijjiirame irra caalaa wanti humna wangeelaaf falmuu danda’u hin jiru. Namoonni qu’annoo amantii (theology) keetiin falmuu danda’u ta’a. Waa’ee barumsa amantis (doctrines) falmuu danda’u. Hubannaa Macaafa Qulqulluu ati qabdu gaaffii jala galchuu danda’u garuu Yesus siif maal akka ta’ee fi jireenya kee keessatti maal akka godhe dhuga baatii dhuunfaa ati qabdu gaaffiin isaan kaasuu danda’an muraasa.

Dhuga ba’umsi waa’ee Yesusiin waan beeknu hiruudha. Inni nuuf maal akka ta’ee fi maal akka nuuf godhe namoonni kan biraan akka beekan gochuudha. Yoo dhuga ba’umsi keenya wanti nuyi amannu sirrii akka ta’ee fi wanti namoonni kan biraan amanan dogoggora ta’uu isaa kan himu qofa ta’e mormii guddaatu nu quunnamu. Yoo dhuga ba’umsi keenya waa’ee Yesus isa onnee keessaa maddee ayyaanaan jijjiirame, jaalala isaatiin immoo harkifamee fi dhugaa isaa dinqifate ta’e, dhugaan nuyi amanne jireenya keenya irratti dhiibbaa geggeessuu isaatiin namoonni biraan in tuqamu. Dhugaan jireenya jijjiirameen dhi’aate jijjiirama fida.

Kiristos wiirtuu barsiisa amantii hundumaa yeroo ta'uu fi barsiisi Macaafa Qulqulluu hundumtuu amala isaa yeroo mul'isu namoonni nuyi Macaafa Qulqulluu isaaniif qoodnu sagalee isaa in fudhatu.

## DILBATA

## Fulbaana 6

### Yesus: Bu'uura Dhuga Ba'umsa Keenyaati

Akka kiristiyaanatti nuyi hundumti keenya seenaa waa'ee attamitti Yesus jireenya keenya akka jijjiiree fi maal akka nuuf godhe seenaa dhuunfaa qabna.

*Efe.2:1-10 dubbisi. Utuu Yesusiin hin beekin fuula dura maal jaallanna turre? Erga isa fudhannee'oo?*

*A. Utuu Yesusiin hin fudhatin fuula dura (Efe.2:1-3).*

---

---

---

*B. Erga Yesusiin beeknee booda (Efe.2:4-10).*

---

---

---

Jijjiirama dinqisiisaa attamiiti! Utuu Yesusiin hin beekin fuula dura nuyi “ irra-daddarbaa fi cubbuu keenyaan dune turre” “toora biyya lafaa kanaa duukaa buunee deddeebi'aa ” “hawwa foon keenyaa duukaa buunee dhalootaan dheekkamsa Waaqayyoo jala gallee turre.” Kana salphaatti kaa'uuf, utuu Yesusiin hin beekin fuula dura kaayyoo malee haala jireenyaa bade keessa turre.

Gammachuu jechuun maal jechuu akka ta'e beekna turre, garuu dhiphina lubbuu fi kaayyoo fiixaan hin baanetu jireenya keenya keessa ture. Gara Kiristos dhufuu fi jaalala isaa shaakaluun jijjiirama kana hundumaa fide. Amma Kiristos keessatti dhuguma "jiraa-toodha". Karaa "ayyaana Waaqayyoo isa badhaadhummaadhaan guutee" fi "araara isaa isa baay'ee" kennaa fayyinaa arganeerra. "Karaa Kiristos Yesus isumaa wajjin du'aa nu kaase, isumaa wajjin bantii waaqaa keessaa iddoo nuuf kenne, nu teessises." Kiristos keessatti jireenyi hiikkaa haaraa fi kaayyoo haaraa argatti. Akkuma Yohannis dubbatu "Jireenyi isa keessa ture; jireenyichis ifa namootaa ture" (Yoh.1:4).

*Efe. 2:10 dubbisi. Hojiin gaariin amantii kiristiyaanotaaf wiirtuu ta'uu isaa heertuun kun maal dubbata? Qabiyyee "hojii seera malee" (Room.3:28) ayyaanaan fayyuu kan jedhu keessatti yaa-da kana attamitti hubanna?*

---

---

*Jireenyi kee sababa Yesusiif jijjiiramee nama gara Yesusiin beekuu dhufe attamitti gargaaruu danda'e?*

**WIIXATA**

**Fulbaana 7**

### **Dhuga-Ba'umsi Dhuunfaa Jijjiiruuf Humna Inni Qabu**

Yaaqobii fi Yohannis ilmaan Zabdewoos warri jedhaman laamaan "ilmaan kakawee" jedhamanii beekamu turan (maar.3:17). Dhugaadhumatti maqaa dinqii kana kan kenneef Yesus ture. Amalli Yohannisfaa inni aaraan yeroo Yesus bartootaa wajjin Samaariyaa keessa darbuuf ka'e mul'ate. Yeroo isaan halkan bakka bultii argachuuf yaalii gochaa turan sababa warra Samaariyaa fi warra Yihudootaa gidduu garaagarummaan jiruuf isa mormanii turan. Id-

doodhuma bultii gadi deebi'aa ta'e illee kennuufii hin barbaanne.

Yaaqobii fi Yohannis rakkoo kanaaf furmaata akka qabanitti yaadan. “Bartoonni isaa Yaaqobii fi Yohannis kana yommuu hubatan, Yaa gooftaa, [akka Eliyaas godhe] ibiddi waaqa irraa bu'ee isaan haa fixu, jennee akka jarreen kanatti waamnu in barbaaddaa? jedhaniin” (Luq.9:54). Yesus obboloota sana ifatee mandara sana dhiisanii ba'an. Karaan Yesus jaalala malee humna dirqisiisu miti. Ariitii fi aariin Yohannis Yesusiin biratti gara jaalalaa fi hafuura gara laafnaatti jijjiirame. Ergaa Yohannis isa tokkoffaa keessatti jechi jaalala jedhu si'a afurtamaatti kan dhi'aatu dhimma itti ba'ame, bifa garagaraatiin immoo si'a 50 ol dhi'aate.

***1Yoh.1:1-4; 1Yoh.3:1; 1Yoh. 4:7-11 fi 1Yoh. 5:1-5 dubbisi. Waa'ee dhuga ba'umsa Yohannisii fi sababa hariiroo Yesusii wajjinii irraa kan ka'e jijjiirama jireenya isaa irratti ta'ee heertuun kunniin maal dubbatu?***

---

---

---

Seera yunivaarsii kan ta'e qajeelfamni keessaa jira. Jecha kanatti fufee jiru keessatti Ellen G.Waayit qajeelfama kana akkasitti ibsiti: “Humna fayyadamuun faallaaqajeelfama mootummaa Waaqayyooti; Inni tajaajila jaalalaa qofa barbaada; jaalalli dirqama ta'uu hin danda'u; inni humnaan yookiin aangoodhaan hin argamu. Jaalala qofaadhaan jaalalli damaqfama.” The Desire of Ages, p.22.

Yeroo Kiristosiif of kenninu jaalalli isaa karaa keenya ifa. Dhuga ba'umsi kiristiyaanaa inni guddaan jireenya jijjiirameedha. Kana jechuun dogoggora hin goonu yookiin yeroo tokko tokko akka



yaadamnetti ujummoo jaalallii fi ayyaanni keessa darbu ta'uu dhii-suu hin dandeenyu jechuu miti. Garuu, kana jechuun jaalalli Kiris-tos jireenya keenya keessaa lola'ee naannoo keenyaaf eebba ta'a jechuudha.

***Jaalala Yesusiin attamitti namoota biraatti calaqisiifta? Deebiin kee attamitti hojii irra akka oolu itti yaadi.***

**KIBXATA**

**Fulbaana 8**

### **Seenaa Yesuusiin Dubbachuu**

Ergamoonni wangeelaa warri Yesus jalqaba erge eenyu fa'i? Isaan bartoota keessaa hin turre. Isaan warra yeroo dheeraa isa hordofaa turan hin turre. Ergamoonni wangeelaa warri Yesus jalqaba erge namoota maraatu, warra seexanaan qabamanii yeroo muraasaan fuula dura biyya sodaachisaa fi mandaroota olla sodaadhaan onnee isaanii baqsaa turaniidha. Humna seexanaa isa humna uumamaa ol ta'een namoota seexanaan qabamanii turan keessaa tokko fuunca ittiin hidhanii turan kan caccabsee ture sagalee sodaachisaadhaan iyyaa, dhagna isaas dhagaa qara qabuun qoronca'aa ture. Sagaleen isaa dhiphina lubbuu isaatii isa gadi fagoo calaqisa ture (Maat.8:28,29; Maar.5:1-5). Garuu, gara Yesus dhufanii jireenyi isaanii jijjiirame. Isaan akka duraa miti. Yesus hafuurota hamoota isaan keessaa baasee hoomaa booyyeetti akka galan godhe, isaanis allayyaa irraa galanatti kukufan (Maat.8:32-34; Maar.5:13, 14).

***Maar.5:1-17 dubbisi. Namoota kana irratti maaltu ta'e, namoonni magaalaa sanaa waan ta'e ilaaluuf yeroo dhfan maaltu ta'ee argan?***

---

---

---

---

Namoonni seexanaan qabamanii turan sun amma namoota humna Kiritosiin jijjiiramaniidha. Namoonni magaalaa sanaa miilla Yesus jala ta'anii sagalee afaan barsiisaa isaanii keessaa ba'u utuu isaan dhageefatanii argan. Wangeelli Maatewoos namoonni qabaa seexanaa kana irraa fayyan lama kan jedhu yeroo ta'u, wangeelli Maarqos immoo namoota lamaan sana keessaa isa tokko qofaa irratti akka xiyyeefatu hubachuu qabna. Garuu qabxiin isaa Yesus qaamaatti, sammuutti, miiraa fi hafuuratti isaan haarsee.

Maar.5:18-20 dubbisi. Namoonni seexanaan qabamanii turan, namoonni haaraan jijjiiraman kun Yesusii wajjin turuu barbaadaniiru, garuu Yesus maal akka hojjetaniif isaan erge?

---

---

“Namoonni kun barsiisa Yesusiin dhaga'uuf carraa yeroo xiqqoo qofa argatan. Lallabni afaan Yesus keessaa gurra isaanii keessa bu'e hin turre. Isaan akka bartoota warra guyyaa hundumaa Yesusii wajjin turaniitti namoota barsiisuu hin danda'an ta'uu danda'u. Garuu raga Yesus Masihii ta'uu isaatii jireenya dhuunfaa isaanii irraa dhugaa ba'uu in danda'u. Waan ofii isaaniitii arganii fi dhga'an, humna Kiristos isa isaanitti dhaga'amu dubbachuu in danda'u. Kun immoo namni ayyaana Waaqayyootiin tuqame hundumtuu waan inni gochuu danda'uudha.” Ellen G. White, The Desire Of Ages, p.340.

***Dhuga ba'umsi isaanii Daqapoolisiin, magaalota kurnan qarqar galaana Galilaa jiran barsiisa Yesusiin fudhachuuf isaan qopheesse. Kun humna dhuga baatiin dhuunfaa qabuudha.***

**Roobii**

**Fulbaana 9**

### **Abdiidhaan Dhugaa Ba'uu**

1Yoh.5:11-13; Ibr.10:19-22; fi 1 Qor.15:1,2 dubbisi. Dhugummaa fayyina Yesus Kiristos keessaa argamu akka dhugaa baanuuf Ma-caafni Qulqulluun abdi jireenya barabaraa attamii nuuf kenna?

---

---

---

Abdii fayyina dhuunfaa Yesus keessaa hin qabnu utuu ta'e nama biraaf isa hiruun hin danda'amu ture. Waan ofii keenyaa hin qabne namaaf kennuu hin dandeenyu. Fayyuudhaaf gaarii ta'uu qabna jedhanii yaaduudhaan jireenya shakkii walirraa hin cinnee kan qaban kiristiyaanonni baay'een jiru. Lallabaan ogeessi dulloomaan tokko akka jedhee, "yeroon ofii koo ilaalu waan ani fayyee fakkaatee natty hin mul'atu. Yesusiin yeroon ilaalu nan bada jedhee ofii koo hin ilaalu." Sagaleen gooftaa baroota keessatti "Isin warri andaara lafaa jiraattan hundinuu, gara kootti deebi'aatii fayyina argadhaa! Ani Waaqayyoo dha, ana malees kan biraa hin jiru" jedhee dubbata (Isa.45:22). Gooftaan keenya fayyina tola nuuf kennetti hundumti keenya akka gammadnu barbaada. Ayyaana isaatiin qajeelaa ta'uu fi adabbi miira yakkaa cubbuun fide jalaa ba'uun maal jechuu akka ta'e akka nuyi shaakkallu hawwa. Akkuma Phaawulos Roomaa 5 keessatti dubbatu " amantiidhaan qajeelota erga taanee, gooftaa keenya Yesus Kristosiin Waaqayyo biratti nagaa qabna" (Room.5:1). Itti dables "Egaa amma firidiin, warra Kristos Yesusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru" jedhee mirkanessa (Room.8:1). Ergamaan Yohannis "Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jireenyicha qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabaanne, jireenyicha hin qabu" jedhee mirkanessa (Yoh.5:12).

Amantiidhaan Yesusiin yoo fudhanee fi jaalali isaa karaa Hafuura Qulqulluu onnee keenya keessa yoo jiraate har'a kennaan jireenya barabaraa kan keenya. Akkas jechuun si'a tokko ayyaana Waaqayyoo fi fayyina karaa Yesusiin yoo shaakalle hin badnu jechuu miti (2Phex.2:18-22; Ibr.3:6; Mul.3:5). Yeroo hundumaa isa irraa fagaachuuf filannoo biliisaa qabna, garuu si'a tokko jaalala isaa mi'eefannee gadi fageenya aarsaa isaatii yoo hubanne isa nu jaallatu sana irraa fagaachuu hin filannu. Guyyaa guyyaadhaan ayyaana Yesus keessaan nuuf kenname namoota biraaf hiruuf carraa arganna.

***Yesus keessatti abdii jireenyaa qabdaa? Abdii kana qabaachuun maaliif? Eessatti argamas? Karaa biraatiin yoo kana hin mirkaneefanne ta'e maaliif hin mirkaneefanne? Attamitti mirkanneefannoo isaa argatta?***

**KAMISA**

**Fulbaana 10**

### **Waa'ee Wanta Dhugaa Ba'amuu Qabuu**

“Egaa si'achi Kristos isa ana keessaatu jiraata malee, anatu jiraata miti; jireenya ani amma fooniin jiraadhu immoo, ilma Waaqayyoo isa na jaallate, ofii isaas dabarsee isa anaaf kennetti amanuudhaan nan jiraadha” (Gala.2:20).

Dhugaadhumatti yeroo Yesusiin fudhannu wantoonni nuyi aarsaa goonu jiru. Isa hordofuun of kennuu inni gaafatu Kiristos ifa godheera: “Hunduma isaaniitiinis, Eenyu illee na duukaa bu'uu yoo fedhe, waa'ee ofii isaa dhiisee fannoo isaa baatee, yeroo hundaa ana duukaa haa bu'u” (Luq.9:23). Fannoo irratti du'uun du'a dhukkubsaadha. Jireenya keenya Yesusiif yeroo laannu “namummaan moofaa” inni kan cubbuu fannifamuun (Room.6:16) nama dhukkubsa. Amala jaallannuu fi umurii dheeraa wajjin turre dhiisuun

nama dhukkubsa, garuu badhaasi isa irraa argamu dhukkubbii sana irra caala.

Dhuga ba'umsi humna qabeessi jireenya jijjiiruuf dhiibbaa geggeessu waan Kiristos nuuf godhe irratti xiyyeefata malee wanta nuyi dhiifne irratti kan xiyyeefatu miti. Kan isaan wiirtuu godhatan aarsaa isaati malee isa nuyi "aarsaa" jennee waamnu miti. Kiristos wanta hambifachuun nuuf ta'u akka dhiifnuuf nu hin gaafatu.

Seenaan kiristiyaanummaa seenaa namoota maqaa Kiristosiiif jedhanii aarsaa guddaa kaffalaniin guutuudha. Namoonni kun mataa isaanii dhiisuu fi aarsaan isaan fuula Waaqayyootti godhan hammam guddaa yoo ta'e illee gochaa isaaniitiin fayyina hin argatan. Qooda kanaa, dhiironnii fi durboonni kun waan Kiristos isaaniif godhe hubachuudhaan akka waamicha Waaqayyootti waan hundumaa iddaa aarsaa irra kaa'u fedhan.

***Yoh.1:12; Yoh.10:10; Yoh.14:27 fi 1 Qor.1:30 dubbisi. Dhuga ba'umsi keenya waan Kiristos nuuf godhe irratti hunda'aa. Kennaa ayyaana isaa heertulee armaan olii keessatti caqafaman keessaa muraasa tarreessi.***

---

---

---

Ifa heertuu armaan olii keessa ta'uudhaan waan Kiristos siif godhe yaadi. Kiristiyaana jireenya isaa guutummaatti kenne ta'uu in dandeessa, yookiin nama jijjiirama dinqisiisaa jijjiirame ta'uu dandeessa. Yesus hammam siif gaarii akka ta'ee fi kaayyoon inni siif qabu, nagaan fi gammachuun inni siif kenne hammam akka ta'ee yaadi. Jireenya rakkisaa keessa si dabarsuuf yeroo meeqa jabina akka siif kenne yaadi.

*Maqaa Kiristosiif jettee aarsaa attamitti waamamate? Shaakala kee irraa waan namoota kan biraa eebbisu maal barte?*

**JIMAATA**

**Fulbaana 11**

**Yaada Dabalataa: Maar.5:25-34 dubbisi**

Namoonni Kiristositti dhi'aatanii wal dhiibaa turan baay'een sun humni guddaan kennamuu isaa hin hubanne. Garuu yeroo dubartiin isheen dhiphatte sun akka fayyituu amanuudhaan isa tuquuf har-ka ishee hiixate miirri fayyinaa itti dhaga'ame. Wanti hafuuraas akkasuma. Waa'ee amantii maal dhibdiidhaan dubbachuun, beela lubbuu fi amantii jiraataa malee kadhachuun bu'aa hin buusu. Maqaadhaaf Kiristositti amanuun, inni Yesusiin akka fayyisaa biyya lafaatti fudhatu lubbuudhaaf fayyina fiduu tasa hin danda'u. Amantiin fayyinaan nama ga'u waa'ee amantii beekuu qofa miti... Waa'ee Kiritosiin amanuun ga'aa miti; isatti amanuu qabna. Amantii nu fayyadu akka fayyisaa dhuunfaatti isa fudhachuudha; inni immoo ayyaana isaa kan keenya taasisa....

Amanamummaa isaa himuun keenya Kiritosiin biyya lafaatti mul'isuuf abaanaa (bakka bu'umsa) samiin filateedha. Akkuma namoota qulqulloota duriitiin mul'atee ture ayyaana isaa beeksisuu qabna, garuu guddaa bu'a qabeessa kan ta'u muuxannoo jireenya keenyaati. Ofii keenya keessatti hojii humna Waaqayyoo yeroo mul'ifnu Waaqayyoof dhugaa ba'uu keenya. Namni hundumtuu jireenya nama kan biraa irraa adda ta'ee fi shaakala nama kan biraa irraa adda ta'e qaba. Waaqayyo galati dhuunfaa keenyaa isa duratti akka ol ba'u barbaada. Ulfina ayyaana isaa galataan beeksisuun kun jireenya Kiritosiin fakkaatuun yeroo deggeramu lubbuu fayyisuuf humna wanti tokko ittiin mormuu hin dandeenye ta'a." Elle G. White, *The Desire of Ages*, p. 347.

**Gaafilee Maree:**

*1. Dhuga ba'umsi humna qabeessii maal faa of keessaa qaba? Dhuga ba'umsa Phaawulos Agiriiphaa duratti dubbate H/Erg. 26:1-23 dubbisi. Bu'uurri dhuga ba'umsa isaatii maal ture?*

*2. Waan Kiristos dhuunfaatti nuuf godhe dhugaa ba'uun humna qabeessa kan inni ta'eef maaliif? Haa ta'u, inni waan si irratti ta'eedha, garuu yoo ani shaakala akkasii hin qabu ta'eoo? Gaaffii jedhuu attamitti deebifta? Shaakalli kee sababa ani Yesusiin hordofeef waa na barsiisuu kan inni qabuuf maaliif?*

*3. Warra amantoota hin taaneef dhuga ba'umsa keenya yeroo kenninu wantoonni nuyi dhiisuu barbaannu maal fa'i?*

*4. Waa'ee abdiif fayyinaa itti yaadi. Wantoonni akkasii shaakala kiristiyaanummaa keessatti kutaa barbaachisa kan inni ta'eef maaliif? Isatti hirkachuu yoo dhiifne illee fayyina keenya attamitti mirkaneefachuu dandeenya?*

## Barumsa 12ffaa

Fulbaana 12-18

### Ergaa Qoodamuuf (kennamuuf) Malu

SANBATA WAAREE BOODA

Quannoo Torban Kanaaf Dubbisi: 2 Phex.1:12,16-21; Mul.19:11-18; 14:14-20; Lalla.12:13,14; Mul.14:6-12.

**Heertuu Yaadannoo:** “Kana booddee ergamaan biraa tokko, wangeela isa bara baraa baatee, warra lafa irra taa’anitti, saba hundumaatti, gosa hundumaatti, afaan dubbatamu hundumaatti, nama hundumaattis lab-suudhaaf bantii waaqaa walakkaa utuu balali’uu nan arge. Innis sagalee guddaadhaan, Yeroon firdii isaa waan ga’eef, Waaqayyoon sodaadhaa, ulfinas kennaa! Isa waaqa, lafa, galaana, burqituu bishaanii uumeefis sagadaa! Jedhe” (Mul.14:6, 7).

**D**uuti araaraa Kiristos addunyawwaadha; nama hundumaa yeroo kamiin jiraatanii fi eessa illee kan jiraataniif hiikkaa qaba. Kanaaf wangeelli saba afaan, aadaa, fi haala garagaraa keessaa dhufan hundumaatti dubbata. Inni garaagarummaa sanyii irratti riqicha ijaara. Inni oduu gammachiisaa nama dinqisiisuudha, jireenya isaa, du’aa fi du’aa ka’uu isaa keessatti humnaa fi aangoo si’oo irratti mo’icha injifate. Wangeelli guutummaan waa’ee Yesus. Inni nuuf du’e ammas nuuf jiraata. Inni al tokko adabaa fi humna cubbuutti nu furuuf dhufe, amma immoo argama cubbuu irraa nu furuuf deebi’ee in dhufa. Inni jireenya isaaf malu jiraachuu akka dandeenyuuf du’a nuuf malu du’e. Nuyi Kiristos keessatti qa-jeelota, qulqulloota taane, guyyaa tokko immoo in kabajamna.



Macaafni Qulqulluun dhufa Yesus lamaan irratti xiyyeefata. Inni al tokko nu furuuf dhufe, isa gatii hin lakkaa'amneen fure kana gara manaatti fudhachuuf deebi'ee in dhufa. Macaafni Qulqulluun inni xumuraa, mul'ati addunyaa deebi'ee dhufaa qopheessuuf barreefame. Inni dhaloota kanaaf ergaa ariifachiisadha. Barumsa turban kanaa keessatti Macaafa Mul'ataa isa hawwaasa jaarraa 21ffaa f kan malu ilaalla. Kana duukaa erga yeroo xumuuraa hiruuf waamicha Yesus waldaa guyyaa xumuraaf godhu ilaalla.

## DILBATA

## Fulbaana 13

### Ergaa dhugaa Yeroo Kan Pheexros

Seenaa addunyaa keessatti waan dhufuuf addunyaa qopheessuuf Waaqayyo karaa sagalee raajii utuu walirraa hin kutin ergaa addaa ergaa ture (Isa. 46:9, 10). Inni utuu firidiin hin dhangala'in ergaa isaa erguudhaan waan fuula duraaf namoota qopheessa (Amos. 3:7). Guyyaa bishaan badiisaa fuula dura Waaqayyo bishaan dhufaa jiraachuu isaa karaa Nohiin ergaa addunyaaf erge. Biyya Gibxi keessatti bara quufaa waggoota torbanii keessa beela dhufuuf qopheessuuf Waaqayyo Yosefiin kaase. Raajonni Yihudootaa badiisa Yerusaalem isa karaa loltoota Baabilon dhufuuf jiru geggeesitoota Israa'eliin akeekkachiisan. Ergaan qalbii jijjiirannaa Yohannis cuuphaa dhufa Yesus isa jalqabaatiif namoota qopheesse.

***2Phex.1:12 dubbisi. Pheexros ergaa Waaqayyo dhaloota bara isaaf qabu ibsuuf maalitti fayyadame?***

---

---

---

***2Phex.1:16-21 dubbisi. Ergaan “dhugaa yeroo” Pheexrosii fi bartoonni labsan kun maaliidha?***

---

---

---

Gara biyya lafaa dhufuun Kiristos ergaa bu'a qabeessa kan jaar-raa jalqabaa ture. Jaalalli abbaa karaa aarsaa fannoo Kiristos mul'ateera. “beenyaan cubbuu du'a” yoo ta'e illee karaa Kiristosiin jireenyi hundumaaf kennameera. Amantiidhaan isa fudhachuun filannoo keenya (Room.3:23; 6:23; 2:8). Ergaan fayyinaa Yesus keessa jiru kun kan yeroo irra darbe miti. Inni dhaloota hundumaaf dhugaa yerooti.

Macaafa Qulqulluu keessaa inni xumuraa, Mul'atni deebi'uu isaa isa yeroo dhi'ootti ta'uuf saba qopheessuuf Yesus Kiristosii fi fayyina isaa isa barabaraa qabiyyee ergaa yeroo keessatti godhee dhi'eessa. Inni soba aadaa namootaa fi amantii mataa isaa (ofii isaa) wiirtuu godhate saaxila. Mul'atni jalqabaa hamma xumuraatti Yesusii fi hojii inni bakka ilmaan namootaa hojjetu mul'isa.

Yesus amala abbaa isaatiif dhuga ba'umsa sirriidha. Inni mootota lafa kanaas in abbooma.” “Inni nu jaallatee, dhiiga isaa isa nuuf dhangala'een cubbuu keenya irraa nu fure Isa mootummaadhaa fi Waaqayyo abbaa isaatiif luboota akka taanu nu godhate (Mul.1:1-6). Mul'ati guutummaan waa'ee Yesusii fi ergaa yeroo xumuraa saba isaa dhufa Yesus isa dhi'ootti ta'uuf qopheessuudha.

***Yeroo waa'ee Macaafa Mul'ataa yaaddu gara sammuu keetii maaltu dhufa? Yaadni kee waa'ee Yesus irra caalaa waa'ee bineensotaa fi waa'ee raajii fakkeenyaan dubbatameetii? Yesus raajii Mul'ata keessaa maaliif nuuf kenne jettee yaadda? Karoorra jalalaa inni ilmaan namootaaf qabu attamitti mul'isa?***

WIIXATA

Fulbaana 14

**Xiyyeefannoo Macaafa Mul'ataa Yeroo Xumuraa**

Wiirtuun wangeelotaaarfanii inni jalqabaa dhufa Yesus isa jalqabaa ture. Isaan seena dhaloota isaatii, jireenyaa fi tajaajila isaa fi du'aa fi du'aa ka'uu isaa dubbatu. Waa'ee deebi'ee dhufa isaa kan dubbatan yoo ta'e illee inni ijoo xiyyeefannoo isaanii miti. Xiyyeefannoo jalaqabaa macaafa Mul'ataaxwaa'ee xumura lola jaarraa hedduu lakkoofsiseeti. Raajiin gurguddaan isa keessa jiru hundumtuu deebi'ee dhufuu gooftaa isa ulfina qabeessaan goolabama.

***Mul.1:7; 11:15;14:14-20 fi 19:11-18 dubbisi. Heertuuwwaan kana keessatti xumura wal fakkaataa maal argita?***

---

---

Macaafa Mul'ataa boqonnaa jalqabaa hamma boqonnaa isa xumuraatti xumurri raajii isa keessa jiru hundumtuu waa'ee dhufaattii Yesus. "Hoolichi inni qalamee" (Mul.5:12) gooftaa gooftotaa fi mootii moototaa ta'ee deebi'ee in dhufa (Mul.19:16). Inni diinota saba isaa cinqursanii fi ari'atan hundumaa in mo'ata (Mul.17:14). Inni cubbuu jibbisiisaa hundumaattii isaan fayyisee ulfinaan gara manaatti isaan fida. Lolli guddaan gaarii fi hamaa gidduutti ta'u gara xumuraatti in dhufa. Lafti in haarofti, warri furamanis gooftaa wajjin barabaraan in jiraatu (Mul.21:1-4).

Mul.22:7, 12, 17 fi 20 keessatti Yesus akkas jedha: "Kunoo, ani dafee nan dhufa, namni dubbii macaafa kanakeessatti raajii dubbatame kana eegu attam haa gammadu! " kanaaf Yesus jaalala isaatiif deebii akka kennan, ayyaana isaa akka fudhatanii fi deebi'uu isaa isa dhi'ootti ta'uuf akka qopha'aniif dhugaa isaa hordofuuf waamicha

nama hundumaaf godha. Mul'ati waamicha Yesus isa "Hafuurichii fi misirrottiin, Kottu in jedhuun; nanmi kana dhaga'us, Kottu haa jedhu! " jedhuun goolaba (Mul.22:17).

Gooftaan keenya namoota jireenya barabaraa barbaadan hundi gara isaa akka dhufan barbaada. Kanaaf, inni nuyi warra ergaa fayyinaa fudhannee fi deebi'uu isaa hawwiidhaan eeggannu hundinuu warri kan biraan ergaa jaalala isaa akka fudhataniif waamicha akka isaaniif goonuuf nu hafeera. Inni dhufa isaa isa dhi'ootti ta'uuf addunyaa qopheessuuf ergama isaa keessatti ergaa isaa hiruuf nu erga. Ergama addunyaa keessatti Yesusii wajjin hirmaachuu irra kan caalu badhaasi kan biraan hin jiru. Karoora Kiristos isa guyyaa xumuraa keessatti isaa wajjin walii galuu irra caalaa wanti raaw-watamuu qabu kan biraan hin jiru.

*Kiristos dafee dhufaa? Yohannis kana waggoota 2000 fuula dura barreesse. Haala warra du'anii irratti hubannaan yoo nuuf kenname illee, deebi'ee dhufaan Kiristos akka dhuunfaa keenyatti erga dune booda battalatti kan inni ta'uuf maaliif? Dhugaan kun Kiristos dafee dhufuu isaa hubachuuf kan inni nu gargaaru attamitti?*

**KIBXATA**

**Fulbaana 15**

### **Ergaa Macaafa Mul'ataa Isa Yeroo Xumuraa**

Wiirtuun Macaafa Mul'ataa Mul'ata boqonnaa 14. Boqonnaan kun saba Waaqayyoo warra xumuraa seenaa addunyaa kanaa keessa jiraataniif baay'ee barbaachisaadha. Inni ergaa guyyaa xumuraa Waaqayyoo sanyii namaaf erge bakkeetti baasa. Ergaan yeroo xumuraa kun saba Waaqayyoo fi sanyii namaa hundumaaf barbaachisaadha.

***Mul.14:14-20 dubbisi. Deebi'ee dhufaa gooftaa keenyaa ibsuuf fakkeenya maaliitti dhimma ba'ame?***

---

---

Fakkeenyi sassaabbii midhaanii (makarri) guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti deebi'ee dhufaa Yesusiin ibsuuf dhimma itti ba'ame (Maat.13:37-43; Maar.4:29). Mul'ata 14 keessatti sassaabbiin midhaan bilchaatee furamuu qajeelotaa kan bakka bu'u yeroo ta'u, sassaabamuun wayinii bilchaatee irra darbee immoo badiisa jallootaa argisiisa. Mul.14:6-12 ergaa ariifachiisaa guyyaa xumura dhiirotaa fi durboota makara lafaa isa xumuraaf qopheessuuf ergame of keessaa qaba.

***Mul.14:6,7 dubbisi. Ergaan ijoo lakkoobsota kana lamaan keessatti argamu maal? Kun akka Adveentistii Guyyaa Torbaffaatti eenyuun akka taane hubachuuf attamitti nu gargaara?***

---

---

Ergaan ergamaa tokkoffaa inni Mul.14 keessaa dhaloota jaarraa 21ffaa jireenya isaanii keessatti kaayyoo dharra'aniif waamicha godha. Inni wangeela ayyaana Waaqayyoo isa nama hundumaaf dhiifama cubbuu kennu dhi'eessa. Inni yakka cubbuu hundumaa irraa nu qulqulleessa, warra mo'an ta'uufis humna nuuf kenna. Ergaan kun Kiristos waan nu uumee fi nu fureef akka nuyi gati-qaboota taanu nu taasisa. Guyyaa tokko murtii Waaqayyoo isa xumuraatiin yakki gara dhumaatti akka dhufu argisiisa. Inni oduu gammachiisaadha, sababni isaa jal'inni kan barabaraa akka hin taane mul'isa waan ta'eef.

Karaa addaa Adveentistoonni guyyaa torbaffaa biyya lafaa keessa akka eegduu fi baattuu ifaatti ka'amaniiru. Akeekkachiisi addunyaa

badaa jirtuu isaanitti kennameera. Ifti dinqisiisaan sagalee Waaqayyoo irraa ifu isaan irra jira. Hojiin murteessaan labsiin ergaa ergamaa tokkoffaa, kan lammaffaa fi sadaffaa isaanitti kennameera. Hojiin barbaachisaan kana irra caalu hin jiru. Wanti kan biraan xiyyeefannoo isaanii akka harkisuuf heyyamuu hin qaban.” Ellen. G. White, Evangelism, pp. 119,120.

***Barbaachisummaa isaa isa dhuunfaa irra caalaa akka waldaatti sagalee kana attamitti onnee keenyatti fudhachuu dandeenya?***

**ROOBII**

**Fulbaana 16**

### **Ergaa Waaqayyoo Guutummaatti Hubachuu**

Ergaan mul'taa inni guyyaa xumuraa ayyaana Yesus isa fayyisuu nama hundumaaf guutummaatti dhi'eessa (Mul.14:6). Inni Waaqayyoon akka “sodaannuu” yookiin waan inni abboome hundumaatti akka isa kabanyuu fi ifa firdii Waaqayyoo keessatti seera isaatiif akka abboomamnuuf waamicha nuuf godha (Mul.14:7). “Waaqayyoon sodaachuun” akkaataa itti yaadnuu wajjin wal qabata. Inni Waaqayyoon gammachiisuu fi yaada keenya hundumaa keessatti isa dura akka taasifnuuf waamicha godha. Gara jireenya Waaqayyoon fakkaatu jiraachuutti kan nu geessu ilaalcha abboomamuuti (Fakk.3:7; H/Erg.9:31; 1Phex.2:17). Ergaan kun akka “Waaqayyooof ulfina” kenninuuf nu afeera. Waaqayyooof ulfina kennuun jireenya keenya hundumaa keessatti waan goonu hundumaa wajjin wal qabata.

***Lall.12:13, 14 fi 1 Qor.6:19,20 dubbisi. Heertuuwwan kun Waaqayyoon sodaachuu fi isaaf ulfina kennuu jechuun maal jechuu akka ta'e hubachuuf attamitti nu gargaara.***

Bara itti gaafatamummaan amilee hin jirre, bara namoonni miliyoonatti lakka'aman waa'ee mataa isaanii malee itti gaafatamni kan biraan tokko illee itti hin dhaga'amnetti ergaan yeroo firdii kun gochaa keenyaaf itti gaafatamoo akka taane nu yaadachiisa.

Abboomamuun firrii hariiroo fayyisuu Yesus. Qajeelummaan isaa qofti firdii jala nu dabarsuuf ga'aadha, wabiin keenyas qajeelummaa isaa keessa qofa jira. Karaa qajeelummaa isaa qofa waan goonu hundumaa keessatti ulfina maqaa isaaf jiraachuu dandeenya.

***Mul.14:7, 11; Uum.2:1-3 fi Ba'uu 20:8-11 dubbisi. Bu'uurri Waaqefannaa Waaqa dhugaa maal, sanbatni attamitti hubannaa kana calaqisa?***

---

---

---

Seexanni sanbata haleele, sababni isaa inni onnee waaqefannaa ta'uu isaa beeka waan ta'eef. Inni Kiristosiin akka uumaatti ol ol qaba, dhiironnii fi durboonni hundinuu bakka hundumaatti “waaqaa fi lafa isa uumeef akka sagadaniif” waamicha godha (Mul.14:7). Inni bara guddina tirannaa (evolution) keessa akka ta'utti dubbata. Inni Yesus isa nu uumee fi isa eenyummaa keenya isa dhugaa isa nuuf kennuuf akka sagannuuf waamicha nuuf godha.

***Sanbatni waaqefannaan keenya isa qofaaf kan malu ta'uu isaa fi Waaqayyo uumaa keenya ta'uu isaa nu yaadachiisuuf barbaachisaa ta'uu isaa yaadi. Hundumaa irra caalaa abboomii Waaqayyo abboome keessaa, turban hundumaa akka uumaa keenyatti isa yaadachuuf kan nu gargaaru barsiisi barbaachisaan kan biraan maaltu jira?***

KAMISA

Fulbaana 17

**Waamicha Waaqayyoo Isa Xumuraa**

***Mul.14:8;17:3-6 fi Mul.18:1-4 dubbisi. Heertuu kana irraa waa'ee Baabiloon hafuuraa maal barra?***

---

---

Macaafa Mul'ataa keessatti jechi “Baabiloon” jedhu sirna amantii sobaa isa hojii namaa, aadaa nam-tolchee fi barsiisa sobaa irratti bundaa'e bakka bu'a. Inni Yesusii fi jireenya isaa isa cubbuu hin qabne irra caalchisee ilmaan namootaa fi qajeelummaa mataa isaanii ol ol qaba. Inni abboommii barsiisota amantii abboommii Waaqayyoo irra caalchisee ilaala. Baabiloon wiirtuu waaqa tolfamaa, waaqefannaa ija aduu fi barsiisa amantii lubbuun hin duutu jedhuuti. Sirni amantii sobaa kun shaakala amantii Baabiloon bara durii baay'ee isaa waaqefannaa ofii isaatii keessatti fudhatee jira. Ergaan guyyaa xumuraa Waaqayyoo pilaanetii keenya ishee du'aa jirtuuf qabu ergaa Yesusii fi qajeelummaa isaati. Inni waamicha Waaqayyoo isa “Kufteetti, Baabiloon guddittiin kufteetti... Yaa saba ko!, kottaa, ishee keessaa ba'aa!” jedhu irra deebi'ee dubbata (Mul.18:2,4). Waldaan Adventistii Guyyaa Torbaffaa ergaa Kiristosiin guutummaatti akka ol qabuuf Waaqayyoo hafuuraan kaase. Yesusiin ol qabuun waan inni barsiise hundumaa ol qabuudha. Isa “dhugaa, karaa fi jireenya” (Yoh.14:6) ta'e sana labsuudha. Dogoggora Baabiloon isa faallaa dhugaa Yesu ta'e saaxiluudha.

***Mul.14:7,9-11dubbisi. Heertuu kana keessatti wantoonni waaqefaman kan biraan maalfaa caqafame?***

---

---



Mul'ati 14 waaqefannaa garagaraa lama, waaqefannaa uumaa fi waaqefannaa bineensichaa ibsa. Waaqefannaan kun lamaan guyyaa waaqefannaa isa kan Waaqayyoo, sanbata dhugaa fi sanbata fakteessaa wiirtuu godhata. Sanbatni boqonnaa, abdiif wabii nuyi Kiristos isa uumaa, fayyisaa fi mootii isa dhufu irratti qabnu bakka bu'a. Guyyaan inni fakkeessaan immoo bakka bu'iinsa sabaa isa yaada namaa fi labsii nam-tolchee irratti hundaa'e bakka bu'a.

***Mul.14:12 dubbisi. Heeruun kun waa'ee wanta dursee kennamee ilaalchisee maal jedha? Heertuu kana keessatti seerrii fi ayyaanni ni attamitti mul'atu, wangeela keessatti seerrii fi ayyaanni kan gargar hin bane ta'uu isaa kun maal nu barsiisa?***

## JIMAATA

## Fulbaana 18

***Yaada Dabalataa:*** Waaqayyoo akkuma Israa'el durii waame, har'as waldaan isaa jfa biyya lafaa akka taatuuf waame. Ergaa jabaa, ergaa tokkoffaa, lammaffaa fi sadaffaa tiin waldoota kan biro fi biyya lafaattii adda baasee ofii isaatti isaan dhi'eesse. Kuusaa seera isaatii isaan yaasisuudhaan raajii yeroo kanaa isa ta'e dhugaa isaa isa guddaa isaanitti kenne. Akkuma dubbii isaa isa qulqulluu Israa'elitti kenne ture, kunis amaanaa qulqulla'aa biyyaa lafaaf kennamuu qabuudha.

“Ergamoonni sadan Mul.14 keessaa saba ifa ergaa Waaqayyoo fudhatanii akka bakka bu'oota isaatti bal'innaa fi dheerina lafaa kana irratti akeekkachiisa kennuuf adeeman bakka bu'a. Kiristos hordoftoota isaatiin “isin ifa biyya lafaati” isaaniin jedhe (Maat.5:14). Lubbuu Yesusiin fudhatte hundumaatti fannoon Qaraaniyyoo 'gatii lubbuu ilaalaa. “Gara biyya lafaa hundumaa dh-aqaa, uumama hundumaatti wangeela lallabaa” jedha (Maar.16:15). Wanti kam illee hojii kana duubatti akka harkisuuf heyyamamuufii hin qabu. Kun hojii kam irra caalaa bara keenyaaf barbaachisaad-

ha; inni bu'aan isaa kan barabaraati. Jaalalli Yesus lubbuu namootaa furuuf aarsaa guddaatiin argisiise hordoftoota isaa hundumaa qabachuu qaba.

“Kiristos nama isaaf of kennee hundumaa gammachuudhaan simata. Inni namoonni dhoksa jaalalaa isa foon uffatee biyya lafaatti akka mul'isaniif gara Waaqayyootti isaan dhi'eessa. Waa'ee isaa dubbadhaa, waa'ee isaaf kadhadaa, isa farfadaa, ergaa dhugaa isaatiin biyya lafaa guutaa, biyyoota lag agama jiraniin ga'uuf fuula duratti dhiibaa.” Ellen G. White, Counsels for the Church, pp. 58, 59.

### Gaaffilee Maree:

*1. Ergaan ergamoota sadanii Mul'ata 14 keessa jiru eenyummaa waldaa Adventistii Guyyaa Torbaffaa attamitti adda baasa?*

*2. Waa'ee sanbataa fi fayyidaa wantoota inni bakka bu'uu itti yaadi. Akka uumaa fi fayyisaatti isa yaadachuuf jireenya keenya keessatti torba keessaa tokko akka adda baafnuuf Waaqayyo nu abbootumun isaa barbaachisaa akka ta'e ergaa torbana kanaa keessatti ilaale turre. Waaqefannaaf gara tulluu qulqulla'aa yookiin magaalaa qulqulluu dhaquu nu hin barbaachisu. Naannoo mudhii lafaatti turban hindumaa sanbatni sa'atii tokkotti ariitii maayilii miliyoonatti lakka'amuun gara keenyatti dhi'aata. Dhugaan kun barbaachisummaa guyyaa fi wanta inni nu argisiisu hubachuuf attamitti nu gargaara?*

*3. Yaada kufaatii Baabiloon yookiin qabiyyee milikkita bineensichaa karaa nama hawwatuun attamitti ibsuu dandeenya? Yoo muyi hamma nuuf danda'ame dhamane illee namoonni muraasi gufachuu danda'u ta'a, dhugaa kana dhi'eessuu keessatti karaa kamiin nama gufachiisuu dandeenya?*

## Ejjennoo Amantii

SANBATA WAAREE BOODA

*Qu'annoo Torban Kanaaf Dubbisi:* Fili.2:5-11; Maat.4:18-20; H/ Erg.9:3-6,10-20; Yoh.21:15-19; 1 Yoh. 3:16-18.

**Heertuu Yaadannoo: Yaaqa garaa isa Kristos Yesus qaba ture qabaadhaa! Inni bifa waaqayyummaatiin utuma jiruu,ulfina waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu wanta qabataniitti hafanitti hin lakkoofne.Inni ulfina sana gad dhiisee, akka waan, waan tokkotti hin galle of godhe;bifa garbummaa in fudhate; fakkaattii namummaatiin in dhalate, waan hundumaanis nama ta'ee argame'** (Fili. 2:5-7).

**U**lfina samii, ergamootaan waaqefamuu fi tokkummaa abbaa isaa wajjin qabu dhiisuun aarsaa tilmaamamuu hin dandeenyeedha. Yesus amala jaalalaa kan abbaa isaatii mul'isuuf, jaalala ilmaan namootaa gara ofii isaatti deebisuu fi sanyii namaa hundumaa furuuf jecha gara addunyaa dhiphinaa fi du'aan guuttee dhufe. “Hanga warri furaman isa isaan furee wajjin fuula teessoo Waaqayyoo dura dhaabbatanitti gatiin nuyi ittiin furamne hubatamuu hin danda’u. Akkuma ulfinni mana barabaraa miira keenya isa gammadee jiru irratti banameen Yesus dhaaddacha samii duraa ba’ee garbummaatti dhufuu qofaaf utuu hin tane, garuu nuuf jedhee kana hundumaa dhiisuudhaan rakkina kufaatii irraa dhufee fi badiisa barabaraa mataa isaatti fudhachuu isaa yaadanna. Kana booda gonfoo keenya miilla isaa jalatti gatuudhaan farfannaa “Hoolichi inni qalame aangoo, badhaadhummaa, ogum-

maa, humna, ulfina, guddina, hooqubaa fudhachuuf kan malee dha” nnee faarfannaa (Mul.5:12)” Ellen G. White, The Desire of Ages, P. 131.

Aarsaan Yesus fayyina keenyaaf godhe kan hin tilmaamamneedha. Geggeessaa isaatiif yeroo deebii kenninu, ajaja isaa yeroo fudhanuu fi namoota badan bira geenyee mootummaa isaa keessatti sassaabuuf yeroo isaa wajjin walii gallu kun aarsaadhaaf waamicha nuuf godha. Aarsaan keenya karaa kamiin illee taanaan kan isaatiin madaalamuu kan hin dandeenye yoo ta'e illee amantiidhaan yeroo tarkaanfannu tajaajilli lubbuu fayyisuu kan keenya. Inni bakka mijataa keessaa gara galaan hin qorataminiitti (kaartaan isaa kan hin beekamne) nu geessa. Yeroo sana gooftaan aarsaadhaaf nu waama, garuu gammachuun inni nuuf kennu isa irra caala.

## DILBATA

## Fulbaana 20

### Jaalala Yesus isa Ofii Isaa Aarsaa Godhe

Ergamaan Phaawulos akka nuyi yaadni garaa inni kan Kiristos nu keessa akka buluuf akka “heyyamnuuf” nu jajjabeessa. Kun gara gaaffii yaada namaa hawwatutti geessa. Yaadni garaa inni kan Kiristos maal fakkaata? Yaada isaa to'atee kan ture maal ture? Yaadni isaa maal ture?

***Fili.2: 5-11 dubbisi. Heertuun kun yaada garaa isa Kiristos keessa turee fi fakkeenya jireenya isaa guutummaa to'ate attamitti mul'isa?***

---

---

---

Baraabaraa jalqabee Yesus Waaqayyoon qixxee ture. Phaawulos dhugaa barabaraa kana jechoota armaan gadiitiin ibsa, “Inni bifa

waaqayyummaatiin utuma jiruu, ulfina waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu wanta qabatanii itti hafanitti hin lakkoofne” (Fili. 2:6). Jechi “bifa” jedhu afaan Giriikiitiin morphe jedhama. Kana jechuun bu’uura wantootaati. Kun wantoota gatii wal qixaa qaban lama walitti hidha. The SDA Bible Commentariin akkasitti ka’aa: “kun Kiristosiin Abbaa wajjin bakka wal qixxee irra ka’aa, humna kan biraa gararraas isa teessisaa. Phaawulos gadi fageenyaa gadi of deebisuu Kiristosiin ibsuuf jecha kana irratti xiyyeefata.” Volume 7, p. 154. Ellen G. Waayit uumama isaa isa barabaraa yeroo dubbattu “Jireenyi Kiristos keessaa isa jalqabaati (original), kan hin ergifatamne, kan biraa irraas kan hin fudhatamneedha” jetti. The Desire of Ages, p. 530.

Yesus inni barabaraa jalqabee Waaqayyoo wajjin wal qixxee ture “Waaqayyoon of qixxeessuuf saamichatti hin lakkoofne.” Kun afaan Giriikiitiin ibsa namatti toluudha. Jecha irra keessaatiin yeroo hiikamu “duwwaa” of godhe jechuudha. Yesus fedha isaatiin “ofii isaa duwwaa” of godhee akka namaatti gadi of deebisee bifa garbaa fudhate. Akka garbaatti seera jaalalaa isa samii addunyaa maratiti mul’ise, hojii jaalalaas fannoo irratti argisiise. Barabaraan nu fayyisuuf jedhee lubbuu isaa dabarsee kenne. Bu’uurri yaada Yesus jaalala ofii isaa aarsaa godhe ture. Yesusiin hordofuu jechuun akka inni jaalatetti jaallachuu, akka inni tajaajiletti tajaajiluu fi akka inni hojjetetti hojjechuudha. Yesus karaa Hafuura Qulqulluu fedhii mataa keenyaattii duwwaa akka nu godhuuf heyyamuun waa nu kaffalchiisa (nu baasisa). Inni Yesusiin waan hundumaa kaffalchiise. Garuu Macaafni Qulqulluun waa’ee Yesusiin “Kanaafis Waaqayyo waan hundumaa irra caalchisee guddaa ol isa qabe; maqaa isa maqaa kam irra iyyuu caalu kenneeraaf” jedha (Fili.2:9).

Aarsaa nuyi lafa irratti gone kamiin illee samiin gatii itti kenna. Karicha irra aarsaan jiraachuu mala, garuu gammachuun tajaajila

inni har'aa isa irra in caala, gammachuun barabaraa inni Kiristosii wajjin barabaraan jiraachuu irraa argamu immoo aarsaa nuyi asitti goonu kamiin illee wayitti kan hin lakka'amne taasisa.

***Maqaa Kiristosiiif jettee dhugaadhumatti mataa keettii kan ati isa xumuraa duute yoom ture? Waa'ee adeemsa kiristiyaanummaa keetii deebiin kee maal jedha?***

**WIIXATA**

**Fulbaana 21**

### **Waamicha Of Kennuu**

Pheexrosii fi Yohannis akka taatetti ofii kee yaadi. Ganama obboroo Galiilaa ishee miidhagduutti biiftuu ba'uudhaan qorra halkanii ari'aa jirti. Yaadni kee waan tokko irra jira: Qurxummii baay'ee qabuu. Haalli qurxummii qabuu yeroo sanaa gaarii ta'ee, guyyaa kan biraas qurxummii danuu akka qabattu yaadaa jirta. Kana booda obboroo ganamaa Yesus namni Naazireeti gara keetti utuu dhi'aatuu argita. Yeroo gabaabaa keessatti guutummaan jireenya keetii akka jijjiiramu beektaa? Kana booda tasa akka kanaan duraa hin taatu.

***Maat.4:18-20 dubbisi. Pheexrosii fi Yohannis Kiristosiin hordofuuf maaliif of kennuu akkasii godhan jettee yaadda? Yesus qurxummii qabuu irra kan caalu maaliif gara kaayyoo guddaatti akka isaan waame heertuun kun maal mul'isa?***

---

---

---

Namoonni kun yoo isaaf of hin kennine ta'e illee waggaa tokko irra kan caaluuf waa'ee Yesus waan beekan akka isaan qaban wangeela Yohannis irraa hin barra. Waa'een amala waaqummaa Kiristos, waa'een bifa isaa, sagaleen isaa fi gochaan isaa inni qurxummii qabduu Galiilaa kanatti waamicha hafuuraa waamamuu isaanii ar-

gisiisu jiraachuu qaba. Sababni isaan bidiruu isaanii, hojii isaanii fi naannoo isaanii isa itti baran dhiisanii isa hordofaniif kaayyoo olaanaatiif waamamuun isaanii waan isaanitti dhaga'ameefi. Qurxummii qabduun kun kaayyoo guddaatiif akka waamaman hubatan. Har'a Waaqayyo ogummaa kee akka ati dhiiftuuf si hin waamu ta'a, garuu kaayyoo guddaatiif si waama, inni immoo jaalala isaa hiruu fi ulfina maqaa isaatiif dhugaa isaa dhugaa ba'uuf.

***Waamicha Maatiwoos isa qaraxxuu isa Maat.9:9 ilaali.Heertuu kana keessatti waan addaa maal argita?***

---

---

---

Addunyaa Roomaa keessatti qaraxxuun aangoo isaaniitti fayyadamanii saba sadarkaa gadii irra jiru hacuucuudhaan humnaan caalchisaanii nama irraa fuudhu. Isaan Israa'el guutummaa keessatti hundumaa irra caalaa namoota jibbamoo fi tufatamoodha. Waamichi Kiristos inni “na duukaa bu'i” jedhu Maatiwoos Yesusiin dhaga'ee isa hirdofuuf hawwu isaa argisiisa. Yeroo waamichi gara isaa dhufe inni qophaa'era. Kiristos isa simatee bartoota keessaa tokko akka ta'uuf afeeruun isaa isa dinqifachiisee ture.

Onnee hunduma keenyaa isa gadi fagoo keessa jireenya keessatti waan wayyu hawwuun jira. Waan gatii qabuuf, waan guddaaf, kaayyoo olaanaaf jiraachuu in barbaanna. Kanaaf, akkuma Maatiwoosiin akka isa duukaa buunuuf Kiristos nu waama.

***Namoonni Yesusiin hordofuuf maal dhiisuu akka qaban yaadi. Gara xumuraatti kun gatii kan inni qabuuf maaliif?***

**KIBXATA**

**Fulbaana 22**

**Phaawuloos: Qodaa (Meeshaa) Waaqayyoo isa Fo'amaa**

Phaawulos Kiristosiin yeroo fudhate jireenyi isaa guutummaatti jijjiirame. Kiristos guutummaadhummatti fuul duree haaraa isaaf kenne. Inni bakka mijataa inni keessa jiraatu keessaa fuudhee gara shaakala inni yaadee hin beekneetti isa geggeesse. Ergamaan Phaawulos karaa Hafuura Qulqulluu naannoo galaana Adiriyaatti (Mediterranean) namoota kumaatamatti sagalee Waaqayyoo lallabe. Dhuga ba'umsi isaa seenaa kiristiyaanummaa fi biyyaa lafaa jijjiire.

***H/Erg. 9:3-6, 10-20 dubbisi. Heertuun kun Yesus jireenya Phaawulosiif karoora hafuura qabaachuu attamitti mul'isa?***

---

Yesus yeroo baay'ee kaadhimamtoota hin jaallatamne maqaa isaatiif akka dhugaa ba'aniif filata. Waa'ee namoota seexanaan qabamanii turanii, dubartii Samaariyaa, dubartii ishee ejjituu (sephartuu), qaraxoota, qurxummii qabduu Galiilaa fi waa'ee namicha isa cimsee kiristiyaanota ari'achaa turee yaadi. Isaan kun hundinuu ayyaanaan fayyanii seenaa Yesus jireenya isaanii keessatti godhe himuuf onnee isaanii keessatti gammadaa adeeman. Hundumti isaanii seenaa kana himuuf hin dadhabne. Waan Kiristos isaaniif godhe hiruudhaaf wantoota dinqisiisodha. Callisuu hin dandeenye.

***H/Erg. 28:28-31 fi 2 Xim. 4:5-8 wal biraa qabii ilaali. Phaawulos tajaajila lubbuu fayyisuu keessatti guutummaa jireenya isaatii Kiristosii kennuu irraa duubatti akka hin deebine heertuun kun maal nu argisiisa?***

---

---



Phaawulos xumura jireenya isaatti yeroo mana hidhaa Roomaa keessa ture akkas jedhe “Eгаа fayyisuun Waaqayyoo kun, warra saba isaa hin ta’iniif akka darbe beekaa; isaan immoo in dhaga’u jedhe” (H/Erg.28:28). Akka barreefamni jedhutti namoota isa quunnaman simachaa sagalee Waaqayyoos isaanitti lallabaa ture (H/Erg.28:30,31). Xumura jireenya isaatti Ximootewos hojii wangeelaa akka hojjetuuf jajjabeesse, waa’ee ofii isaati immoo “Wal’aansoo isa gaarii sanas dhaabadhee qabeera; dorgomee koos raawwadheera, amantiis eegeera” jedhe (2Xim.4:7).

Waamichi keenya akka kan phaawulosiin haala diraamaatiin yoo ta’uu dhaa baate illee hundumtii keenya hojii addunyaa jijjiiruu keessatti akka hirmaannuuf waaqayyo waamicha nuuf gochaa jira. Waggootaaf rakkinni isa mudachaa turuun isaa beekamaa yoo ta’ee illee (2Qor.11:25-30), Phaawulos waamicha gooftaaf amanamaa ture. Seenaan nama duraan hordoftoota Yesus ari’ataa turee amma immoo nama dhiibbaa uumsuu danda’uu fi amantii kiristiyaanaa deggeruu kun gooftaan karaa namoota hojii goftaaf of kennanii maal hojjechuu akka danda’u dhuga ba’umsa jabaadha.

*Waaqayyo maal akka hojjetuuf si waame? Isa hojjechaa jirtaa?*

**ROOBII**

**Waxabajji 24**

### **Gaaffiiwwan Jaalalaa**

Yeroo hundumaa jalaalli hojiidhaan ofii isaa mul’isa. Jaalalli nuyi Kiristosiif qabnu namoota badaniif waa akka goonuuf nu dirqisiisa. Phaawulos waldaa Qorontosiin “jaalalli Kiristos nu qabeera” (2Qor.5:14) jedhee yeroo dubbate kana ibsuu isaati. Kiristiyaanumaan jalqaba fayyuu akka dandeenyuuf waan gadhee dhiisuu miti. Yesus fayyuu akka danda’utti samii keessatti waan gadhee hin dhiifne. Inni warri kan biroon fayyuu akka danda’aniif wantoota gaggaarii dhiise. Yesus jireenya keenya isaaf akka kenninuuf

nu afeere malee. yeroo, makiliitii, fi qabeenya keenya qofa hojii isaatiif akka kenninuuf nu hin afeerre.

Qarqara galaana Galiilaatti ganama bartoota yeroo walitti qabe Yesus gaaffii jaalalaa isaaniif dhi'eesse.

***Yoh.21:15-19 dubbisi. Yesus Pheexrosiin gaaffii sadii maal gaafate, deebii Pheexrosis maal ture? Yesus gaaffii addaa kana maaliif si'a sadii gaafate?***

---

---

---

Pheexros gooftaa isaa si'a sadii gane, Yesusis afaan Pheexros kees-saa deebii jaalalaa baase. Yesus bakka bartoonni jiranitti cubbuun isaa jaalala Waaqayyootiin dhiifamuu isaa fi Yesus hojii isaa kees-satti waan isaaf hojjetu akka qabu ofitti amantaa Pheexrosiin ijaare.

***Yoh.21:15-19 dubbisi. Yesus yeroo kana addumaan jaalala Pheexros Kiristiif qabuuf deebii kenne. Deebii kana keessatti Yesus maal itti hime?***

---

---

---

Jaalalli Waaqayyoo si'aawaa dha malee du'aa miti. Jaalalli dhugaa miira ho'aa fi yaada gaarii irra caala. Inni of kennuu gaafata. Jaalalli hojjechuuf nu dirqisiisa. Inni ijoollee Waaqayyoo warra addunyaa bade keessa jiran bira ga'uutti nu geessa. Yeroo Yesus Pheexrosiin "ilmoolee koo tiksi" jedhe kun ajajaa fi jajjabina mirkaneessa. Yeroo Yesus qabamee ture gochaan Pheexros leyyaasisaa yoo ta'e illee, Pheexrosis Yesusiin beekuu isaa ganuu qofa utuu hin taane akkuma Kiristos itti dubbatee ture ofii isaa yoo abaare illee barsi-

isaan deebii jaalalaatiif waamicha godhe, inni Pheexrosiif hojii inni hojjetu amma illee akka jiru jajjabeesse.

Atis gooftaa dhiifteetta ta'a. Gochaa keetiin yeroo tokko irra caalaa isa ganteetta ta'a. Oduun gammachiisaan amma illee ayyaanni jiraachuu isaati, Waaqayyo amma illee waa'ee kee hin xumurre. Yoo fedha qabaatte amma illee hojii isaa keessatti iddoo qabda.

***Akka Pheexrosiin gooftaa "ganteettaa"? Yoo akkas ta'e seenaan pheexros Yesusiin gane utuu hin taane sagalee Yesus Pheexrositti dubbate sitti maal hima?***

**KAMISA**

**Fulbaana 24**

### **Of Kennuu Jaalalaa**

Xumura dubbii Pheexrosii fi Yesus gidduutti ta'e keessatti namoonni lama utuu cirracha galaana qarqaraa irra utuu adeemanii argina. Yeroo dambaliin galaanaa ka'e gara qarqaraatti dhufe keessatti Yesus gatii bartummaan kaffalchiisu Pheexrositti dubbate. Inni yoo waamicha "hoolotaa koo eeguu" yoo fudhate maal akka Pheexrosiin quunnamu akka inni baru barbaade.

***Yoh.21"18-19 dubbisi. Waa'ee gatii bartummaa (bartummaan kan inni nama kaffalchiisu) ilaalchisee Yesus Pheexrositti maal dubbate? Jalqaba jireenya isaatii keessatti Yesus Pheexrositti waa kan inni mul'iseef maaliif jettee yaadda?***

---

---

---

Jechoota kana keessatti kitimama (martyrdom) guyyaa tokko Pheexrosiin mudachuuf jiru Kiristos dubbate. Harki isaa fannoo irratti diriirfamuuf jira. Mul'ata kana keessatti Kiristos Pheexrosiif filannoo kenne. Inni gammachuu jireenyaa isaaf kenne: innis lub-

buun mootummaa Waaqayyootiif booji'amanii arguudha. Guyyaa Phenxeqosxee kumaatamatti kan lakkaa'aman gara Kiristos utuu dhufanii arguuf jira. Inni kumaatama duratti maqaa Yesusiin dinqii hojjechuu fi isa ulfeessuuf jira. Ergama isaa keessatti Kiristosii wajjin tokko ta'uudhaan gammachuu barabaraa qabaachuuf jira.

Garuu, carraan kun gatii nama baasisa. Inni aarsaa nama gaafata, aarsaa xumuraa. Pheexros ija isaa bane kanaaf akka of kennuuf gaafatame. Amma ergama Yesus biyya lafaaf qabu keessatti isaa wajjin ta'uun Pheexrosiif aarsaa guddaa akka hin taane bareera.

***1Yoh.3:16-18 dubbisi. Akka yaada qabatamaa hin taaneetti jaal-lachuu keessatti filannoon Yohannis maal ture? Aarsaa jaalalaa isa xumuraa Yohannis attamittiin ibsa?***

---

---

Jireenya barabaraa keessatti wanta nuyi qabnu hundumaa kees-saa aarsaadhaan kan qixxaatu hin jiru. Yeroo fi dhamaasuun nuyi goonu, baasiin jireenya keenyaa hundumtuu badhaasa guddaa nu argachiisa. Jaalala hojiidhaan argisiisuun, karoora of kennu-utti jijjiiruun attam gammachuudha. Waan tokko duubatti utuu hin hambifatin jaalala Waaqayyootiif deebii kennuudhaan bakka bu'oota Kiristos taanee namoota birootti dhugaa ba'uudhaaf yeroo adeemnu kaayyoo jireenya keenyaa fiixaan baafna, gammachuu jireenyaa isa guddaa shaakkallas. "Kana erga beektanii, akkuma kanaatti yoo hojjetan kan ayyaanomtani dha" (Yoh.13:17) jedhe Yesus. Gammachuun jireenyaa inni guddaa fi inni dhuma hin qabne kan inni dhufu yeroo nuyi akkaataa jireenya keenyaatiin Waaqayyoon ulfeesinuuf fi biyya lafaatiif jaalalaa fi dhugaa isaa hiruudhaan hiikkaa jiraachuu keenyaa fiixaan baafnuudha.

*Yeroo ishee xiqqoo beeknu keessa taanee yaada waa'ee baroota lakkoobsa hin qabnee beekuun in cima. Garuu, waa'ee jireenya barabaraa isa gaarii- isa wanti nuyi asitti qabnu hundinuu ittiin qixxaachuu hin dandeenye, yeroo gabaabduu ammaa keessatti abdi jireenya barabaraa karaa Yesusiin qabnu dhabuun gatii hammamii akka nama baasisu yaadi.*

## JIMAATA

## Fulbaana 25

*Yaada Dabalataa:* Warri waldaa irratti ija hafuura qaban karaa ittiin miseensa waldaa hundumaaf carraa hojii Waaqayyoo keessatti ga'ee fudhachuudhaan hojjechuun danda'amuu qopheessuu qabu. Baroota darban keessatti kun irratti hin hojjetamne. Maki-liitiin nama hundumaa dammaqee hojii irra akka ooluuf karoori ifa ta'e hin ka'amne. Garuu sababa kanaaf kan badan baay'ee akka ta'an kan hubatan muraasa.

“Geggeesitoonni hojii Waaqayyoo akka ancibiraala ogeessaattii toora keessa adeemuuf itti fufanii karoorsuu qabu. Karoora isaanii keessatti hojii hojjetoota fedhaatiin michootaa fi ollootaa isaaniif hojjetamuu danda'u baruuf qorannaa addaa taasisuu qabu. Hamma dhiironnii fi durboonni miseensa waldaa ta'an hojicha keessa hiriiraniif fi yaalii isaanii tajaajiltootaa fi bulchitoota waldaa kiristiyanaa wajjin tokko taasisaanitti hojiin Waaqayyoo lafa kana irra jiru hin xumuramu.

“Fayyinni cubbamootaa dhamaasuu guddaa fi hojii yaalii dhuunfaa gaafata. Sagalee jireenyaa isaaniif geessuu qabna malee gara keenya akka dhufaniif eegu hin qabnu. Ani dhiirotaa fi durbootatti sagalee hojiif isaan dammaqsu dubbachuu nan danda'a. Yeroon amma nuuf kennamee jiru muraasa. Amma nuyi daangaa addunyaa barabaraa irra dhaabbannee jirra. Yeroo balleesinu hin qabnu. Mataa keenya qofa tajaajiluuf tokkoon tokkoon yeroo nuyi qabnuu warqee dhaa

fi gati jabeessa. Dirree ergamaa keessatti hojjetaa amanamaa ta'uuf isa biraa jabinaa fi ayyaana argachuuf Waaqayyoon kutannoodhaan kan barbaadu eenyu?

“Waldaa hundumaa keessa yoo sirriitti ittiin hojjetame hojii kana keessatti gargaarsa guddaa kan ta’u makiliitiin jira. Amma waldaa keenya ijaaruuf kan barbaachisu hojjetoota gaggaarii ogummaa qaban, makiliitota waldaa keessa jiran hojii gooftaaf adda baasuu, leenjisu fi guddisuu kan danda’aniidha.” Ellen G. White, Testimonies for the Church, vol. 9, pp. 116, 117.

### **Gaaffilee Maree:**

*1. Heertuu Ellen G. Whaayit armaan olii keessatti yaadni ijoo maaliidha? Dhuga baatii dhuunfaa fi waldaan baatee hojjechuu keessatti kun dhiibbaa maalii geesisa?*

*2. Jaalalli dhugaan yeroo baay’ee attamitti mul’ata? Jaalalli fakkeessaan wanti xiqqoon inni ittiin jaalala dhugaa wajjin wal fakkaatu maal?*

*3. Lubbuu dhabuu dabalatee aarsaa namoonni gooftaaf godhan irratti gareedhaan mari’adhaa. Seenaa kana irraa maal barte?*

*4. Gaaffii xumura barumsa guyyaa dilbataa irra jiru isa Kiristosiif maal aarsaa goote jedhuuf deebii isaa itti yaadi. Dhugaadhumatti maal aarsaa goote? Maaliif goote? Gatii maalii qabas? Wanta ati gootee fi maaliif akka goote nama kiristiyaana hin ta’iniif attamitti ibsuu dandeessa?*